BARNOOTA HAWAASAA

KITAABA BARATAA

KUTAA 8

Qopheessitoota: Abrahaam Tasammaa (BA)
Warqinaa Toluu (MA)
Gulaalaa: Wandimmuu Tarrafaa (MA)
Madaaltota: Dirribaa Bayyanaa (BA)
Fiqaaduu Kabbadaa (MA)
Habiib Galgaluu (BA)
Imaanu'eel Horaa (BA)

Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

UBSPD®
UBS Publishers' Distributors

Maxxansaan

© Mirgi maxxansa guutumaa guututti seeraan eegamaadha. Guutuu yookiin qaama maxxansa kanaa, haalaa fi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektiroonikaan, footookooppiidhaa fi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee, haala birootti dabarfamuu hin danda'u.

Jalqaba bara 2011 maxxanfame

ISBN: 978-99944-2-134-3

Dhaabbata Maxxanse: UBS Publishers, Distributors Pvt. Ltd. India.

BAAFATA

QABIYYEE		FUULA
Boqonnaa 1:	Addunyaa Irra Jiraannu	1
	1.1. Ardiilee	1
	1.2. Ummata Addunyaa	9
	1.3. Faca'iinsa Ummataa fi Haala Jireenyaa	16
	1.4. Warraaqsa Industirii fi Jijjiirama Inni Fide	23
Boqonnaa 2:	Humnoota Fuula Lafaa Jijjiiran	36
	2.1. Humnoota Fuula Lafaa fi Dhiibbaa Isaan Jireenya Namaa Irratti Fidan	36
	2.2. Humnoota Keessa Lafaa fi Dhiibbaa Jireenya Namaa Irratti Fidan	39
	2.3. Fageenyaa fi Baldhina Lafaa Kaartaa Irraa Shallaguu	43
Boqonnaa 3:	Dhiibbaa Dhalli Namaa Sirna Ikkoo Irraan Gahu	48
	3.1. Hariiroo Sochii Dhala Namaa fi Qabeenya Uumamaa	48
	3.2. Sababbanii fi Dhiibbaawwan Oo'iinsa Lafaa	54
Boqonnaa 4:	Ajandaa Ummataa	60
	4.1. Dhimmoota Ummataan Walqabatan	60
	4.2. Mirgoota Namummaa fi Nageenya	68
	4.3. Sagantaawwan Walta'iinsaa	72

Boqonnaa 1

Addunyaa Irra Jiraannu

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Barnoota boqonnaa kanaa erga barattee xumurtee booda:

- Argamaa fi danaawwan ardiiwwanii, akkasumas afaanota gurguddoo addunyaa ni himta.
- Qaroomman addunyaa durii ni dinqisiifatta.
- Naannoowwan addunyaa ummanni haphinaa fi heddumminaan irra qubatee fi sababa qubannaan kun garaagar ta'eef addaan ni baafata.
- Dhiibbaa Warraaqsi Industirii fide ni himta.
- Seenaa qabsoo ummanni Afrikaa sirna kolonii irratti adeemsise ni qalbeeffatta.
- Yaadawwan haaraa argamanii fi maal akka isaan ta'an ni himta.

1.1. ARDIILEE

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa erga barattee xumurtee booda:

- Ardiiwwan addunyaa torban addaan baafattee kaartaa isaanii dabtara kee irratti ni garagalfatta
- Argama birqabaa ardiiwwanii ni himta.
- Baldhina ardiiwwan addunyaa waliin madaaltee ni himta.
- Fiixee lafa gaarreen ol ka'oo fi bakka gad dhooqaa addunyaa addaan ni baafatta.
- Harawwanii fi laggeen gurguddoo addunyaa addaan ni baafatta.

Argamaa fi Danaa Ardiilee

Ardiin maal akka ta'e beektaa? Ardiileen addunyaa meeqa akka ta'an beektaa? Ardii kam keessa jiraatta? Fuulli lafaa dachee fi qaamman bishaana'ootti qoodamti. Dacheen ardiilee torbatti qoodamti. Ardiin qaama dachee baldhaa biyyoota baay'eetti hiramuudha. Ardiin Itoophiyaan keessatti argamtu Afrikaadha. Haala argama ardiilee fakkii armaan gadii irraa ilaali.



Fakkii 1.1. Ardiilee

GILGAALA 1.1A

Gaaffiilee gaggabaabaa

Fakkii 1.1 ilaali:

1. Ardiin baldhina guddaa qabu isa kam akka ta'e himi.
2. Ardiin baldhina xiqqaa qabu hoo isa kami?
3. Hiriyaa kee wajjin mari'achuun ardiilee torban isa baldhina guddaa qabu irraa eegaluun gara isa baldhina xiqqaa qabuutti tartiibaan barreessaa.

Ardiileen akka walduraa duuba baldhina isaaniitti Eeshiyaa, Afrikaa, Ameerikaa Kaabaa, Ameerikaa Kibbaa, Antaarkitikaa, Awurooppaa fi Awustiraaliyaadha. Ardiilee kanneen keessaa Antaarkitikaa irra hanga ammaatti namni jiraachuu hin dandeenye. Sababni isaas ardich cabbiin uwwifamee waan argamuufi. Ardiin biyya tokko qofa taatee osoo addaan hin qoodamiin jirtu immoo Awustiraaliyaadha.

Argama ardiilee: Bakka sadiitti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Kanas fakkii 1.1 ilaaluun ardiilee hemsifeera dhihaa, hemsifeera bahaa fi jiddugaleessaatti argaman addaan baafadhu. Ameerikaan kaabaa fi kibbaa lafa qaldhoo Paanaamaa (Panama isthmus) jedhamuun walqabatanii hemsifeera dhiyaa keessatti argamu. Garuu, qaamni lafaa Ameerikaa lamaan walqunnamsiisu kun qotamee addaan cituun Garbawwan Paasifikii fi Atilaantik walqunnamsiisuun adeemsa galaana irraaf banaa ta'eera. Awustiraaliyaa fi Eeshiyaan hemisfeera bahaa keessatti argamu. Awurooppaan, Afrikaanii fi Antaarkitikaan himsifeera lamaanuu keessatti argamu. Kanaafuu, ardiilee hemsifeera jiddugaleessa jedhamuun beekamu.

Ardiileen Antaarkitikaa fi Awustiraaliyaa ardiilee biroo irraa fagaatanii hemsifeera kibbaa keessatti argamu. Afrikaan lafa qaldhaa Siwuuz (Suez isthmus) jedhamuun ardii Eeshiyaa wajjin walqabata ture. Garuu, innis akkuma Paanamaa qootame addaan citeera. Karaa qotamee baafame kanaan galaanonni Diimaa fi Meediteraaniyaa walqunnamuu danda'aniiru. Karaan baafamee dooniiwwaniif banaa ta'e kun haala salphaan biyyoota baha fagoo fi dhihaa walqunnamsiisuu danda'eera. Ardiileen Eeshiyaa fi Awurooppaa qaama lafaa baldhaan walqunnamanii argamu. Gaarri Uraal ardiilee Eeshiyaa fi Awurooppaa addaan baasuuf akka daangaatti tajaajila.

Danaa Ardilee

Danaa tokkoo tokkoon ardii qabu fiigarii ji'oomeetirii murtaa'aan himuun rakkisaadha. Haa ta'u malee, fiigaroota ji'oomeetirii murtaa'oo kanneen akka reektaangilii, rog-sadee fi geengoo dabaree dabareen irratti kaasuun ilaallee ardiin kam fiigarii ji'oomeetirii kamitti akka dhiyaatu addaan baafachuu ni dandeessa. Fakkeenyaaf ardilee Afrikaa fi Ameerikaa Kibbaa yoo ilaalle danaa rog-sadee qabu. Awurooppaa fi Eshiyaan walitti (Yuraashaa) danaa reektaangiliitti dhiyaatu. Ameerikaa Kaabaa fi Awustiraaliyaanis garuma danaa reektaangiliitti dhiyaadtu.

Ardileen hemsifeera Kaabaa (Ameerikaa Kaabaa, Awurooppaa fi Eeshiyaa) daangaa isaanii irratti sheshellattoodha. Sheshellattoota jechuun qaama bishaanii gara dacheetti qaldhatee seenu kanneen akka Beeyii fi Ischuwaarii akkasumas, qaama dachee qaldhatee gara bishaaniitii seenu kanneen akka peensullaa fi Ispaayitii baayinaan qabaachuu jechuudha. Ardiileen daangaa isaanii irrati sheshellattiinsa qaban buufata doonii hundeessuuf haala mijaa'aa uumamaa qabu. Sararran daangaa isaaniis bakka baay'eetti mamarfataa waan deemuuf baay'ee dheeraa ta'a. Ardiileen akka Ameerikaa Kibbaa, Afrikaa fi Awustiraaliyaa sheshellattiinsa hin qaban. Sararran isaaniis waan jajallina hin qabneef kanneen ardiilee Kaabaa wajjin yoo wal biratti ilaalame baay'ee gabaabaadha.

Haallan teessuma lafa ardiilee: Teessuma lafaa gaarreen, tulluuwwan, pilaatoowwanii fi lafa dakee jechuun bakka afuritti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Gaarreen lafa naannoo irraa olka'iinsa guddaa kan qabaniidha. Tulluuwwanis ol dheerinni isaanii gaarreenii gad ta'ee lafa naannoo irraa olka'iinsa kan qabaniidha. Pilaatoowwanii fi lafti dakee lafa diriiraa baldhaa hammatanii argamu. Garaagarummaan jidduu isaanii jiru olka'iinsa qabaniidha. Pilaatoon lafa olka'aa irri isaa diriiraa fi baldhaa ta'eedha. Lafti dakee lafa diriiraa baldhaa olka'iinsa guddaa hin qabneedha.



Fakkii 1.2. Teessuma lafaa

Lafti addunyaa irratti olka'iinsa guddaa qabu gaara Evarasti. Innis ardii Eeshiyaa gaarreen walqabatoo Himaalayaa jedhamu irratti argama. Gaara Evarastitti aananii addunyaa irratti gaarreen olka'iinsa guddaa qaban naannoo Himaalayaatti baay'inaan argamu. Lafti gad dhooqaan addunyaa irratti gad fageenya guddaa qabus ardiidhuma Eeshiyaa keessatti argama. Lafti gad dhooqaan gad fageenya guddaa qabu kun daangaa biyyoota Israa'eelii fi Yoordaanos qarqara galaana Deedsiitti (Dead sea) argama. Gabatee 1.1 irraa bakkeewwan olka'iinsaa fi gad fageenya guddaa ardiilee irraa ilaali.

Gabatee 1.1: Bakkeewwan addunyaa olka'iinsaa fi gad fageenya gudda qaban

Lakk	Maqaa Ardii	Olka'iinsa Gaara guddaa		Gadi fageenya dhooqa guddaa	
		Maqaa	Olka'iinsa (m)	Maqaa	Gadi fageenya (m)
1	Eeshiyaa	Evarasti	8,850	Galaana Deed	408
2	Afrikaa	Kiiliimaanjaroo	5,895	Hara Asaal	153
3	Ameerikaa kaabaa	Akonkaguwaa	6,960	Deed Vaalii	86
4	Ameerikaa kibbaa	Mikinley	6,194	Galoo lafa Vaaldes	40
5	Antaarkitikaa	Viinsan Maassiif	4,897	Hoolik Keeyoon	24
6	Awurooppaa	Gaara Bilaanki	4,810	Galaana Kaaspiyaanii	28
7	Awustiraaliyaa	Gaara koshiwuskoo	2,228	Hara Eeyiree	16

Addunyaa irratti bakka gadi fageenya guddaa qabu Deedsii (Dead Sea) fi olka'iinsa guddaa qabu (labbaa gaara Himaalaayaa) ilaalchisee ibsa gabaabduu armaan gaditti dhiyaate dubbisuun hubachuu yaali.

1. **Galaana Deedsii (Dead Sea):** Ardii Eeshiyaatti biyyoota Israa'eelii fi Joordaan jidduutti argama. Dhooqni yookiin golbi galaanni kun keessatti argamu 408 m sirrii irra galaanaa irraa gad bu'ee argama. Qaama bishaanii addunyaa irratti argamu kamiyyuu caalaa qabiyyeen soogidda Galaana Deedsii keessatti argamu olaanaadha. Kunis gara 33%tti tilmaamama. Lagni guddaan gara galaana kanaatti yaa'u laga Joordaanosi. Bishaan galaanicha keessaa karaa bahu waan hin qabneef garamittuu hin yaa'u. Bishaan isaa soogiddaa'aa waan ta'eef jireenya lubbu qabeeyyii akka qurxummiif mijaa'aa miti.

   Haalli qilleensaa naannoo Galaana Deedsii hoo'aa fi gogaadha. Hammi roobaa waggaatti naannoon kun argatu 100 mm hin caalu. Tempireecharri jiddu galaa kan waqitii hoo'aa 32°c hanga 39°c ta'a. Kan waqtii qorraas 20°c hanga 23°c ta'a. Haalli qilleensa baramaa kun naannich hojii qotiisaaf mijaa'aa akka hin taane agarsiisa. Haa ta'u malee, lakkoofsi turiistootaa gara Galaana Deedsiitti waggaa keessatti dhufan baay'ee olaanaadha. Wantoonni turiistoota gara naannichaatti hawwatan baay'eedha. Isaan ijoo ta'an garuu, adeemsa gara naannichaatti fayyaa fi qorannoon walqabatee taasifamuudha.

   (*a*) *Fayyaan wajjin walqabatee*: Argamni naannichaa sirrii irra galaanaatii gad ta'uun dhiibbaan qilleensaa akka dabaluu fi qabiyyeen carallaa altiraavaayoleetii akka hirdhatu taasiseera. Dhiibbaan qilleensaa dabalaa deemu namoota hafuura baafachuu irratti rakkina qabaniif (Respiratory Problem) furtee kennaa kan deemu ta'uu isaa qorannoon naannichaa ni mudhisa. Carallaan altiraavaayoleetii xiqqaachaa deemunis dhibee gogaa namaa irraa dhabamsiisuuf gargaara. Kana malees, hoo'i guddaanii fi bishaan hoo'aan naannicha keessatti argamu dhibeewwan qaama goggoginsaa adda addaa (therapies) irraa fayyuuf gargaara.

   (*b*) *Qorannoon walqabatee*: Namoonni dhibeewwan adda addaa irraa fayyuuf baay'inaan gara naannichaatti akka dhufan hubatteetta. Kana dhugoomffachuuf qorattoonni baay'een

gara naannichaa seenu. Kana malees, waa'ee albuuddanii fi lubbu qabeeyyi naannicha keessatti argaman irratti qorannoo gaggeessuuf gara naannichaatti dhufen lakkoofsi isaanii olaanaadha.

Turiistoota gara naannichaatti dhufan tajaajiloota barbaachisoo ta'an akka argatan gochuuf karaa gama Israa'eeliin Hoteelonni baay'een ijaaramaniiru. Karaa guddaan dheerina 565 km qabu ijaarameera.

2. **Labbaa Gaara Himaalayaa:** Gaarri kun addunyaa irratti isa olka'iinsa guddaa qabu ta'uu isaa hubatteetta. Hamma olka'iinsi isaa dabalaa deemu diilallaa'inni cimaa deema. Haalli kun cabbiin kuufamaan gubbaa gaarichaa irratti yeroo mara akka argamu taasiseera. Kanaafuu, namoonni gara sammuu gaarichaatti dhiyaatanii jireenya isaanii hundeessan hin jiran. Namoonni lakkoofsaan xiqqaa ta'an kan jiraatan pilaatoo biyya Neeppaal irra naannoowwan cabbiin waqtii gannaa (summer) irraa baquudha. Jireenyi namoota naannichaa qotiisa dinnichaa (mosee) fi horsiisa Yaak irratti hundaa'a.

Hanga ammaatti turiistoonni baay'inaan gara gaara Evarastitti bahuu hin dandeenye. Kunis sababa lama irraa kan maddeedha. Tokkoffaa gaarich baay'ee oldheeraa waan ta'eef diilallaa'inni olka'iinsa dabalaa deemu wajjin cimaa dhufu namoota kutannoon itti deeman baay'een du'aniiru. Lammaffaa karaan mijaa'aa ta'e hin jiru. Lafti bu'aa bahii baay'achuunii fi bosonni walxaxaan jiraachuun akka namni gara gubbaa gaarichaatti ol bahuu hin dandeenye taasiisa.

Namni yeroo calqabaaf bara 1890 osoo karaa deemuu gaara Tiibeet naannoo Doolpoo (Dolpo) jedhamtu keessa darbe lammi biyya Jaappaan "Eai Kawaguchi" ta'uu hin hafu jedhama. Gara gaara kanaatti bahuuf waggoota jahaatamman darban keessa yaaliin guddaan taasifamaa tureera jedhama. Garuu,waggoota 20 asi keessattuu, bara 1992 irraa eegalee naannoon dhiha Neeppaal turiistootaaf banaa taasifameera. Haa ta'u malee, diilalli cimaa ta'ee fi baasiin baay'ee olaanaa ta'uun turiistoota gara naannoo Tiibeet (gara gaarreen walqabatoo Himaalayaa) deeman hirdhisuu danda'eera.

Walumaa galatti fakkeenyota naannoo lafa addunyaa irratti baay'ee gad dhooqaa fi olka'oo ta'an kanneen sirriitti hubadhu. Haallan uumamaa bakkeewwan lamaan ibsaman kanneen keessatti jireenya namaa irratti dhibbaa uuman waliin madaalii addaan baafadhu.

Qaamman Bishaana'oo Addunyaa: Qaamman bishaana'oo soogiddaa'oo (salty water) fi soogidda hin qabne (fresh water) jennee bakka lamatti qoonnee ilaaluu ni dandeenya. Qaamman bishaanii soogiddaa'oon garbawwan gurguddoo fi galaanota. Bishaan addunyaa 97% bishaan soogiddaa'oo ta'ee argama.

Kaartaa fakkii 1.1 irratti argamu irraa garbawwan gurguddoo addunyaa haala baldhina isaaniitiin wal duraa duubaan barreessi. Baldhinaa fi gad fageenya garbawwan gurguddoon addunyaa qaban gabatee 1.2 irraa qo'adhu.

Gabatee 1.2: Baldhinaa fi gadi fageenya garbawwan gurguddoo addunyaa

Lakk	Maqaa Garba Guddaa	Baldhina miliyoona km^2	Gadi fageenya jiddu galaa (m)	Gadi fageenya guddaa(m)
1	Paasifik	165	4,282	11,033
2	Atilaantik	82	3,926	8,742
3	Hindii	73.4	4,210	7,725
4	Antarkitik	20.3	–	7,235
5	Arkitik	14.1	1,300	5,450

Gabatee armaan olii kana irraa maal hubatte? Garbi guddaan Paasifik garbawwan isaan biroo baldhinaanis ta'ee gadi fageenyaan baay'ee caalee argama. Garbi guddaan baldhinaan baay'ee xiqqaa ta'e Garba guddaa Arkitik kan bantii kaabaa irratti argamuudha. Qaamman bishaanii garbawwan gurguddaa wajjin walqabatanii gara qaama ardiileetti seenanii argaman galaanoota jedhamuun beekamu. Addunyaa irra galaanota baay'eetu jiru. Galaana Diimaa, Meediteraaniyaa, Kaaribiyaanii fi Ejiyaan fa'a akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda'ama. Maqaa galaanota biroo kaartaa irraa ilaaliitii barreessi.

Laggeenii fi Harawwan Gurguddoo Addunyaa

Qaamman bishaanii ardiilee irratti argaman tarreessuu dandeessaa? Naannoo jiraattu keessatti bishaan itti fayyadamtan maal irraa argattu? Ardiilee irratti qaamman bishaanii argaman harawwanii fi laggeen. Harri qaama bishaanii xiqqaa karaa hundaan/maraan/qaama dacheetiin marfamee ardii irratti argamuudha. Laggeen qaama bishaanii gaarreen jalaa madduun sulula uuman keessa gara lafa dakeetti yookiin gara harawwan, galaanotaa fi garbawwaniitti yaa'aniidha. Bishaan harawwanii fi laggeenii bishaan soogidda hin qabne (fresh water) jedhamuun beekamu. Kanaafuu, dhuguuf, dhiqachuu fi qotiisa jallisiif kanneen kana fakkaataniif kallattiin tajaajila kenna. Bishaan garbawwan gurguddaa garuu soogidda isaa keessaa qulqulleessan malee dhimmoota kanneenif ooluu hin danda'u.

Addunyaa irratti laggeenii fi harawwan baay'eettu argama. Maqaa hunda isaanii sadarkaa kanatti dhiyeessuun barbaachisa miti. Haa ta'a malee, isaan ijoo ta'an ardii keessatti argamaniin addaan bahanii haala armaan gadii kanaan dhiyaataniiru.

Gabatee 1.3: Laggeen Gurguddoo Addunyaa

Lakk	Maqaa Lagaa	Ardii keessatti argamu	Dheerina (km)	Qaama Bishaanii Itti yaa'u (galu)
1	Naayil	Afrikaa	6,650	Galaana Meediteraaniyaa
2	Koongoo	Afrikaa	4,700	Garba Guddaa Atilaantik
3	Niijer	Afrikaa	4,200	Galoo Galaana Ginii
4	Zaambeezii	Afrikaa	2,693	Garba Gudda Hindii
5	Oreenji	Afrikaa	2,092	Garba Guddaa Atilaantik
6	Yaangitiiz	Eeshiyaa	6,300	Galaana Baha Chaayinaa
7	Ob-Irfiyish	Eeshiyaa	5,410	Galoo Galaana Ob
8	Mikoongi	Eeshiyaa	4,350	Galaana Baha Chaayinaa
9	Efraatiis	Eeshiyaa	3,596	Galoo Galaana Parshiyaa
10	Indus	Eeshiyaa	3,185	Galaana Arabiyaa
11	Vooldaa	Awurooppaa	3,645	Galaana Kaaspiyaanii
12	Daanuub	Awurooppaa	2,888	Galaana Gurraacha

13	Diniyappar	Awurooppaa	2,287	Galaana Gurraacha
14	Doon	Awurooppaa	1,870	Galaana Azoov
15	Misisippii	Ameerikaa Kaabaa	4,275	Galaana Biyutfuulii
16	Maakeniyiz	Ameerikaa Kaabaa	4,241	Galaana Beeriingii
17	Yuukoon	Ameerikaa Kaabaa	3,185	Galoo Galaana Lawuureensi
18	Seenti Lawurensi	Ameerikaa Kaabaa	3,058	Galoo Galaana Meeksikoo
19	Ri'oob Giraadee	Ameerikaa Kaabaa	3,057	Galoo Galaana Meeksikoo
20	Amaazoon	Ameerikaa Kibbaa	6,400	Garba Guddaa Atilaantik
21	Paaraanaa	Ameerikaa Kibbaa	4,880	Garba Guddaa Atilaantik
22	Tokaanfiinsi	Ameerikaa Kibbaa	3,650	Garba Guddaa Atilaantik
23	Saa'oo Firansisko	Ameerikaa Kibbaa	3,180	Garba Guddaa Atilaantik
24	Muurraay	Awustiraaliyaa	3,672	Garba Guddaa Paasifikii
25	Koo'oppar	Awustiraaliyaa	1,420	Hara Eyiree
26	Waarburtoon	Awustiraaliyaa	1,400	Gara Eyiree

Madda: Wikipedia, the free encyclopedia

Gabatee 1.4: Harawwan Gurguddoo Addunyaa

Lakk	Maqaa Haraa	Ardii keessatti argamu	Baldhina (km^2)	Gad fageenya (m)
1	Viiktooriyaa	Afrikaa	69,485	84
2	Taangaanikaa	Afrikaa	32,892	1,470
3	Maalawii	Afrikaa	30,044	706
4	Turkaanaa	Afrikaa	6,405	109
5	Albarti	Afrikaa	5,299	58
6	Baayikaal	Eshiyaa	31,500	1,637
7	Baalkihaash	Eshiyaa	18,428	26
8	Qiingaayi	Eshiyaa	4,489	-

9	Kaankaa	Eshiyaa	4,190	10.6
10	Laadoongaa	Awurooppaa	18,130	230
11	Oneegaa	Awurooppaa	9,891	120
12	Miichigaan-Huroon	Ameerikaa Kaabaa	117,702	282
13	Suppari'or	Ameerikaa Kaabaa	82,414	406
14	Gireet Biir	Ameerikaa Kaabaa	31,080	446
15	Gireet Isleev	Ameerikaa Kaabaa	28,930	414
16	Eeri'e	Ameerikaa Kaabaa	25,719	64
17	Tiitikaakaa	Ameerikaa Kibbaa	8,135	281
18	Nikaaraaguwaa	Ameerikaa Kibbaa	8,001	26

Madda: Wikipedia, the free encyclopedia

GILGAALA 1.1B

Gaffiilee gaggabaabaa

I. Jechoota armaan gadiif hiika sirrii ta'e kenni

1. A. Ardii
   B. Garba Guddaa
   C. Hara
   D. Laga
   E. Dachee
   F. Galaana
   G. Gaara
   H. Pilaatoo
   I. Lafa dakee
   J. Tulluu
   K. Teessuma lafaa
   L. Hemsifeera

II. Isaan aramaan gadiif Deebii gaggabaa kenni

1. Naannoo gaarreen Himaaliyaa itti argaman kaartaa kaasuun irratti halluu dibii agarsiis.
2. Ardiilee Garba Guddaa Paasifik daangessan tarreessi
3. Ardiin Afrikaa bakka ardiilee hundaaf jiddugaleessa ta'etti argama jedhama. Sababa isaa kaartaa addunyaa irraa ilaaluun barreessi.
4. Ardiilee qaamni lafa isaanii hemsifeera bahaa fi dhiyaa keessatti argamu tarreessi.
5. Addunyaa irratti bakka olka'iinsa guddaa qabuu fi gadfageenya guddaa qabu barreessi.
6. Ardiileen garba guddaa Paasifik wajjin wal hin daagessine isaan kami?

III. Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhu

1. Qaamni lafaa baldhaan biyyootatti qoodamu:
   (A) Dachee (B) Pilaatoo
   (C) Ardii (D) Gaara.
2. Hemsifeera dhihaa kessatti kan argamu:
   (A) Awustiraaliyaa (B) Eeshiyaa
   (C) Ameerikaa (D) Afrikaa.
3. Qaamman bishaanii armaan gaditti tarreeffaman keessaa kan soogiddaa'aa ta'e:
   (A) Bishaan galaanaa (B) Bishaan lagaa
   (C) Bishaan haraa (D) Bishaan lafa jalaa.
4. Lagni addunyaa irratti dheerina guddaa qabu kan argamu:
   (A) Eeshiyaa (B) Awurooppaa
   (C) Awustiraaliyaa (D) Afrikaa.

1.2. UMMATA ADDUNYAA

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Erga barnoota kana barattee xumurtee booda:

- Maatii afaanootaa gurguddoo addunyaa ni tarreessita.
- Maatii afaanii xixiqqaa addaan ni baafatta.
- Fafaca'iinsa afaanootaa fi ummataa wal bira qabuun ni xiinxalta.
- Walitti dhufeenya afaanotaas ni himta.

Afaanoota Gurguddoo Addunyaa

Afaan maal akka ta'e beektaa? Faayidaa isaa hoo? Afaan handhura aadaa ti. Yeroo ammaatti ummatoonni addunyaa marti afaan ibsituu eenyummaa isaanii ta'uu isaa beekuun, yeroo kam irra iyyuu caalchisanii guddinaa fi gabbina afaanotaaf hojjachaa jiru. Afaan namoonni yaadaa fi ergaa isaanii akkasumas, aadaa fi duudhaa isaanii akka waljijjiiran, kunuunsatanii fi dhalootaa gara dhalootaatti dadabarsaniif meeshaa guddaadha. Kanaafuu,

(*a*) Afaan meeshaa walqunnamtiiti.

(*b*) Afaan ibsituu eenyummaati.

(*c*) Afaan meeshaa dhalli namaa ittiin yaada isaa ibsaatuudha.

(*d*) Afaan beekumsi yeroo yerootti maddu akka ittiin hojii irra oolu yookiin akka tamsa'u meeshaa gargaaruudha.

Maatii Afaanoota Gurguddoo Addunyaa fi Hidda Isaanii

Maatiin Afaanii gurguddoo Awurooppaa eenyuu fa'a? Awustiraaliyaa keessa yeroo ammaa baay'inaan qubatee kan jiru Awurooppaanota. Jalqaba gara ardii kanaa deemuun kanneen qubatan Ingilizoota. Ummata jalqabaa kaasanii achi turan buqqisuun keessa jiraachuu eegalan. Dhalataan ardii kanaa garuu, ummata Aboorjiin jedhamuudha. Isaanis yeroo ammaatti ummata biroon liqimfamanii dhabamaa jiru. Kanaafuu, ardii kana irratti afaan irra caalaatti dubbatamu afaan warra Awurooppaati.

Afaanoota Ardii Awurooppaa

Afaan warra Awurooppaa maatii afaanoota gurguddoo lamaatti qoqqoodamu. Isaanis Indo-Yurooppiyaanii fi Fiinoo Giriikii jedhamu

Indoo-Yurooppiyaaniin maatii afaan xixiqqaa lama kan qabu yoommuu ta'u, isaanis Laatiinii fi Jarmaniidha. Maatii afaanii xiqqaan Laatiin kan of keessatti ammatu, Afaan Xaliyaanii, Poortugaalii, Ispaanishii fi Faaraansayiidha. Afaan maatii xiqqaa Jarmanii jalatti kan ammataman ammoo afaanoota Daachi, Fileemishii. Daaniishii, Norweeyii, Siwidinii fi afaanoota Ayislaandootaati.

Maatii afaan Fiinoo-Girikii jalatti kanneen ramadaman affaanota kaaba Bahaa fi Baha Awurooppaa keessatti dubbatamanidha.

Afaanoota Ardii Eeshiyaa

Maatiin afaanii guddaan Jaappaanii fi Kooriyaatti dubbatamuu isa kami? Afaanoonni ardii Eeshiyaa keessatti dubbataman maatii afaanii gurguddoo shan jalatti qoqqoodamu. Isaanis:

1. Afroo-Eeshiyaa
2. Indoo-Yurooppiyaanii
3. Kawukoosiyaa
4. Altayikii fi
5. Siynoo-Tiibeetiyaaniidha.

Maatii afaan xiqqaa Afroo Eeshiyaa ta'e baay'inaan Eeshiyaa keessatti kan dubbatamu, Seemeetikii dha. Afaan kun afaan Israa'eeloota (Ibrayisxii) fi Afaan Arabootaa of keessatti hammata. Maatiin afaanii Indoo-Yurooppiyaanii ammoo biyya Hindii fi biyyoota naannoo isheetti argaman keessatti dubbatama. Afaanonni Hindii lakkoofsi isaanii 1022 ta'an irra caalaan maatii kana jalatti ramadamu. Maatiin Afaanii guddoo Kawukoosiyaa ammoo biyya Ruusiyaa fi naannoo Kibba-Bahaa Galaana Gurraachaatti dubbatamu. Altayikii ammoo naannoo Sayibeeriyaa, Jappaanii fi Kooriyaatti kan dubbatamuudha. Biyyoota Baha Fagoo kan akka Chaayinaa, Mongooliyaa fi Veetiinaam fa'atti kan dubbataman afaanoota maatii Afaanii guddoo Siyiinoo-Tibeetaan jedhamu jalatti kanniin ramadamaniidha. Haala armaan olitti ibsameen ardii Eeshiyaa keessatti Afaanoonni baay'een akka dubbatamanii dha.

Afaanoota Ardii Ameerikaa

Afaan giddu-galeessa Ameerikaatti dubbatamu Afaan Kiroolee jedhamuudha. Afaan kun walitti makamuu maatii Afaanoota Indoo-Yuroppiyaanii fi kan Afrikaa kan ta'e Nijeer Koongoo irraa kan dhalateedha. Kiroolee jechuun akka hiika Afaan kanaatti walitti makamaa jechuudha. Walitti makama kanaaf sababa kan ta'es daldala garbaati. Bara daldala garbaa namoonni Afrikaa Dhihaa dooniitti fe'amanii Garba Atilaantikii qaxxaamuruudhaan gara Ameerikaatti guuramaa turan. Namoonni kunniin bakkeewwan dhaqanitti afaanoota isaaniin akka gaariitti fayyadamuu waan hin dandeenyeef jechoota Afaan warra Awurooppaa walitti makuun afaan haaraa uumuu danda'aniru.

Afaanoota Ardii Afrikaa

Afaanota beekamoo Afrikaa keessatti dubbataman beektaa?

Maatii afaanii gurguddoo Afrikaa keessatti dubbataman bakka afuritti qoqqoodamu. Isaanis:

1. Afroo-Eeshiyaa
2. Niiyiloo-Saaraa
3. Nijeer-Koongoo fi
4. Kooyisaaniidha

Maatiin afaanii Afroo-Eeshiyaa jedhamu Kaaba, Kaaba Bahaa fi Kaaba-Dhiha Afrikaa keessatti kan dubbatamuudha. Naannoo Hara Chaadi, Kibba Sudaan, Kibba-Dhiha Itoophiyaa, Keeniyaa fi Ugaandaa keessatti ammoo kan dubbataman maatii afaanii guddoo Niiyiloo-Sahaaraa jedhamuudha. Maatiin afaanii guddoon Nijeer Koongoo jedhamu ammoo kan dubbatamu naannoo gammoojjii hoo'aa Sahaaraa irraa gara Kibbaatti, naannoo mudhii lafaa, bakka bosonni heddumminaan itti argamu, Baha giddu-galeessa Afrikaa fi Kibba Afrikaatti. Maatii Afaanii guddoo Kooyiisaan jedhamus kibba Afrikaa fi Gammoojjii hoo'aa Kalahaarii keessatti dubbatama.

Gabatee 1.5: Afaanota addunyaa keessatti bal'inaan dubbataman akka armaan gadiitti haa ilaallu

Afaan	Naannoo Isaan Itti Dubbataman	Baay'ina namoota dubbatanii
Mandarinii	Chaayinaa	845,000,000
Afaan Ispaanishii	Ispeen, giddu gala fi Kibba Ameerikaa, Filiippinsi	330,000,000
Afaan Ingilizii	Ingilizii, biyyoota ardiilee Afrikaa, Ameerikaa, Eeshiyaa fi Awustiraaliyaa 53 ta'an keessatti dubbatama.	330,000,000

Afaan Arabaa	Biyyoota Arabaa fi Kaaba Afrikaa	220,000,000
Afaan Hindii (Urduu)	Hindii fi Paakistaan	242,000,000
Bengaalii	Baangilaadesh keessatti baayyinaan dubbatama Hindii keessattis hanga tokko ni dubbatama	180,000,000
Poortugaal	Poortugaal, Biraaziil, Moozaabik, Angoolaa fi Giinii Bisaawoo	180,000,000
Afaan Raashaa	Raashaa fi Biyyoota ollaa ishii keessatti	145,000,000
Afaan Jaappaan	Jaappaan	122,000,000

Lakkoofsi namoota kanneen dubbatanii Yeroo Yeroon baay'ina ummataa jijjiiramaa deemu wajjin jijjiirama.

GILGAALA 1.2

Gaffiilee gaggabaabaa

1. Faayidaa afaanni qabu maal fa'a?
2. Afaan Ameerikaa giddu galeessa keessatti dubbatamu maal irraa madde?
3. Maatii Afaanii Eeshiyaa keessatti dubbataman tarreessi

Qarooma Addunyaa Durii

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Erga barnoota kana barattee xumurtee booda:

- Qaroomiina durii addunyaa keessaa wantoota bu'ura ta'an ni beekta.
- Bakkeewwan qarooma durii addunyaa ni tarreessita.
- Bu'aalee qarooma durii addunyaa ni xiinxalta.

Dhalli namaa jalqabaa kaasee jireenya isaa fooyyeffatee jiraachuuf jecha uumamaa wajjin qabsoo adeemsisaa ture. Haaluma sana keessatti of fooyyessaa, jireenya isaa mo'ataa jiraachuun baroota hedduu dabarse. Fooyya'iinsi dhalli namaa yeroodhaa gara yerootti agarsiisaa deeme qarooma isaa muldhisa. Haalli kun immoo bakkeewwan dhalli namaa jiraachaa ture hunda keessatti muldhateera.

Dhalli namaa qaroomaan guddachaa kan dhufe yeroo bineensota madaqsuu fi lafa qotee midhaan oomishuu jalqabeedha. Haala kanaaf immoo mijaa'aa kan ture sulula laggeeniiti. Kanaafuu, qaroomman beekamoonis kan eegalaman sulula laggeenii keessatti. Dhalli namaa erga midhaan nyaataan of danda'ee booda waa'ee ogummaa, aadaa fi saayinsii yaaduu akka jalqabe kan nama walgaafachiisu miti.

Kana irraa ka'uun qarooma durii dhalli namaa ardiilee adda addaa keessatti argamsiise keessaa isaan ijoo ta'an armaan gaditti ilaalla. Haa ta'u malee qaroomman ardii Afrikaa kanneen akka Nuubiyaa fi Aksum kutaa 6ffaa keessatti kanneen akka Misir, Kaarteej, Gaanaa, Maalii, Soongaayii fi Zimbaabuwee fa'a immoo kutaa 7ffaa keessatti barattaniittu. Kutaa kana keessatti kan barattan garuu qaroomman ardiilee Eeshiyaa, Awuroopaa fi Ameerikaati.

Meesooppotamiyaa

Qaroomni Meesooppotamiyaa addunyaa hardhaaf maal gumaache?

Jechi Meesooppotamiyaa jedhu kan madde afaan Giriikii irraati. Hikni isaa lafa laggeen lama gidduu jechuudha. Naannoon Meesooppotaamiyaa jedhamtu kun biyyoota hardha Baha Siiriiyaa, Kibba Baha Tuurkii fi irra caalaa biyya hardha Iraaq jedhamtu kan of keessatti qabateedha. Handhuurri naannoo kanaas gidduu laggeen Taayigriisii fi Ifiraaxiisii ti. Naannoo kanatti mandaroonni kan ijaaraman Dh. K.D. naannoo bara 5000tti. Dhaloota Kirsitoos Dura gara naannoo bara 3500tti ummanni Sumeeriyaanoota jedhaman Meesooppotaamiyaa ga'uun qubataniiru. Isaaniis warra magaalaa addunyaa ishii duraa ijaaraniidha. Sababa dhakaan naannoo kana hin jirreef manneen isaaniis xuubiidhaan ijaaru turan. Dinagdeen Suumeerootaa qonna irratti kan hunda'ee yoo ta'e iyyuu hojiin ogummaa harkaa adda addaa bakka guddaa qaba ture.

Fakkii 1.3. Barreeffama Kuuniifoormii

Suumeeroonni addunyaa irratti yeroo duraaf warra barreeffama fayyadamaniidha. Sirni barreeffamaa kunis Kuniifoormii jedhama. Kan barreessanis wantoota fiixeen qara qabuun yookiin istaayileesii jedhamuun xuubii jiidhaa irratti barreessanii gogsu turan.

Suumeeronni Kaleendara guyyoota torba qabuu fi ji'a guyyoota soddoma qabu qopheessuun addnyaaf gumaachaniiru. Seerri inni duraa mootii Hamuraabii jedhamuun qopha'ees gumaachuma naannoo kanaati. Egaa Suluulli Meesooppotaamiyaa seenaa ummatoota addunyaa qarooma adda addaa gumaachan kan akka ummata Yihudootaa, Assiiriyaanootaa, Foneeshaanotaa, Peerishiyaanootaa faa kan of keessatti qabdu turte.

Qarooma Chaayinaa Durii

Chaayinaan durii addunyaa hardhaaf maal gumaachite? Qaroomni Chaayinaa durii suluula laggeen Huwaang-Hoo fi YaangTeezi jedhamutti, Dh. K. D naannoo bara 3000 sadarkaa olaanaa irra gahe.

Bakkeewwan kanneen keessatti mootummoonni Chaayinaa durii dhaabbachuun bulchiinsa baay'ee cimaa fi olaanaa ta'ee hundeessanii turan. Dh.K.D. kan akka mootummaa Shaangi hundeeffamuun uummata baay'ee qaroomaa ta'e bulchaa turan. Naannoo Dh. K.D bara 1122 mootummaan Chuu jedhamu, mootummaa Shaangii fonqoolchuun Chaayinaa hanga Dh. K.D bara 256 bituu danda'eera.

Dh. K.D bara 2200 mootiin Chaayinaa beekamaan Yuu jedhamu gaarreen sagal diigsisuun hidha bishaanii sagal hojjachiiseera jedhamee seeneffama. Gosti mooticha kanaa (Yuuf) maqaa Haasiyaa jedhamuun moggaafamee osoo wal irraa hincitiin waggoota 400f Chaayinaa akka bite ni dubbatama. Ummanni Chaayinaa hojii harkaa adda addaa hojjachuun, ijaarsa gamoo mana amantii kanniin akka Paagoodaa, daandii fi riqiicha naannoo walqunnamsiisuu fi dallaa dhakaa dheeraa kiloomeetira 7400 ta'e ijaaruun ummata hojii hojjachuu jaalatu ta'uusaanii mirkaneessaniiru. Sababban ijaarsa dallaa kanaas weerara ummatoota giddu galeessa Eeshiyaa irraa of eeguudhaaf ture. Hayyoonni Chaayinaa durii falaasamaa fi yaaddan adda addaa burqisiisuun kan beekamaniidha. Yaaddan isaanii gurguddoonis "bu'uurri mootummaa maatiidha", "Beektootaa fi hayyoonni dureessotaa fi qonnaan bultoota caalaatti kabajamuu qabu", "Wanta akka sirra ga'u hin feene nama biraa irras akka ga'u hin fedhiin", Hawaasni seeraan bulu baay'ee barbaachisaa akka ta'ee fi warris akka ijoollee isaanii sirritti bulchan, dhiirris dubartoota, warri barate ammoo kanniin hin baratiin akka barsiisan fa'a kan kakaasu ture. Beektoota bara kanaa keessaa Konfiishees (Dh.K.D 551-479), Laa'oo Teez fi Meeng Izuu faa isaan beekamoo turan. Chaayinoonni durii sirna barreeffama loogoo giraafikii jedhamu ni qabu turan.

Fakkii 1.4. Dallaa Chaayinaa

Qarooma Peershiyaa

Bu'uurri qarooma Peershaa maali? Peershiyaan lafa baldhaa biyyoota haradha Iraanii fi Afgaanistaan jedhaman hanga tokko ni hammata ture. Peershiyaanonni bakka kana "Lafa Aryaanotaa" jedhu. Jechi Iraan jedhus kanuma irraa akka maddeedha. Peershiyanonni durii horsiifattoota yammuu ta'an, Dh. K.D. gara bakka kanaa namoota dhufaniidha. Isaanis Impaayeera baldhaa waggoota 200 ture hundeessuu danda'aniiru.

Impaayeerri kunis Dh. K.D Bara 500 Kaaba Afrikaa irraa hanga Kibba-Baha Awurooppaa gara dhihaatti, Hindii gara Bahaa fi Galoo Galaana Oomaanii gara Kibbaatti hanga gaarreen Kawuka'usiyanoota gara Kaabaatti kan baldhatu ture. Peershiyanoonni mootummaa, seeraa fi amantii hundeessuudhaan addunyaaf gumaacha guddaa taasisaniiru. Barreeffamni kunniifoormii akka guddatu taasisaniiru. Amantiin isaaniis Zoro'asteeriyanizim yammuu ta'u Raajicha Zoroosteer jedhamuun kan eegalameedha.

Qarooma Awurooppaa Durii

Qarooma Giriikii Durii (3000-195 Dh.K.D.tti)

Addunyaaf gumaachi qaroomaa Giriikii durii maalfa'adha? Giriikiin durii madda dhaloota qaroomiinati. Qaroomni Giriikii durii kan eegale Dh. K.D. bara 2500tti. Qarooma Giriikii durii kan babaldhisan ummatoota gosa Ariyanotaa ta'aniidha. Isaan Heeleenoota jedhanii of waamu. Biyya isaanis Heelaas jedhu. Ummanni kun Dh. K.D. jaarraa 15^{ffaa} keessa karaa lafa Baalkaan dhufuun Giriikii keessatti warra qonnaa fi horii horsiisuu eegaleedha.

Ummanni kun kan lola jallatu ture. Kunis walaloo Hoomeer inni qaroo dhabeessi Eeliyaadii fi Odeeseeyii jedhee barreesse keessatti ibsameera.

Haala teessuma lafaa ishii irraa kan ka'e Giriikii durii keessatti mootummaawwan magaalotaa (city states) baayeen hundeeffamuu danda'aniiru. Isaanis Pooliis jedhamu. Giriikonni durii ayyaanoota adda addaatti amanu turan. Kabaja ayyaanoota kanaaf jecha waggaa afur afuriin dargaggoonni tulluu Olimpisii jalatti walitti qabamuun dorgommii taasisu turan. Teessoon mootummoota magaalaas handhuura bulchinsichaa keessatti bakka ol ka'aa ta'e irrattidha. Bakki kunis Akiroopooliis yookiin handhuura magaalaa jedhama.

Fakkii 1.5. Qarooma Giriikii durii

Ummanni mootummaa magaaloota kanaa bakka sadiitti qoqqoodamu turan. Isaanis lammiiwwan, daldaltootaa fi garboota. Waa'ee biyyaa irratti mari'achuu kan danda'an lammiiwwan qofa. Bakka mariitti argamuun yaada kennuu fi filaachuu kan danda'an ammoo dhiira qofa ture. Yeroo duraatiif bu'uura demookraasii kan buuse Giriikii duriiti. Mootummaawwan magaalaa Giriikii keessaa isaan

baay'ee beekamoon Ateensii fi Ispaartaadha. Ateensi sirna deemokraasii ijaaruudhan mootummaa ishii duraati. Mootoonni beekamoon durii Sooloon, Kiliiyaasteenaasii fi Peerkiliis fa'a sirna kana bu'uureessuuf warra gumaachanii dha. Yeroo kanatti Ispaartaan loltoota leenjistee ittiin finciltoota bituun beekamti. Diinni Giriikii durii ishiin beekamtuu yoo Peershiyaa taate illee dhuma irratti mootii Meeseedooniyaa, Aleeksaandeer isaa duraa (isa guddaa) jalatti Giriikiin durii kufteetti.

Giriik, Filoosoferoota beekamoo kanneen akka Sooqiraaxis, Aristootilii fi Pilaatoo qabdi. Abbaa seenaa jedhamuun kan beekamu Heroodootas nama Giriikiiti.

Dimookiraasii, olimpikii, tiyaatira qopheessuu fi agarsiisuu, falaasama, saayinsii fi herregni beekumsa Giriikin addunyaaf gumaachite keessaa isaan muraasa.

Qarooma Roomaa Durii

Qarooma Roomaa duriif ummanni bu'uura ta'e isa kami? Xaaliyaanii durii keessa ummatoota baayyeetu jiraachaa ture. Isaan keessaa Laatinoonni beekamoodha. Laatinoonni bakka olka'aa yaa'a olii laga Taayibeer keessa qubachuun walakkeessa Xaaliyaanii har'aa keessatti naannoo Roomaatti Dh.K.D bara 750 jiraachuu eegalan. Magaalaan Roomaas bakkuma kanatti hundeeffamte. Lafti naannoo Xaaliyaanii mijaa'aa waan ta'eef, Roomaanonni durii qonnaan bulaa fi horsiifattoota turan. Haala mija'aa naannoo kanaa irraa kan ka'e daldaltoonii fi ogeeyyiin hojii ogummaa harkaa adda addaa Roomaa keessa jiraachuu jalqaban.

Roomaa Bara Mootummaa Ripubiliikaa

Ripubiliika jechuun maal jechuu dha? Jalqaba bara Ripubilikaatti hawaasni Roomaa bakka sadiitti qoqqoodamaa ture. Isaanis Paatrishiyaanoota, Pileebiyaanootaa fi Garbootaadha. Paatirishaanoonni dureeyyii abbaa lafaa fi namoota aangoo mootummaa qabachuu danda'aniidha. Pileebiyaanoonni qonnaan bulaa fi daldaltoota xixiqqoodha. Garboonni ammoo naamoota waraana irratti booji'amaanii fi Pileebiyaanoota gatii irra jiru kaffaluu dadhabaniidha.

Aangoon Ripubiliikaa Roomaa bakka lamatti kan qoodamu yammuu ta'u, isaanis seeneetaa fi konsuloota jedhamu. Seeneetiin qaama mootummaa isa olaanaa fi umurii guutuuf filatamuudha. Konsuloonni garuu, waggaa waggaadhaan kan jijjiiramanidha. Kan filatamanis Paatrishaanii keessaa ta'ee nama lama qofa. Erga yeroo tajaajila isaanii xumuranii booda miseensa mana marii yookiin seeneetii ta'u. Warri Pileebiyaanootaa akka lammiitti mirga aangoo qabachuu kan hin qabne yoo ta'aniyyuu gibira kaffaluu fi loltuu ta'uun mootummaa Roomaatiif wabii nageenyaa guddaa turan.

Roomaanoonni durii aadaa fi beekumsa Giriikii durii qo'achuun beekumsa hanga addunyaa hardhaatti ce'uu danda'an gumaachaniiru. Barreeffama, sirni bocaa, sirni ijaarsa gamoo, beekumsi daandii baasuu, riqiicha ijaaruu, hujummoo bishaanii fa'aa gumaacha Roomaa duriiti. Afaan Laatiinii sirna bulchiinsaa fi seeraa akkasumas saayisnii fi teekinooloojii ammayyaaf bu'uura ta'era. Kanaafis, Laatiiniin gumaacha qaroomina Roomaa duriiti. Ripubiliikiin Roomaa erga waggoota 500 ol jiraatee booda Dh. K.D. bara 27 jalqabee impaayeera Roomaa isa hanga bara Dh. K.B. 146 tureen bakka bu'ameera.

Qarooma Ardii Ameerikaa

Ummanni ardii Ameerikaa keessa dursanii jiraachaa turan eenyu fa'a? Ardii Ameerikaa keessaa qaroomman dursanii muldhachaa turan kan ummata Maayaa naannoo Meeksikoo fi jiddu galeessa Laatiin Ameerikaa hardhaa, Guwaateemaalaa fi Hunduraas jedhaman keessa, Azeeteeksii Meeksikoo keessatti, ummanni Inkaa immoo naannoo biyya hardha Kolombiyaa, Ekuwaadoor, Peeruu, Boliiviyaa, Chiilee fi Arjeentiinaa jedhaman keessatti dagaganii turan. Ummanni Maayaa Dh. K.B. Jaarraa 1ffaa

keessa sirna barreeffamaa, lakkoofsa herregaa fi kalandeerii guyyoota ittiin lakka'aamu sirrii ta'ee ni qabu turan. Magaaloonni Maayaa durii kan akka Yuukaalaa fa'a handhura daldalaa fi amantaa adda addaa turan.

Qaroomina Azeeteeksonni addunyaaf gumaachan keessaa sirna barreeffamaa fakkiin jechoota bakka bu'uun ibsamaniidha. Magaalaa guddoo Azeeteeksii Teenoochititilaanii jedhamti. Kan hundeeffamtees Dh. K.B. bara 1325tti. Mootiin Azeeteeksii inni beekamaan Moonteezumaa jedhama. Mootoonni Azeeteeksii duriis akka waaqaatti ilaalamu, ni soodatamus.

Bu'uurri dinagdee mootummaa Azeeteeksii qonna. Boqqoolloniis aadaa Azeeteeksii keessatti bakka guddaa qaba.

Qaroomni Inkaa qarooma ardii Ameerikaa keessa turan keessaa sirna mootummaa baay'ee qinda'aa ta'een kan bulaa tureedha. Impaayeerri Inkaa teessoo mootummaa isaa magaalaa Kuzuukoo jedhamtu keessa taasifachuun biyya amma Peeruu jedhamu keessatti impaayeera baldhaa ta'e uumee ture. Impaayeerri kunis daandii qofaan osoo hin ta'iin riqiichaanis kutaalee biyyaa kan walqunnamsiisu ture. Irra caalaan ummataa Inkaa qonnaan bulaa yammuu ta'u, kan ittiin qotanis horii laamaa jedhamuun. Midhaan isaan qootanis kanneen akka boqqoolloo, maxaaxishii fi ochooloonii fa'aadha. Inkoonni, wayyaa ni dhahuu, meeshaalee suphee ni hojjatu, albuuddan kanniin akka Warqii, Meetii fi Naasaas ni oomishu (ni baasu) ture.

Gama yaalaatiinis qaama baqaqsanii waldhaanuu ni beeku. Isa malees, Inkoonni beekumsa gahaa ta'e ni qabu. Walumaagalatti, qaroomni ardii Ameerikaa kun jiraachuu kan danda'e hanga warri Awurooppaa Ispeenii fi Portugaal ardii kana to'atanitti ture. Azeeteeksiin bara 1521, Inkaan bara 1532, Maayaan ammoo Jaarraa 17ffaa tti Ispeeniin koloneeffamaniiru.

1.3. FACA'IINSA UMMATAA FI HAALA JIREENYAA

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa erga barattee xumurtee booda:

- Naannoowwan addunyaa ummanni heddumminaa fi haphinaan irra jiraatu addaan ni baafatta.

Naannoo kee keessatti ummanni lafa diriiraa, gaarreenii fi sulullan irra haala walqixa ta'een qubatee argamaa? Yoo walqixa qubatee hin argamu ta'e sababni isaa maal sitti fakkaata?

Faca'iinsi ummataa qaama addunya mara irratti walfakkaataa miti. Naannoowwan haalli jireenyaa mijaa'aa ta'an keessatti ummanni heddumminaan irra qubatee argama. Naannoowwan haalli jireenyaa mijaa'aa hin taane keessa ummanni haphinaan yookiin wal irraa faffagaatee bakka bakkee jiraa'ta.

1. **Naannoowwan Addunyaa Ummanni Haphinaan Irra Jiraatu**
   - *Naannoolee Diilallaa'oo*: Naannooleen sararaa Arkitikiin marfamanii argaman kanneen akka Giriinlaandii, Tundiraa fi Alaaskaa fa'aa yeroo baay'ee cabbiin uwwifamanii argamu. Kanaafuu, namni irra hin jiraatu. Naannoolee akka kaaba Kanaadaa, Saayibeeriyaa fi lafa baay'ee olka'oo ta'an kan akka gaara Himaalayaa fa'aa diilallaa'oo waan ta'aniif ummanni baay'inaan irra hin jiraatu.
   - *Naannoolee Gammoojjii Hoo'aa*: Isaan kun baay'inaan naannoolee hoo'aa keessatti argamu. Fakkeenyaaf, Sahaaraa fi Kalahaariin gammoojjiiwwan Afrikaa keessatti argamaniidha. Goobii fi Mongooliyaan Eeshiyaa keessatti argamu. Ataakaamaan Ameerikaa kibbaa keessatti argama. Awustiraaliyaanis gammoojjii hoo'aa baay'ee baldhaa ta'e qabdi. Naannoolee gammoojjii hoo'aa keessatti rakkoon guddaan hanqina bishaanii yookiin roobaati. Kanaafuu, naanoolee kaanneen

keessa bakkeewwan baay'eetti lakkoofsi ummataa lafa kiiloomeetira tokko irra jiraatu namoota shan hin caalu.

- *Naannoolee Bosona Rukkataa*: Naannoolee mudhii lafaa bosona rukkataa qaban kanneen akka Golba Koongoo fi Amaazoon keessa ummanni haphinaan iraa jiraata.

2. **Naannoolee Addunyaa Ummanni Heddummina Jiddu Galeessaan Irra Jiraatu**
   - *Naannoolee Lafa Margaa Godina Hoo'aa fi Dagalee Jiddugaleessaa*: Ummanni naannoolee kanneenii horsiisee bulaadha. Hanqinni bishaanii waan jiruuf lafa baay'ee baldhaa irratti horiin horsiifamu lakkoofsaan xiqqaadha. Bu'aan irraa argamus baay'ee gadaanaadha. Haa ta'u malee, lakkoofsi ummataa naannoolee kanneen keessa jiraatuu kan gammoojjii hoo'aa irra ni caala. Garuu, baay'ee miti.
   - *Naannoolee Ummanni Hanga Tokko Heddummatee Irra Jiraatu*: Naannoolee hoo'a walakkeessoo (sub-tropics) hammi roobaa fi gabbinni biyyee fooyya'aa ta'e irra baay'inni ummata jiraatuu jiddu gala ta'a.
3. **Naannoolee Ummanni Heddumminaan Irra Jiraatu:** Naannoolee biyyeen gabbataa ta'ee fi haalli roobaa fi hoo'aa mijaa'aa ta'e keessa ummanni rukkinaan/heddumminaan irra jiraata. Naannooleen bahaa fi kibba baha Eeshiyaa keessatti biyyoonni akka Chaayinaa, Hindii, Jaappan, Kooriyaa Kibbaa, Baangilaadesh fi Singaappoor fa'aa ummata heddummataa qabu. Awurooppa keessatti biyya Neezarlandii, Jarmanii fi Birtaaniyaa, Afrikaa keessatti Eddoola Moorishes, naannooleen Magrabii fi lafa olka'oo Afrikaa Bahaa ummata heddumminaan irra jiraatu qabu. Naannooleen akka sulula laga Naayilii fi Eddoolli Jaavaa fa'aa irra addunyaa keessatti ummata baay'ee olaanaa ta'etu jiraata.



Fakkii 1.6. Faca'iinsa ummata addunyaa

GOCHA 1.1

Gocha mirkaneeffannaa

1. Karataa addunyaa dabtara kee irratti kaasiitii:
   (a) Naannoolee gammoojjii hoo'aa akka Sahaaraa, Kalahaarii Ataakaamaa, Koloraadoo fi Awustiraaliyaa
   (b) Naannoolee diilalla'oo akka Giriinlaandi, Tunduraa fi Saayibeeriyaa akkasumas, sammuu gaarreen Himaaliyaa

(c) Naannoolee bosona heddummataa akka golba Koongoo fi Amaazoon,
(d) Biyyoota kibbaa bahaa fi baha Eeshiyaa
(e) Naannoolee sulula laga Naayilii fi Eddoola Jaavaa haalluu adda addaa dibuun agarsiisi.

2. Naannoolee kaartaa irrattii halluu dibde keessaa isaan:
   (a) Ummanni haaphinaan yookiin wal irraa faffagaatee irra jiraatu
   (b) Baay ina jiddugaleessaan irra jiraatuu fi
   (c) Heddummina guddaan irra jiraatu addaan baasi.

Sababoota Garaagarummaa Faca'iinsa Ummataa

Haallan uumamaa fi nam-tolchee faca'iinsa uumataa irrattii dhiibbaa uuman maal fa'a ta'u jettee yaadda? Isaan armaan gadii keessaa kanneen faca'iinsa ummataa irratti dhiibbaa uumuu danda'an isaan kami? Gareen irratti mari'achuun gabaasa dhiyeessaa.

- Haala qilleensa baramaa
- Haala gabbina biyyee
- Naannoowwan albuunni baafamu
- Naannoowwan industiriiwwan ammayyaa keessatti babaldhatan.

Haallan faca'iinsa ummataa irratti dhiibbaa uuman waa hedduutu jiru. Isaan baay'ee murteessoo ta'an haala qilleensa baramaa, gabbina biyyee fi teessuma lafaa, albuudaa fi haala babaldhina industiriiti.

A. Haallan Naannoo Uumamaa

(*a*) **Qilleensa baramaa:** Naannooleen hoo'aa (tempireecharaa) fi rooba gahaa (optimum) qaban haala mijaa'aa ummata heddumminaan keessa jiraachuu dandeessisu uumu. Naannooleen dagalee jiddu galeessaa 20° fi 60° kaabatti argaman haala mijaa'aa kana waan qabaniif ummanni heddumminaan irra jiraata. Naannoolee Ameerikaa Kibbaa fi Afrikaa kibbaa dagalee jiddu galessa kana qaban irra ummanni heddumminaan jiraata. Naannoon diilallaa'oon bantiilee lafaa fi gara bantiilee lafaatti dhiyaatanii argaman jireenya namaatiif mijaa'oo miti. Haaluma walfakkaatuun gammoojjiiwwan godina hoo'aa keessatti argaman hanqina roobaa guddaa qabu. Kanaafuu, naannoolee dilallaa'oo fi gammoojjii hoo'aa keessa ummanni baayinaan hin jiraatu.

Haala jireenya ummataa

Naannoolee qilleensa diilallaa'aa fi gammoojjii hoo'aa akkasumas, naannoo hoo'aa jiidhaa fakkeenya fudhachuun haa ilaallu.

- **Maatii Inuuyit (Inuit):** Maqaan kun maqaa Eskiimoo (Eskimo) jedhamu irraa walgahii bara 1977 Alaaskaa magaalaa Baarrow keessatti gaggeeffameen kan moggaafameedha. Inuuyit ummata geengoo Arkitikiitti dhiyaatee Alaaskaa, Kaaba Kanaadaa, Eddoola Giriinlaandii fi Kaaba Saayibeeriyaa keessa jiraatuudha. Ummanni kun bakka qabatamaa keessa jiraatuu fi balbala maatii isaa irratti hundaa'ee maqaa adda addaatiin kan waamamuu fi Afaanota adda addaa kan dubbatuudha.

  Ummanni Inuuyit dheerina jiddugalaa 163 cm ta'e qaba. Ummanni kun lafa baldhaa naannoo Arkitik irra faca'ee naannoo kamiiyyuu caalaa wal irraa faffagaatee bakka adda addaa jiraata. Nyaanni ummata Inuuyit foon bineensota bishaan keessa jiraatanii irratti bu'uura. Bineensonni ummanni Inuuyit bishaan keessaa adamsee qabuun affeelee, gogisee yookiin diilalleessee nyaatu

baay'eedha. Isaanis qurxummii, siil, weelsii fi kanneen birooti. Yeroo mara keessattuu, yeroo bonaa cabbiin haala malee tuulamu kan nyaatamu foon siiliiti. Nyaanni sarootaas foonuma siilii (seal) kana irratti hundaa'a. Kana malees, wanti uffatan, sigiggoon (yaballi) sareen harkifamu kan irraa hojjatamu, dukkaanni yeroo gannaa (hoo'aa) keessa jiraatanii fi boba'aan ifaa fi hoo'a kennuuf tajaajilu gogaa fi cooma siilii irraa argama. Bineensonni biroo naannoo kana keessatti yeroo tokko tokko adamsamanii nyaataman poolaar biir, sardiida, heerii fi simbira.

Arkitik Biir

Riindar

Sardiida Arkitikii

Arkitik Heer

Fakkii 1.7. Bineensota naannoo qilleensa Baramaa diilalla'aa

Ummanni Inuuyit waqtii bonaa wayita diilalli cimu mana Igiluu jedhamu keessa jiraata. Innis cabbii kuufamaa irraa ijaarama.

(*a*) Dunkaana waqtii Gannaa

(*b*) Ijaarsa mana Igiluu

Fakkii 1.8. mana ummanni Inuuyit keessa Jiraatu

- **Tuwareg (tuareg):** Ummanni Tuwareg godina hoo'aa gammoojii Sahaaraa keessa jiraata. Gammoojjiin hoo'aan Sahaaraa ardii Afrikaa keessatti argama. Baldhina lafaa miliyoona 9.1km^2 kan qabuudha. Baldhina kanaanis gammoojjiiwwan hoo'aa addunyaa irratti argaman hunda caala.

  Gammoojjiin Sahaaraa hoo'a guddaa qaba. Garuu, rooba hin qabu. Hammi roobaa waggaatti argatu jiddugalaan 130 mm hin caalu. Ummanni Tuwareg ummata haala qilleensa baramaa kana keessa biyyoota akka Maalii, Niijer, Burkiinaa Faasoo fi Aljeeriyaa keessatti faca'ee jiraatuudha. Haalli jireenya ummata kanaa horsiisa beeyiladaa irratti hundaa'a. Beeyilanni horsiisanis re'ee, hoolaa fi gaala. Gammoojjii hoo'aa keessattii beeyiladoota hunda caalaa madaqee kan jiraatu gaala. Gaalli bishaan osoo hin dhugin guyyoota gara 15 turuu danda'a. Yeroo ammaa gammoojjii hoo'aa keessatti bishaan boollaa (oasis) bakka jirutti qotiisni eegaleera. Namoonnis bakka bishaan jirutti dhiyaachuun dhaabbiin qubatanii jiraachuu eegalaniiruu. Dabalataanis bishaan boollaa qotanii baasuun qotiisa jallisii babaldhisuu eegalaniiru.

(*b*) **Gabbina Biyyee fi Teessuma Lafaa:** Lafa dakee ijaarsaaf mijaa'aa ta'ee fi biyyee gabbataa oomisha qonnaa olaanaa argamisiisu irra ummanni heddumminaan jiraata. Fakkeenyaaf, biyya Hindii sulula laga Gaanjiisii fi sulula laga Naayil biyya Ijiptiitti argamu keessa ummata heddummataatu jiraata. Karaa biraatiin gaarreen akka Himaaliyaa bu'aa bahii baay'ee qabanii fi diilallaa'aa ta'an irra ummanni hin jiraatu.

B. Haallan Hawaasummaa

(*a*) **Oomisha Albuudaa:** Naannoolee albuunni baafamu keessa carraa hojii argachuuf jecha ummanni heddumminaan irra qubata. Fakkeenyaaf, naannoolee boba'aan baafamu kan akka biyya Kuweet keessa ummanni heddumminaan jiraata.

(*b*) **Hundeeffama Industirii:** Babaldhinni industirii carraa hojii uuma. Kanaafuu, nannoolee industiriin ammayya itti babaldhate kanneen akka Awurooppaa dhihaa, kaaba baha Ameerikaa Kaabaa fi baha Eeshiyaa keessa ummanni heddumminaan jiraata. Haallan ummanni akka heddumminaan jiraatu taasisan hubachuuf, haala sochii dinagdee magaalaa Mumbaay aramaan gaditti dhiyaate dubbisi.

  Mumbaay: Magaalaa biyya Hindii ummata baay'ee guddaa qabduudha. Mumbaay Boombeey jedhamuunis ni waawamti. Maatiin naannoo Mumbaay lafa dakee dhiha biyya Hindii qarqara Galaana Arabiyaa irra kan jiraatuudha. Mumbaay jiddugala daldalaa, geejjbaa fi industirii ta'uun biyya Hindii tajaajilaa jirti. Mumbaay buufatoota doonii addunyaa irratti beekaman keessaa tokko ta'uun tajaajilaa jirti. Mumbaay godina hoo'aa keessatti waan argamtuuf hammi hoo'aa (tempireecharaa) jiddugalaan waggaatti argattu 27.5°c ta'a. Roobas waggaatti jiddugalaan 2170 mm argatti. Kanaafuu, oomisha qonnaaf, keessattuu, oomisha jirbiif baay'ee mijooftuudha.

  Haallan kunniin hundi guddina magaalaa Mumbaayiif haala mijaa'aa uumeera. Magaalli Mumbaay biyya Hindii keessatti guddinaan Niiwdeelihiitti aantee sadarkaa 2^{ffaa} irratti argamitti. Guddina fi babaldhina magaalaa kanaatiif sababa guddaa kan ta'e haala qilleensa baramaa mijaa'aa, biyyee gabbataa lafa diriiraa qarqara galaanaa daldalaa fi ijaarsaaf mijaa'aa ta'e irratti hundeeffamuu ishiiti.

(*c*) **Haala Siyaasaa:** Naannoo ummanni jeequmsa adda adda irraa bilisa ta'ee jiraatu keessa baay'inni ummata jiratuu olaanaa ta'a. Biyya haalli siyaasaa tasgabbaa'ina hin qabnee fi waraanni itti gaggeeffamu keessaa ummanni baqatee baha.

Gabaabumatti, haallan faca'iinsa ummata addunyaa irratti dhiibbaa uuman teessuma lafaa, qilleensa baramaa, haala sochii dinagee fi siyaasaati. Dhimmoota kanneen tokko tokkoon fudhachuun fakkeenyaan deeggaraa akkaataa faca'iinsa ummataa irratti dhiibbaa uumuu danda'an gareen mari'achuun gabaasaa.

GILGAALA 1.3A

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Naannoolee addunyaa sababa:
   (A) Diilallaa'inaatiin
   (B) Hanqina roobaatiin
   (C) Rukkina bosonaatiin
   (D) Teessuma lafaa bu'aa bahii ta'een ummanni haphinaan irra jiraatu barreessi.
2. Wantoota akka ummanni heddumminaan naannoo tokko keessa jiraatu taasisan keessaa yoo xiqqaate sadii barreessi.

Amantiiwwan Gurguddoo Addunyaa

Amantii jechuun maal jechuu akka ta'e beektaa? Naannoo jiraattu keessa gosa amantii meeqatu jira?

Amantiin ilaalcha hawaasni tokko uumama irratti qabuudha. Amantiin addunyaa kana keessatti argamu hundi uumamni humna hundaan ol ta'een uumame jedhee amana. Amantiin hundi uumama hunda Waaqatu uume jechuun yaada walfakkaatu haa qabaatu malee qajeelfama qaban irratti hundaa'anii garaagarummaa qabu. Haa ta'u malee, amantiin hundi waan gaarii hojjachuu fi naamusa gaarii qabaachuu, akkasumas, badii irraa of eeggachuu waan barsiisaniif amantiin hunduu gaariiidha. Amantiin kamiyyuu walqixa. Lammiin kamiyyuu amantii barbaade hordofuun mirga isaati. Mee amantiiwwan beekamoo addunyaa tokko tokkoon akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Budihiizimii

Namni amantii Budihiizimii jalqaba barsiisuu eegale Siddirataa Guatamaa Budihaa jedhama. Innis nama biyya Hindiiti. Amantiin kun kan eegalame Dh.K.D. Jaarraa 6^{ffaa} keessa akka ta'e ni himama. Kitaabni amantii kanaas Teraveedaa jedhamuun beekama. Kitaabichis jalqaba kan barreeffame afaan Paal jedhamuun ture. Hordoftoonni amantii kanaa Hindi, Barmaa, Taayilaad, Siriilaankaa, Jaappaanii fi Chaayinaa keessatti argamu.

Hinduyizimii

Amantiin kun kan jalqabame biyya Hindii keessatti yammuu ta'u kan jalqabames Dh. K.D. bara 1500tti akka ta'e ni himama. Kitaabni amantii Hinduyiizimii Veedaa jedhama. Hordoftoonni amantii kanaa horii qalanii foon isaanii nyaachuun cubbuudha jedhu. Ummanni Hindii gara caalu amantii kana hordofu.

Konfishaaniizimii

Amantiin kun nama Konfishas jedhamuun Dh. K.D. Jaarraa 6^{ffaa} keessa Chaayinaatti jalqabame. Kitaabni amantichaas barreeffamoota Chaayinaa durii kan Anaalektisii fi Wuu Ching Faayeer Kilaasiksii jedhamanidha. Amantichi biyyoota kanneen akka Chaayinaa, Jaappaanii fi Mongooliyaa keessatti hordoftoota hedduu qaba.

Shiintoo'iizimii

Amantiin kun Jaappaanitti haa jalqabamu malee, yeroo inni itti jalqabame hin beekamu. Shiintoo jechuun karaa yookiin barsiisaa ayyaanotaa jechuu dha. Maqaan kunis kan moggaafameef Dh. K.D. Jaarraa 6ffaa keessa ture. Moggaafamni kunis kan ta'uu danda'e Jaarraa sana keessa amantiin Budihiizimii Jaappaan seenuu waan jalqabeef amantii biyya isaanii keessatti dhalate isa biyya biroo irraa dhufe irraa addaan baasuuf ture. Amantiin Shiintoo kitaaba hin qabu. Haa ta'u malee yaada duudhaa dhalootaa dhalootatti darbaa deemuun qajeelfama.

Judaayizimii

Judaayizimiin Dh. K.D. bara 5000tti Baha gidduu galeessaa keessatti eegalame. Amantii kana kan jalqabe nama Abrahaam jedhamudha. Kitaabni amantii kanaas 'U' jedhama. Kan barreeffames afaan Hibruutiin ture. Amantiin kun yeroo ammaa Israa'eel, Ameerikaa, Rippuubilikota Sooviyeet Raashaa durii keessatti tamsa'ee argama.

Amantii Kiristaanaa

Amantiin Kiristaanaa Dh. K.B Jaarraa 1ffaa keessa Iyyasuus Kiriistoosiin Paalastaayin keessatti eegalame. Yeroo amantiin kun eegalame Paalastaayin Impaayeera Roomaa jala turte. Kitaabni amantiin kun ittiin gaggeeffamu kitaaba

Qulqulluu (Bible) jedhama. Jalqaba kan barreeffame afaan Hibruun ture. Du'a Iyyasuus Kiristoos booda hordoftoonni isaa amantii kana baldhinaan akka tamsa'u taasisaniiru. Amantiin Kiristaanaa yeroo booda damee adda addaatti hirameera. Isaanis Ortodoksii, Kaatolikii fi Pirotestaantii jedhamuun beekamu.

Amantii Islaamaa

Amantiin kun Dh. K.B Jaarraa 7ffaa keessa biyya Saa'udii Arabiyaa jedhamu keessatti eegalame. Namni amantii kana Jalqaba barsiisuu eegale Mohaammad jedhama. Islaama jechuun afaan Arabaa yammuu ta'u, hiikaan isaas fedhii Waaqaatiif (Rabbiitiif) bitamuu jechuudha. Hordoftoonni amantii Islaamaa Musiliimota jedhamu. Kitaabni amantiin kun ittiin gaggeeffamu Quraan jedhamuun beekama. Kitaabni kun jalqaba kan barreeffame afaan Arabaatiin ture. Du'a Mohaammad booda hordoftoonni isaa amanticha waan babaldhisaniif ardiilee hunda keessatti tamsa'ee argama.

GILGAALA1.3B

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Hiikaan amantii maali?
2. Amantiiwwan biyya Hindii keessatti eegalaman isaan kami?
3. Amantiiwwan Baha Giddu galeessaa keessatti dhalatan isaan kami?
4. Moggaafamni Shiinto'iizimii maal irraa madde?
5. Amantiiwwan hundi maal irratti walfakkaatu?

1.4. WARRAAQSA INDUSTIRII FI JIJJIIRAMA INNI FIDE

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Erga barnoota kana barattee xumurteen booda:

- Bu'aalee gurguddoo Warraaqsi Industirii argamsise ni tarreessita.
- Jijjiirama gama hundaan Warraaqsa Industiriin wal qabatee dhufee ni himta.
- Dhiibbaawwan Warraaqsa Industiriin walqabatanii muldhatan ni xiinxaalta.

Jalqabbii Warraaqsa Induustrii fi burquu yaadawwan haaraa

Warraaqsa Industirii jechuun maal jechuudha? Eessattii fi yoom eegale? Warraaqsa Industirii jechuun sochii jijjiirama industirii keessatti ta'een argama kalaqa adda addaa, haala oomisha fooyya'aa ta'e, haala dinagdee amansiisaa ta'ee fi haala siyaasaa ammayyaa ta'e kan fide jechuudha. Hanga ammaatti Warraaqsi Industirii beekamoo lamatu ta'ee jira. Lamaanuu kan eegalan Awurooppaa keessatti biyya Ingiliziitti. Warraaqsi industirii inni duraa (1750-1870) jijjiirama guddaa inni argamsise oomisha harkaan gaggeeffamu gara oomisha meeshaatti (Production by hand to production by machines) kan jijjiredha. Kunis yeroo qusachuu fi baasii xiqqeessuuf gumaacheera. Maddi humnaa yeroo sanaa hurka bishaanii ti. Humni mootooraas kan socho'uu cilee bobeessuutiin. Cilee fi sibiillis bara kanatti baay'inaan ni oomishamu turan. Geejiibnii fi wal qunnamtiin bara kana jalqabe daandii babuuraa fi doonii motoraan (injiniin) deggeramuun jijjiirama guddaa taasiseera. Warraaqsi industirii inni lammaffaan kan eegale walakkeessa Jaarraa 19ffaa keessadha eegaleeti. Beekumsa saayinsaawaa guddatetti fayyadamuudhaan kalaqqiin teekinooloojii baay'een uumamaniiru. Meeshaaleen oomishaa bara itti eegalaniidha. Geejjibnii fi wal qunnamtiin bara itti babaldhateedha. Kanaafuu, Warraaqsi Industirii kalattii hundaan sochii guddina Jaarrichaati. Jijjiiramni jireenya hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaa gama hundaan taasifameera. Barri kun bara hojiiwwan adda addaa itti babaldhataniidha. Innis jireenya hawaasaa fooyyeessuu irratti gumaacha yeroo itti taasiseedha. Magaalonnis bara itti babaldhachuu jalqabaniidha. Hojiin daldalaa fi biizinasii adda addaa eegaluusaaniitiin namoonni gara magaalotaatti galuudhaan hojii industirii irratti baldhinaan bobba'aniiru.

Hojii industirii irratti baay'inaan bobba'uun namootaas uumamuu gitoota gurguddoo sirna kaappitaalizimii lamaaniif sababa ta'eera. Isaanis gita burzyaa fi gita dafqaan (hojjatee) bulaati. Uumamni gitoota lamaan kanaa jalqaba qabsoo gitaaf sababa ta'eera. Hojjattoonni haallii fi bakki hojii akka mija'uuf, (sa'atiin hojii akka itti hin baay'anneef, kaffaltiin mindaa akka fooyya'uuf) jecha gaaffii mirgaa yeroo itti eegalaniidha.

Haata'u iyyuu malee, qabsoon hojjatootaa kun bifa adda addaa qaba ture. Sochilee hojjatoota Luudaayitii fi Chaartistootaa akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Sochii Luundaayit jedhamu Jaarraa 19ffaa keessa sochii hojjattoota industirii biyya Ingliziiti. Hojjattoonni kun gaaffii isaaniif hojjachistoota isaanii irraa yeroo deebii dhaban, meeshaalee ittiin hojjatan yeroo itti barbadeessantu ture. Kunis sadarkaa qabsoo isa bilchina hin qabnee fi isa jalqabaa ta'uusaati. Baroota itti aanan keessattis sochiin Chaartisti jedhamus Ingilizii keessatti kan eegaleedha. Sochiin hojjatootaa kun meeshaalee cacabsuu irra rakkoo qabaniif miidhaa isaan irra gahe barreeffamaa fi mallattoo isaaniin mirkaneessuun paarlamaa biyyattiif dhiyeeffachuu kan itti eegalaniidha. Falaasamni Sooshaalizimii saayinsawaa (saayinitifikii Sooshaaliizimii) kan itti eegalees Jaarruma 19ffaa kana keessa ture. Beektoonni yaada kana maddisiisanis Kaarli Maarkisii fi Fireedriki Engilisii turan. Isaanis bara 1848tti kitaaba Komiinist Manifeestoo jedhamu

barreessaniiru. Akka yaada Maarkisitti qabsoon gitaa gidduu burzyaa fi hojjattootaa kan itti fufuu fi dhuma irratti hojjattootaan kan injifatamuudha.

Guddinni sirna Kaappitaalizimii biyyoonni industiriin guddatan akka addunyaa to'atan taasiseera. Kunis sirni Kolonii akka jalqabu ta'eera. Biyyoonni Awurooppaa industiriin badhadhan meeshaalee dheedhii, humna namaa fi gabaa barbaacha jecha biyyoota dinagdee fi guddinaan boodatti hafoo ta'an kanniin akka biyyoota Afrikaa fi Eeshiyaa humnaan qabachuu eegalaniiru. Biyyoonni Awurooppaa tokko tokko immoo lakkoofsi ummata isaanii baayyachaa yoommuu dhufee fi bakka jireenya (qubannaa) barbaachaa fi olaantummaa isaanii agarsiisuuf jecha weerara akka adeemsisan taasiseera.

Guddinni sirna Kaappitaalizimii sabboonummaa fi jijjiramni jireenya siyaasaa akka muldhatu taasisee jira. Yaaddan akka liberaalizimii, piluuralizimii fi demookraasii akka babaldhatan taasisee jira. Sabboonummaa jechuun hiika baay'ee kan qabudha. Biyya ofii jaalachuu, biyyi koo akkamitti biyyoota biraa gadi taati jedhanii quuqamuu fi akkamitti birmadummaan ishii sarbama jedhanii duuluu, akka ishiin cimtee biyyoota biroo caaltee argamtu hawwuu fa'aadha. Sabboonummaan fiixee lamaan irratti balaa qaba. Isaanis dhiphummaa fi oftuulummaadha. Faashisti Xaaliyanii fi Naazii Jarmanii akka fakkeenyaatti ni fudhatamu. Oftuulummaan, ilaalcha yookiin yaada saba koo qofaatu hundaa caala yookiin hunda ol jechuudha. Dhiphummaan ammoo, ilaalchaa fi yaada jibbiinsaa of keessatti qabachuun mirga jiraachuu saba biraa hubachuu dadhabuuti.

Yaadni Liberaalizimii kan ibsame Joon Ismaart Miil (1806–1873) nama jedhamuuni. Liberaalizamin mirga dubbachuu, mirga ceephoo, mirga waaqeffannaa fi mirga mootummaa to'achuu ummataa kan jedhu ta'ee, bara sanatti fudhatama guddaa argateera. Piluuraalizimiin, siyaasaa keessatti jiraachuu dhaabbilee siyaasaa adda addaa garaagarummaa qabanii jechuudha. Ummata keessatti immoo garaagarummaa amantaa ilaalchaa, sabummaa, aadaa k.k.f. tokkummaa keessa jiraachuu akka danda'aan yaada ibsuudha. Demookraasiin ammoo bulchiinsa mootummaa ummataati. Akka Abrahaam Liinkalan (Pireezidantii Ameerikaa bara 1861–1865tti) ibsetti, demookraasiin "Mootummaa ummataa, Mootummaa ummataanii fi Mootummaa ummataatiif" dhaabbatu jechuudha.

Waraana Addunyaa Tokkoffaa fi Lammaffaa

Waraana Addunyaa Tokkoffaa (1914–1918)

Waraanni Addunyaa maali? Sababni ka'umsa isaa hoo? Sadarkaan isaa garagar haa ta'u iyyuu malee, biyyoonni Awurooppaa marti waa'ee ka'umsa waraana Addunyaa Tokkoofaaf ni komatamu. Sababban gurguddoo ka'umsa Waraana Addunyaa Tokkoffaa kanniin armaan gadiiti.

1. **Sabboonummaa:** Faraansaayiin kutaa biyyaa ishii bara 1871 Jarmaaniin jalaa fudhatame Alseesii fi Looreeynii deebifachuuf murteessuu ishii, Sarbiyaan daangaa biyya ishii mootummaa Ostiriyaa-Hangaariin qabamee ummata Yugooslaaviyaan irra jiraatamaa jiru fedhuu ishii, biliisummaa barbaaduu irraan kan ka'e saboota kanneen akka Yugooslaaviyaanootaa, Cheekotaa, Siloovaakotaa fi Poolishootaa garamalee waraana barbaaduu fi murteewwan waraana deeggaruu isaanii fa'aa sababa turan.
2. **Waldorgoommii biyyoota Impeeriyaalistoota jidduutti biyyoota koloneeffachuuf ta'e:** Faraansaayii fi Jarman Morookoo irratti, Raashaa fi Ostiriyaa Hangaariin Balkaan (Kibba-Baha Awurooppaa) keessatti Ingilizii fi Jarman jidduutti Afrikaa Bahaa fi gidduu galeessa to'aachuurratti.
3. **Loltummaa (miliitaariizimii):** loltoota filachuun, leenjii dheeressuun, meeshaa ammayyaan hidhachiisuun qophii humnoonni Awurooppaa waraanaaf taasisan. Haaluma kanaan biyyoonni gurguddoo Awurooppaa gartee waraanaa lama ijaaruun waraanaaf of qopheessuu jalqaban.

Isaanis gartee Walta'iinsa sadeenii (Triple Alliance) fi gartee Waliigaltee sadeenii (Triple Entente) jedhamu. Miseensonni Walta'iinsa sadeenii Jarmanii, Ostiriyaa-Hangarii fi Xaaliyaanii turan. Miseensonni waliigaltee sadeenii immoo Faransaay, Ingilizii fi Raashaadha. Yeroo waraanichi jalqabamu Xaaliyaaniin garee walta'iinsa sadeenii (Triple Alliance) keessa ba'uun garee waliigaltee sadeeniitti (Triple Entente) dabalamtee loluu jalqabde.

4. Sadarkaa addunyaatti jeequmsa nageenyaa fi dhabamuu seeraa fa'a. Dhaabbilee addunyaa cimaa ta'e tokko dhabamuusaa fi walitti bu'iinsa biyyoota addunyaa kan ittisuu fi araarsu dhabamuu isaa, Manni murtii Addunyaa inni Heeg (The Hague Court of Arbitration) bara 1899tti kan hunda'ee yoo ta'eeyyuu, fudhatama dhabuu isaa fa'ati.

Waraana Addunyaa Tokkooffa jalqaba irratti biyyoonni addunyaa hundi akka jalaalaa fi jiibbinsa qabaniitti garee waraana lama jalatti gurmaa'aniiru. Gareewwan kunis Garee Walta'iinsa Sadeenii (Triple Alliance) dursee kan Ositriyaa Hangaarii, Jarmanii fi Xaaliyaaniin hundeeffame yammuu ta'u, booda Tuurkii Otomaan miseensa garee kanaa taate. Buligaariyaanis garee kanatti makamteetti.

Gareen Waliigaltee Sadeenii (Triple Entente) jedhamus dursee Ingilizii, Faransaayii fi Raashaan kan hundeeffame yommuu ta'u, booda (bara 1915) Xaaliyaaniin itti dabalamuun Waliigalticha cimsiteetti. Erga Sarbiyaa fi Beeljiyem garee kanatti dabalamanii booda biyyoonni 25 ol ta'an garee kana gargaaruun garee Seentraal Poweeriitin (Walta'iinsa Sadeenii) wal waranuu jalqabaniiru.

Biyyoonni addunyaa yeroo sanatti akka mootummaatti jiran marti kallattiinis ta'ee alkallattiin garee kana keessaa gara isa tokkoo ta'uun wal lolaa turan. Waraana Addunyaa kan jechisise biyyoonni addunyaa hundinuu waraana kana keessatti qooda fudhachuu isaaniiti.

Adeemsa Waraana Addunyaa Tokkoffaa

Sababni battalaa ka'umsa Waraana Addunyaa Tokkoffaa maali? Ajjeechaan Firaanziis Fardinaandi dhaalaa gonfoo Ostriyaa-Hangaarii irratti raawwatame, ka'uumsa Waraana Addunyaa Tokkoffaaf sababa isa battalaati. Fardinaandiin kan ajjeesse lammii Sarbiyaa kan ta'e Gaviiriiloo Priinsiip nama jedhamuudha. Ajjeechaan kunis kan raawwatame Waxabajjii 28 bara 1914tti osoo Firaanzis Fardinaandi biyya Boosiniyaa magaalaa Saraajeevootti dawwaannaa irra jiruu ti. Sababa du'a dhaalaa gonfoo mootummaa ishiin kan ka'e Ostiriyaa Hangaariin akeekkachiisa waraanaa Sarbiyaaf kennite. Raashaan ammoo Sarbiyaa gargaaruuf jecha humna waraana ishii sochoofte. Jarmaniin immoo Ostiriyaa gargaaruun Raashaa irratti waraana labsite. Kanaan booda gareen lamaan waraana walitti kaasuun waraanni Addunyaa tokkoffaan jalqabame.

Jijjiirama Waraanni Addunyaa Tokkoffaan Fide

Badii Waraannii Addunyaa Tokkoffaa geessise maal faa? Badii Waraanni Addunyaa Tokkooffaa karaa hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaa fide haala armaan gadii kanaan dhiyaateera.

A. Karaa hawaasummaan rakkoo gahe

- Namoonni miliyyoona 10tti tilmaamaman du'aniiru.
- Maatii baay'een bittinna'aniiru.
- Sababa abbaan warra duulee achumaan hafeef, dubartoonni baay'een abbaa manaa malee hafaniiru. Kunis rakkoo hawaasummaa fiduu danda'eera.

B. Karaa dinagdee rakkoo gahe

- Qabeenyi qarshii miliyoona hedduutti tilmaamamu manca'eera.
- Warshaaleen oomishaa baayyeen manca'aaniiru.
- Riqichoonni baay'een diigamaniiru, daandiin baay'eenis tajaajilaan ala ta'aniiru.

C. Karaa siyaasaa rakkoo gahe

- Gareen walta'iinsa sadeenii waan mo'aameef, biyyoonni kolonii isaanii akka garee mo'aateef, (waliigaltee sadeenii) hiramu taasifameera.
- Impaayeroonni sadii kan Ostiriyaa-Hangaarii, Otoomaan Turkii fi Jarmanii digamaniiru.
- Mootummoonni haaraan kan akka Cheekoosloovakiyaa, Yugooslaaviyaa fa'a uumamaniiru.
- Ligiin Mootummoota Addunyaa hundeeffameera.
- Dhuma irrattis waliigalteen nagaa magaalaa Varsaayi (Faransaay) keessatti Waxabajjii 29, bara 1919 mallatteeffamuun xumuraameera.

Liigii Mootummoota Addunyaa

Liigiin Mootummoota Addunyaa bara 1919tti Faransaay magaala Varsaayi keessatti garee waraana Addunyaa mo'ataniin hundeeffame. Haa ta'u malee, Liigiin humna cimaa qabaatee hojii nageenya addunyaa yeroo dheeraaf eegsisuu hin dandeenye. Sababoonni isaas:

1. US Ameerikaan miseensa Liigichaa ta'uu hin dandeenye. Paarlaamaan biyyattii akka mootummaan Ameerikaa miseensa hin taane sagalee caalmaan dhorke. Biyyi humna waraanaanis ta'e dinagdeen cimtuu taate kun osoo miseensa hin ta'in hafuun akka Liigichi laafu taasiseera.
2. Sooviyeet Raashaanis miseensa Liigichaa kan taate turte bara 1934tti dha. Kunis humna dhabiinsa Liigichaaf gumaacheera.
3. Biyyoonni miseensa ta'an kanneen akka Jarmanii fi Jaappaan bara 1933tti, Xaaliyaaniin immoo bara 1936tti miseensummaa isaanii dhiisuun waan keessaa ba'aniif liigichi dadhabuu danda'e.

   Kana irraa ka'uun Liigiin Mootummoota Addunyaa yeroo Jaappaan Maanchuuriyaa (Kaaba-Baha Chaayinaa) bara 1931tti, Xaaliyaaniin Itoophiyaa bara 1935tti weeraran ittisuu hin dandeenye. Kanaafuu, Liigichi kufuu danda'eera.

Waraana Addunyaa Lammaffaa (1939–1945)

Waraanni Addunyaa Lammaffaan biyyoota kam jidduutti adeemsifame? Waraanni Addunyaa lammaffaan kan adeemsifame garee waraana Allaayid paaworii fi Aksiisi paawor jedhaman jidduutti bara 1939-1945tti. Garee Allaayid paawor beekamoon Faransaayi, Ingilizii, USA, USSR (Raashaa) fa'a. Gareen Aksiis Paaworii ammoo Jarmanii, Jaappaanii fi Xaaliyaanii fa'adha.

Sababban Waraana Addunyaa Lammaffaa

Sababban Waraana Addunyaa Lammaffaa maalfaa?

1. Ka'umsaa fi aangoo qabachuu mootummoota faashistootaa kanneen akka Naazii Jarmanii, Faashistii Xaaliyaanii, qondaaltota waraanaa Jaappaan,
2. Dhiibbaa Waliigaltee Varsaayi bara 1919 mallatteeffame. Injifatamuu waraana Addunyaa Tokkoffaa akka qaanitti qabatanii haaloo ba'uuf qopha'uun Jarmanootaa, bu'uura sababa kanaati.

Hiitilar Jarman keessatti osoo aangoo hin qabatiinis ta'e, eerga aangoo qabatees kan inni faarsaa ture waa'ee waliigaltee Varsaayiti. Jarman dirqisiifamtee "waliigaltee garbummaa" (Slave treaty) mallatteesite jedhaa ture. Bara 1933tti akka aangoo qabateenis tarkaanfii isaa duraa waliigalticha laamshessuudha. Xaalyaaniinis taanaan waadaa yeroo Waraana Addunyaa Tokkoffaa galameef waan hin raawwatamneef dallanteetti. Kana irraa ka'uun garee Jarmanii taatee warra Waraana Addunyaa Tokkoffaa irratti mo'ate haaloo ba'uu barbaaddi turte. Mosoloniinis Xaaliyaanii keessatti erga mootummaa faashistootaa bara 1922tti hundeessee eegalee waan inni afaarsaa ture godaannisa qaanii Aduwwaa irratti Xaaliyaanii irra ga'e haquudha. Egaa faashiizimii jechuun oftuluummaa sabboonummaa, goolii yookiin jeequmsa dinqiisiifachuu fi impeeriyaalizimii jajachuu waan ta'eef, mootummaan isaaniis kana galmaan gahuudhaaf hojjachuu eegale. Naazonni sanyiin Jarmanootaa (Aariyaanonni) sanyii namaa hunda caaluu dha" jedhu.

3. Rakkoolee kufaatii dinagdee addunyaa bara 1929-1933tti tureen walqbatan. Hojjatoonni miliyoona hedduun lakka'aman hojii dhabeeyyii waan ta'aniif afarsaa olola Naazii fi Faashiizimiif haala mijeessuu danda'eera.

Hiitlarii



Mosoloonii

Fakkii 1.9

Adeemsa Waraana Addunyaa Lammaffaa

US Ameerikaan osoo waraanatti hin seeniin maaliif turte?

- Bara 1931tti Jaappaan Manchuuriyaa (Kaaba-Baha Chaayinaa) weerarte. Liigiin Mootummoota Addunyaas tarkaanfii fudhachuu hin dandeenye. Mudde bara 1935tti ammoo Xaaliyaaniin Itoophiyaa irratti weerara banuun du'a Liigii Mootummoota Addunyaa mirkaneessiteetti. Bara 1936-1939tti gargaarsa faashistootaatiin Jeneraal Firaankoon Ispeen keessatti mootummaa ummataan filatame fonqolchee aangoo qabate. Ebla bara 1938tti Adoolf Hiitlar Ostiriyaa Jarmanitti dabale. Itti aansees Cheekosloovaakiyaa qabate. Hanga kun hundinuu ta'etti qaamni adeemsa faashistootaa morme hin turre. Dhuma irratti Jarmaniin Polaandiin Fulbaana 1, bara 1939 weerartee qabachuu ishiitiin Waraanni Addunyaa Lammaffaan eegalameera. Guyyaa lama booda Ingilizii fi Faransaayiin Jarman irratti waraana labsuun Awurooppaa keessatti Waraanni Addunyaa Lammaffaa eegalameera.

Jaappaan bara 1941tti buufata doonii US Ameerikaa kan taate Piirl Harbar, Hawaay keessatti argamtu boombiin rukutuun barbadeessite. US Ameerikaanis gocha Jaappaan kanaan osoo hin jaallatiin

waraanichatti seente. US Ameerikaanis magaalota Jaappaan Hirooshimaa fi Nagaasaakii boombii atoomikiin rukutuun waan barbaadeessiteef Jaappaan harka kennuuf dirqamte. Haalli kun immoo madaalliin humna waraanaa gara diinota Jarmaniitti akka duufu taasiseera. Haaluma kanaan Jarmanii fi gareen ishee mo'amuun waraanichi bara 1945tti xumurameera.

Miidhaa Waraanichi Geessisee fi Jijjiirama Muldhate

- Qarshiin Biliyoonaan lakka'amu waraanaaf ba'eera, akkasumas qabeenyi hedduun manca'eera. Fakkeenyaaf, waraanaaf, doolaariin Ameerikaa billiyoona 1,100 kan ba'e yammuu ta'u qabeenyi doolaarii Ameerikaa billiyoona 230tti tilmaamamu manca'eera.
- Namoonni miliyoona 50 ol ta'an du'aniiru.
- Mootummoonni kanneen akka Jarmanii, Xaaliyaanii fi Jaappaan waan mo'amaniif mootummoonni isaanii aangoo irraa bu'aniiru. Karaa biroo immoo US Ameerikaa fi Sooviyeet Raashaan mootummoota aangoo olaanaa qaban ta'uun addunyaa dursuu jalqaban.
- Waraana Addunyaa Lammaffaa booda addunyaan bakka lamatti qoodamte. Gareen tokko sirna kaappitaalizimii kan hordofu yammuu ta'u, US Ameerikaan dursama. Gareen biroon immoo sirna koomuniizimii hordofuun Sooviyeet Raashaan kan dursamu ture.

Biyyoonni gareen lamaan dursan addunyaa karaa siyaasaa fi dinagdee of jala galchuuf dorgommii cimaa gaggeessaa turan. Haalli kunis waraana ololaa (Cold war) jedhamuun beekama. Adeemsi siyaasaa kunis hanga Sooviyeet Raashaan diigamtetti itti fufuu danda'eera.

GILGAALA 1.4 A

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Jijjiirama warraaqsi industirii fide maal fa'i?
2. Hiikaan Liiberaalizimii fi Piluraalizimii maali?
3. Sababban ka'umsa waraana Addunyaa isaan gurguddoo tarreessi!
4. Liigiin Mootummoota Addunyaa maaliif kufuu danda'e?
5. Addunyaa keessatti, Jijjiirama Waraana Addunyaa Lammaffaa booda dhufe ibsi!

Qabsoo Ummanni Afrikaa Babaldhina Sirna Kolonii Irratti Adeemsise

Awurooppaanonni maaliif Afrikaa koloneeffatan? Jaarraa 19ffaa gara dhumaatti biyyoonni Awurooppaa dinagdeen isaanii guddate Afrikaa koloneeffachuuf dorgommii eegalan. Awurooppaanonni gara Afrikaatti kan dhufne "Ummata Afrikaa qaroomsuuf" haa jedhan malee, kan isaan ardii Afrikaa walsaamaniif sababa dinagdeef akka ta'e beekamaadha. Beektonni Awurooppaa kanneen akka Joon Hobson (lammii Ingilizii) fi Vilaadimiir Leeniin (lammii Raashaa) sababa Awurooppaanonni Afrikaa qabataniif inni guddaan dinagdee ta'uu isaa dhugaa ba'aniiru. Awurooppaanonni meeshaa dheedhii Afrikaa kanneen akka Zayita Paalmii, Jirbii, goommaa (rubber) fi albuuddan ni barbaadu turan. Afrikaan burqaa meeshaa dheedhii qofa osoo hin taane gabaa guddaa meeshaalee dhumataa warshaalee isaaniis turte. Kana irraa ka'uun oomishinni Afrikaanotaa kanneen warra Awurooppaa waliin waldorgomuu waan hin dandeenyeef kufaa deemuu danda'eera.

Qabsoo kolonii ofirraa ittisuuf Afrikaanonni adeemsisan sababoota sadiif hin milkoofne. Isaanis:

1. Qabsoon Afrikaanotaa kan qindaa'e hin ture.

2. Awurooppaanonni meeshaa ammayyaatiin olaantummaa waan qabaniif.
3. Garaagarummaa Afrikaanota gidduu jirutti fayyadamuun isa tokko isa biroo irratti kaasaa waan turaniif.

Qabsoo ummanni Afrikaa weerara Awurooppaanotaa ofirraa facisuuf adeemsise keessa isaan armaan gadii ilaalluun ni daada'ama.

Ashaantee

Jaarraa 19ffaa keessa mootummaan Ashaantee mootummoota dhiha Afrikaa keessatti argaman keessaa isa guddaa fi humna qabeessa ture. Mootummaan Ashaantee biyya amma Gaanaa jedhamtu keessatti hundeeffamte. Galii guddaa Ashaanteen qabdu daldala warqii irraa argama ture. Ingiliziin bakka warqiin kun itti argamu of harka galchuu barbaadde. Haaluma kanaan masaanuu Ashaantee kan ta'e ummata Faantee deggaruun akka Ashaantee irratti ka'an taasifte. Kana irraa ka'uun Ingilizii fi Ashaantee jidduutti waraanni walakkaa bara 1820n keessa dhohe. Haa ta'u malee, bara 1826tti waliigaltee mallatteessuun waraanni gidduu isaanii qabbanaa'e. Waliigaltee diiguun Ingilizoonni naannoo sanatti olaantummaa qabachuun bakka hedduu to'atan. Gochi kun waan isa aarseef mootiin Ashaantee bara 1873tti iddoowwan Ingilizoonni qabatan waan weerareef waraanni gidduu isaanitti yeroo lammaffaaf ka'e. Kana irraa ka'uun bara 1874tti Ingilizoonni humna cimsatanii lafa Ashaantee weeraruun magaalaa guddoo Ashaantee Kumaasii to'atan. Ingilizoonni yeroof magaalattii gadi lakkisanii yoo ba'aniyyuu, Ashaanteen dhuma irratti dadhabaa deemuun Ingilizii harkatti bara 1896tti kufuu dandeesseetti.

Saamorii Turee

Saamorii Turee bara 1860n keessaatti naannoo amma Seneegaal jedhamutti mootummaa ummata cimaa Maandinkaa ijaare. Saamoriin nama amantii yoo ta'u baatellee, ummata walitti qabuuf amantii Islaamaatti fayyadameera. Waraana inni ijaare bu'uura cimina Impaayeera Maandinkaa bara 1880n keessaa ta'uu danda'eera. Humni cimaan inni ijaare kun sirna kolonii Faransaay Jaarraa 19ffaa dhuma irratti ofirraa faccisuuf gahee guddaa taphate.

Bara 1890n keessa Faransaay waliin waliigaltee mallatteessee ture. Haa ta'u malee, Faransaayonni waliigalticha diiguun biyya isaa qabachuu yaalan. Kana irraa ka'uun Saamorii Tuuree Faransaayota ofirraa faccisuuf murteesse. Waggoota torbaaf Faransaay waliin wal waraane. Dhuma irratti garuu, bara 1898 waraana Faransaayiin qabamuun hidhamee gara Gaaboonitti ergame. Waggaa lama boodas du'uu danda'eera.

Waraana Aduwaa

Fakkeenyummaan Waraanni Aduwaa biyyoota Afrikaa biroo fi ummata Gurraachaaf qabu maali?

Itoophiyaan Afrikaa keessaa biyya jalqaba weerara koloneeffattootaa ofirraa faccisuun milkooftedha. Mootii Moototaa Yohaannis 4ffaan bara mootummaa isaatii keessa Xaaliyaanonni Masaawwaadha gara baddaa Ertiraatti akka hin baballanneef waraanaan ittisaa ture. Haa ta'u malee, du'a Yohaannis (1889) booda Xaaliyaanonni Asmaraa qabachuun guutummaa Eritiraa bulchuu jalqaban.

Du'a Yohaannis booda Itoophiyaa mo'aa kan ture Minilik 2ffaa dha. Xaaliyaanonni Caamsaa bara 1889tti Minilik waliin waliigaltee wucaalee mallatteessanii turan. Haa ta'u malee, Keeyyata 17ffaa waliigaltee kanaa irratti garaagarummaan himaa muldhate. Waliigaltichi kan barreeffame Afaan Xaaliyaanii fi Afaan Amaaraan ture.

Hiikaa keeyyatichaa inni Afaan Xaaliyaaniin barreeffame kan jedhu Itoophiyaan biyyoota alaa yoo qunnamuu barbaadde karaa Xaaliyaanii fayyadamuutu irra jira yammuu jedhu, inni Afaan Amaaraan

barreeffame immoo biyyaa alaa qunnamuu yoo barbaadde Xaaliyaaniitti fayyadamuu dandeessi kan jedhudha.

Minilik tooftaa Xaaliyaaniin qunnamtii biyya alaa Itoophiyaa to'achuuf uumte yammuu bira gahu waliigalticha kan hin kabajne ta'uu isaa mootummaa Xaaliyaaniif ibse. Xaaliyaaniinis waliigalticha humnaan hojii irra oolchuuf humna waraanaa fayyadamuuf murteessite. Kanaafis, Waliigaltee Wucaalee keeyyanni 17ffaan ka'umsa waraana Aduwaatiif sababa ta'e.

Waraana bara 1896tti Aduwaa irratti adeemsifameen Itoophiyaan Xaaliyaanii injifachuun yeroo jalqabaaf seenaa haaraa galmeessite. Seenaan kunis seenaa biyyi Afrikaa tokko, waraana koloneeffattoota Awurooppaa ammayyaa ta'e irratti olaantummaa argachuun ummata gurraachaaf fakkeenya gaarii fi boonsaa isa ta'eedha.

Itoophiyaan Aduwaa irratti injifannoo argachuun ishii, Xaaliyaanii dabalatee biyyoonni Awurooppaa biroon bilisummaa Itoophiyaa fudhachuun embaasota isaanii Finfinneetti banuun qunnamtii dippiloomaasii fi daldalaa akka eegalan isaan taasise.

Fincila Maaji Maajii

Fincilli Maaji Maajii eessatti akka raawwatame beektaa? Fincilli Maaji Maajii kan raawwatame biyya Taangaanikaa keessatti Koloneeffattoota Jarmanii irratti ture. Jechi Maajii jedhu akka afaan Suwaahiliitti bishaan jechuudha. Fincilli kun bara 1905–1907tti adeemsifame. Sababni isaas cunqursaa sirna kolonii Jarmanii of irraa qolachuuf ture.

Jarmanoonni kolonii isaanii Baha Afrikaa keessatti argaman dirqisiisuun jirbii akka oomishan taasisaa turan. Jirbii oomishamuu kanaas daldala biyya alaaf itti fayyadamaa turan. Kana malees, Jarmanoonni Afrikaanota irratti gibira humnaa olii fe'aa turuu isaanii irrayyuu, hojii humnaa hojjachiisuun daandii fa'a ijaarsisaa turan.

Sirni bittaa Jarmanii kun haala jireenya hawaasummaa ummata Taangaanikaa fi kanneen biroo jeeqeera. Dhiirri hojii dirqamaatti qabamee gara qee'ee isaatti yeroon deebi'uu waan hin dandeenyeef hojii inni hojjachuuf malee dubartoonni bakka bu'anii hojjachuuf dirqaman. Kana malees, sababa imaammata koloneeffattootaan beelli bara 1905tti biyyattii sodaachise. Haallan kunniin walitti qabamanii ummanni sirna kolonii Jarmanii irratti Adoolessa bara 1905tti fincila akka kaasu taasise.

Fincila kana irratti ummanni hundi akka hirmaatan onnachiisuuf jecha abbootiin amantii rasaasa Jarmanootaa qoricha bishaanitti deebisu qabna jechuun gara jabinaan akka Jarmanoota irratti ka'aniif dadammaqisaniiru.

Jarmanoonni meeshaalee ammayyaa fayyadamuun ummata Taangaanikaa kuma dhibba lamaa ol ajjeessuun fincilicha qabbaneessuu yoo danda'an illee qabsoo Jarmanoota baha Afrikaa keessatti mudate isa guddaa dha.

Fincila Maawu Maawu

Fincilli kun Keeniyaa keessatti bara 1952 kaasee ummata Kikkuyyuun kan raawwatame yammuu ta'u, kan ka'es sirna kolonii Ingilizii irratti ture. Lafti ol ka'aan Keeniyaa qotiisaa fi bakka jireenya warra adiif mijaa'aa waan ta'eef Ingilizoonni lafa ummata Keeniyaa humnaan fudhachuuf qotiisaaf oolchuu jalqaban. Ummanni Kikkuyyuu immoo saamicha lafaa Ingilizoonni irraan gahaniin baayyee miidhaman. Kana malees, koloneeffattoonni humna rakasaa waan barbaadaniif ummanni Keeniyaa kaffaltii xiqqaadhaan qotiisa warra adii irraa akka hojjatan dirqisiifamuu eegalan.

Bara 1948tti ummanni Kikkuyyuu miliyoona tokkoo fi kuma dibba lamaa fi kuma shantama (1,250,000) ta'u lafa Iskuweer kiiloomeetira kuma shanii fi dhibba lama (5,200 km^2) irratti akka murtaa'ee jiraatu

yammuu itti murtaa'u qubattoonni Ingilizootaa kuma soddoma (30,000) ta'an immoo lafa Iskuweer kiilomeetira kuma soddomii tokko (31,000 km^2) akka qabatan taasifaman.

Sababonni armaan olitti tuqaman ummanni Keeniyaa sirna kolonii Ingilizii irratti akka fincila kaasu isa taasiseera. Fincilli kunis Maawu Maawu jedhamuun beekama. Innis mootummaan Ingilizii waraana ajajuun fincila ummata Keeniyaa macaqisuu danda'eera. Haa ta'u malee, bilisummaa Keeniyaaf bu'uura guddaa buuseera. Fincila Maawu Maawu kana keessatti pirezidaantii Keeniyaa isa duraa kan ture Joomoo Keeniyaattaa Ingilizootaan hidhameera. Ummanni Keeniyaa fincila kana irratti dhume kuma digdamaa ol akka ture ni himama.

Koloneeffattoonni Meeshaalee dheedhii humna rakasaa fi gabaa Afrikaa barbaaduuf jecha Jaarraa 19ffaa keessa gara Afrikaatti dhufan Itoophiyaa fi Laayibeeriyaa malee biyyoota Afrikaa hunda koloneeffataniiru. Haa ta'u malee, ummanni Afrikaa hanga danda'u sirna bittaa kolonii ofirraa faccisuuf yaaleera. Sababoota dhabiinsa meeshaalee waraanaa Ammaayyaa, qindoomina dhabuu fi walitti bu'iinsa Afrikaanotaa gidduu tureen qabsoon Afrikaanotaa milkaa'uu hin dandeenye.

Weerara sirna kolonii ofirraa faccisuun Afrikaa keessatti kan milkoofte Itoophiyaa qofa. Innis injifannoo Aduwaatiin bara 1896 argameedha.

Qabsoo Ummanni Afrikaa Bittaa Sirna Kolonii Irratti Adeemsise

Ummanni Afrikaa bittaa koloneeffattootaa callisee hinfudhanne. Karaa danda'u hundaan bilisummaa isaaf qabsaa'eera. Qabsoon bilisummaa karaa lamaan adeemsifamaa ture. Inni tokkoffaan qabsoo hidhannon yammuu ta'u, inni lammaffaan ammo karaa nagaatiin ture. Biyyoonni karaa hidhannoonis ta'e karaa waliigaltee nagaatiin milkaa'an ni jiru.

Tuuniiziyaan biyya kaaba Afrikaatti argamtu yammuu taatu bittaa sirna kolonii Faransaay jala turte. Dhaabni siyaasaa bilisummaa Tuuniiziyaaf qasaa'aa ture Nii'oo Dastar jedhama. Dhaaba kana hogganaa kan ture nama Habiib Burgiiba jedhamudha. Bara 1952tti motummaan Faransaay namoota hiriira nagaa bahan irratti dhukaasa bane. Gochi Faransaay kun ummata Tuuniiziyaa qabsoof kakaase.

Mootummaan Faransaay sochii bilisummaa Tuuniiziyaa to'achuuf tarkaanfii fudhataa ture. Tarkaanfii kana keessaa inni jalqabaa hogganaa Nii'oo Daastar kan ta'e Habiib Burgiibaa hidhuu ture. Tarkaanfiin kun fudhatamus qabsoon ummatichaa itti fufe. Kanarraa ka'uun Faransaay Tuuniiziyaaf bilisummaa ishee kennuuf dirqisiifamte. Haaluma kanaan Tuuniiziyaan Bara 1956tti bilisummaa ishee argatte. Habiib Burgiibaas pirezidaantii isa jalqabaa ta'e.

Misir keessattis qabsoon bilisummaa yeroo dheeraaf adeemsifameera. Misir Bara 1920 kaastee bilisa haa jedhamtuuyyuu malee harka lafa jalaan bittaa Ingilizii jala Turte. Biyyattii keessatti dhaabni siyaasaa bara 1919 kaasee sochoo'aa ture jira. Innis Waafd jedhama. Bara 1946tti Hiriira nagaa magaalaa Kaayirootti adeemsifame irratti mootummaan Ingilizii dhukaasa bane. Gochi Ingilizii kun qabsichi akka cimu taasise.

Bara 1952tti Loltoonni Misir fincila kaasuun mootummaa mootii Faaruuq isa ingiliziin deggaramu aangoo irraa buusan. Mootichis aangoo lakkisee biyyaa bahe. Aangoo lakkisuu mootichaa booda Alii Maaheer muummicha ministeeraa yammuu ta'u Jeneraal Mohaammad Naagiib dura taa'aa ta'e. Haa ta'u malee hoggantoonni lamaan yeroo gabaabaa booda aangoo irraa bu'aniiru.

Bara 1953tti Misir Riippuublikii taate. Jamaal Abdul Naasiris pirezidaantii biyyattii ta'uun muudame. Jamaal Abdul Naasir erga aangoo mootummaa qabatee booda tarkaanfiiwwan adda addaa fudhate. Ingiliziin Misir keessaa waraana ishee akka baaftu gaafate. Itti aansee Bo'oo Suwiizii harka Misir jala galche. Tarkaanfii inni fudhate kun Ingilizii, Faransaayii fi Israa'eel waliin ta'uun Bara 1956tti waraana akka itti banan taasise. Waraana kana irrattis biyyoota gurguddoo biraa mormiin waan kaa'eef akka

dhaabbatu taasifameera. Haala kanaan Misir Bo'oo Suwiiz ofharka galfachuun injifannoo argachuu dandeesseetti.

Afrikaan Kibbaa biyya ummanni adda addaa keessa jiraatudha. Isaanis Afrikaanota, ummata hundeen isaanii Awuroppaa ta'e, Hindootaa fi walmakaa kanneen ta'anidha. Awurooppaanota keessaa dursanii gara Afrikaa Kibbaa dhufuun kan qubatan Dachoota(Holaandota). Isaanis gara Afrikaa Kibbaa kan dufan Jaarraa 17ffaa keessa ture. Gara boodaa Ingilizoonni gara naannoo kanaa dhufuun human waraanaatti fayyadamuun Afrikaa Kibbaa koloneeffataniiru.

Bara 1948tti Partiin warra adiin gaggeeffamu Naashinaal Partii jedhamu aangoo mootummaa qabate. Paartiin kun akkuma aangoo qabateen sirna ummata adii fi gurraacha addaan baasu hojii irra oolchuu jalqabe. Seerota hedduu baasuun sirna sanyummaa irraatti hundaa'e Afrikaa Kibbaa keessatti mirkaneessuun olaantummaa warra adii ijaaruu itti fufe. Sirni sanyiin addaan baasee bulchuu kun Appaartaayid jedhama. Sirna kanaan ummanni gurraachaa Afrikaa Kibbaa bakka hiyyummaan keessatti dagaagee fi namoonni heddumminaan keessa jiraatanitti akka ittifaman taasise. Gurraachaa fi adiin mana barumsaa tokkootti akka hinbarrane, bakka bashannanaa tokkotti akka hinbashannanne, akkasumas konkolaataa tokkoon akka hin adeemne taasifame. Gochawwan mootummaa warra adii kun ummanni Gurraachaa Afrikaa Kibbaa sirna Appaartaayidii irratti akka qabsaa'uu isa taasise. Dhaabni qabsoo ummata gurraachaa Afrikaa Kibbaa dursaa ture Koongirasii Biyyoolessa Afrikaa (African National Congress, ANC) jedhama. Innis kan hundeeffame Bara 1912tti.

Dhaaba kongirasii Biyyoolessa Afrikaa hogganaa kanneen turan Oliivar Taamboo, Niilsan Maandeellaa fi Waaltar Siisuluu fa'a. Bitootessa bara 1960tti magaalaa Shaarpivil keessatti ummata hiriira nagaa ba'e irratti mootummaan Afrikaa Kibbaa dhukaasuun namoota 69 ajjeessuun 180 ammoo madeesse. Gochii mootummaa Afrikaa Kibbaa kun qabsoo bilisummaaf taasifamu akka finiinu taasise.

Koongirasiin Biyyoolessa Afrikaa sochii nageenyaan qofa bilisummaan argamuu akka hindandeenye hubachuun qabsoo hidhannoo adeemsisuuf murteesse. Sochiin bilisummaa cimaa deemuu isaa hubachuun mootummaan Afrikaa Kibbaa qabsaa'ota kanneen akka Niilsan Maandeellaa, Waaltar Siisuluu faa irratti hidhaa umurii guutuu murteesse. Haa ta'u malee, dhiibbaa karaa biyya keessaa fi biyya alaatiin irra gahaa tureen mootummaan Afrikaa Kibbaa Niilsan Maandeellaa hiikuun filannoon akka adeemsifamu taasise. Filannoo bara 1994tti taasifameen Koongirasiin Biyyoolessaa waan mo'ateef Niilsan Maandeellaan pirezidaantii ummata gurrachaa keessaa ba'e isa jalqabaa ta'eera. Sirni appaartaayidis Afrikaa Kibbaa keessaa akka haqamu taasifame.

GILGAALA 1.4 B

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Qabsoo ummanni Ashaantee Ingilizii irratti adeemsise gabaabsii ibsi!
2. Saamorii Tuuree eenyu?
3. Sababni waraana Aduwaa bara 1896 kaasuu danda'e maali?
4. Fincilli Maaji Maaji sirna kolonii kami irratti adeemsifame?
5. Sababoota fincila Maawu Maawu kaase tarreessi!

Cuunfaa

Addunyaan irra jiraannu qaama dachee ardiilee torba qabuu fi qaamman bishaana'ootti qoodamti. Ardiileen torbanuu danaa, baldhinaa fi teessuma lafaa garaagaraa qabu. Ardiin addunyaa irratti

baldhinaan tokkoffaa ta'e, gaara olk'iinsa guddaa qabuu fi lafa gad dhooqaa sirri irra galaanaatii gaditti gad fageenya guddaa qabu itti argamu Eeshiyaadha.

Qaamman bishaana'oon addunyaa irratti argaman garbawwan gurguddoo, galaanota, harawwnii fi laggeeni. Bishaan fuula lafaa irratti argaman keessaa 97% kan ta'u garbawwan gurguddaa fi galaanota keessatti argama. Bishaan garbawwanii fi galaanota keessatti argamu soogiddaa'aa yoo ta'u, kan haraa fi laggeen keessatti argamu bishaan soogidda hin qabne (fresh water) dha.

Ummanni addunyaa naannoo garaagaraa keessa jiraatu afaanota adda addaa maatii afaaniitti qoodamu dubbatu. Ummatoonni baroota durii bakkeewwan addunyaa qubate keessatti wantoota jireenya isaaniif ta'u wayita hojjatan qarooma fiduu danda'an keessaa isaan beekamoon Giriik, Roomaa, Chaayimaa, Parshiyaa fi Inkaa turan. Qaroomman bara durii kunniinis guddina dinagdee, industirii fi tajaajila hawaasummaa ammayyaatiif bu'uura ta'aniiru.

Sirna kaappitaalizimii hundeeffamaa fi babaldhina industirii wajjin walqabatee meeshaalee dheedhii fi gabaa baldhinaan argachuuf dorgommiin lafa baldhaa qabachuu Awurooppaa keessatti uumamee ture. Sababa kanaan biyyoonni addunyaa baay'een gita bittaa koloneeffattootaa jala galaniiru. Ka'uumsi Waraana Addunyaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} lubbuu namoota miliyoona baay'een lakkaa'aman akka galaafatamuu fi qabeenyi akka barbadaa'uf sababa ta'eera.

Koloneeffattoonni Meeshaalee dheedhii humna rakasaa fi gabaa Afrikaa barbaachuuf jecha Jaarraa 19^{ffaa} keessa gara Afrikaatti dhufan Itoophiyaa fi Laayibeeriyaa irraan kan hafe biyyoota Afrikaa hunda koloneeffataniiru. Haa ta'u malee, ummanni Afrikaa hanga danda'u sirna bittaa kolonii ofirraa faccisuuf yaaleera. Sababoota dhabiinsa meeshaalee ammaayyaa, qindoominaa fi walitti bu'iinsa Afrikaanotaa gidduu tureen qabsoon Afrikaanotaa milkaa'uu hin dandeenye.

Weerara sirna kolonii ofirraa faccisuu Afrikaa keessatti kan milkaa'e Itoophiyaa qofa. Innis injifannoo Aduwaa irratti bara 1896tti argamenidha.

GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 1

Kutaa I: Himoota armaan gadii dhugaa yookiin soba jechuun deebisi.

1. Dhalli namaa calqaba irratti gara qaroomaatti kan seene bineensota ofitti madaqsee horsiisuu fi biqiloota dhaabee oomisha irraa argachuun ture.
2. Hordoftoonni amantii kamiiyyuu uumama irrattis ta'ee qajeelfama irratti yaada walfakkaataa qabu.
3. Haallan uumamaa faca'iinsa ummataa irratti dhiibbaa uuman qilleensa baramaa fi gabbina biyyee qofa.
4. Mumbaay magaalaa biyya Hindii keessaatti turiistoota hawwachuun beekamteedha.
5. Warraaqsi industirii bara 1750-1870 biyyoota Eeshiyaa bahaa keessatti gaggeeffame.
6. Calqabuu sirna koloniif kan bu'uura ta'e guddina sina kaappitaalizimiiti.
7. Ligiin Mootummoota Addunyaa xumura waraana addunyaa 2^{ffaa} irratti hundeeffame.
8. Fincilli Maajii Maajii qabsoo biyya Taanganikaa keessatti koloneeffattota Jarmanii ofirraa fonqolchuuf gaggeeffamedha.

Kutaa II: Filaannoowwan arfan kennaman keessaa kan sirrii ta'e filadhuutii deebisi.

1. Karaan bishaan irraa namaan qotamee lafa qaldhoo ardiilee Eeshiyaa fi Afrikaa walqunnamsiisu addaan kutuun Galaanota Meediteraaniyaa fi Galaana Diimaa walitti baase:
   A. Paanamaa Istimas B. Siwuz Kaanaal
   C. Baabi'eel Mandab D. Istireet Jiblaartar
2. Ardiin addunyaa irratti gaarri olka'iinsa guddaa fi lafti gad dhooqaan gad bu'iinsa guddaa qabu irratti argamu:
   A. Afrikaa B. Awurooppaa
   C. Ameerikaa Kibbaa D. Eeshiyaa
3. Garbi Guddaan addunyaa irratti baldhina olaanaa fi gad fageenya guddaa qabaachuun beekame:
   A. Paasifiik B. Atilaantik
   C. Hindii D. Arkitik
4. Ardiin maatiin afaanii Indoo-Yurooppiyaansi keessatti dubbatamu:
   A. Afrikaa B. Awurooppaa
   C. Eeshiyaa D. Awustiraaliyaa
5. Ummanni yeroo duraatiif addunyaa irratti barreeffamatti fayyadame:
   A. Nuubiyaanota B. Suumeerota
   C. Aksumoota D. Roomaanota
6. Qoqqoodama ummata magaalaa mootummaa Giriikii durii keessaa kanneen waa'ee biyyaa irratti mari'achuu danda'an:
   A. Lammiiwwan B. Daldaltoota
   C. Garboota D. Hundi ni mari'atu
7. Ardiin qilleensi baramaan gammoojjii hoo'aa baldhinaan keessatti hin muldhanne:
   A. Awurooppaa B. Afrikaa
   C. Eeshiyaa D. Awustiraaliyaa
8. Naannoo addunyaa ummanni heddummina jiddu-galeessa ta'een irra jiraatu:
   A. Naannoo lafa baddaa ummanni qotiisaan jiraatu
   B. Naannoo lafa margaa ummanni horsiisa looniin jiraatu
   C. Naannoo lafa bosona rukkataa ummanni adamoon irra jiraatu
   D. Naannoo lafa magaalaa ummanni hojii mindaa argamsiisuun jiraatu
9. Ummanni Inuuyit naannoo bantii kaabaa jiraatu geejjibaaf irra caalaatti kan itti fayyadamu:
   A Yabala fardaan harkifamu B. Konkolaataa
   C. Yabala sarootaan harkifamu D. Xiyyaara
10. Ardiin waraanni addunyaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} keessatti eegale:
   A. Ameerikaa Kaabaa B. Awurooppaa
   C. Eeshiyaa D. Afrikaa

11. Xumura jaarraa 19ffaa irratti gara ardii Afrikaatti dhufuu koloneeffattoota Awurooppaaf sababa ta'uu kan hin dandeenye:
    A. Ummata Afrikaa qaroomsuu fi dinagdee Afrikaa guddisuuf
    B. Meeshaalee industirii isaanii keessatti oomishaniif gabaa barbaaduuf
    C. Meeshaalee dheedhii industiriiwwan isaaniif argachuuf
    D. Humna ummata ardii Afrikaa tolaan itti fayyadamuuf

Kutaa III: Gaaleewwan garee 'B' jala jiran kanneen 'A' jala jiranitti firoomsi.

A	B
1. Qaama bishaanii ciisaa ardiilee irratti argamu	A. Meesooppotaamiyaa
2. Afaan biyya Chaayinaa keessatti baldhinaan dubbatamu	B. Tuwareg
3. Naannoo qaroomni bara durii keessatti eegale	C. Hara
4. Ummata horsiisa beeladaan gammoojjii Sahaaraa keessa jiraatu	D. Kaayyoo Hitilar
5. Waliigaltee Varsaayi laamshessuu	E. Mandarinii
6. Waliigaltee Wucaalee	F. Mootii Minilik
	H. Galaana

Kutaa IV: Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Sababa ardii Antaarkitikaa irra namni jiraachuu dhabeef ibsi.
2. Wantoota Parshiyaanonni durii addunyaaf gumaachan barreessi.
3. Qoqqoodama hawaasa Roomaa bara Mootummaa Rippuubiliikaa barreessi.
4. Sababa fincilli Maawu Maawu biyya Keeniyaa keessatti gaggeeffamuu danda'eef ibsi.
5. Gara waraana Addunyaa 2ffaatti seenuu U.S. Ameerikaaf sababa kan ta'e maal?

Boqonnaa 2

Humnoota Fuula Lafaa Jijjiiran

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Barnoota boqonnaa kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Humnoota irra lafaa jijjiiranii fi ta'eewwan isaanii ni hubatta.
- Fageenyaa fi baldhina lafaa kaartaa irraa ni shallagidda.

2.1. HUMNOOTA FUULA LAFAA FI DHIIBBAA ISAAN JIREENYA NAMAA IRRATTI FIDAN

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Humnoota irra lafaa irraa maddanii fuula lafaa jijjiiran ni tarreessita.
- Jijjiirama fuula lafaa irratti haramaa fi kuufama biyyeetiin dhufu ni ibsita.

Harama Biyyee

Bifa bishaanii rooba booda maasaa/fichaa haaraa qotame keessaa bahu yookiin laga keessa yaa'uu agartee beektaa? Bifa sana akka qabaatu kan taasise maali? Humnoonni irra lafaa kanneen wantoota fuula lafaa irratti argaman haran, geejjibsiisanii fi bakkeewwan birootti geessanii kuusaniidha. Wanti fuula lafaa irraa baldhinaan haramee, geejjibsiifamee bakka biraatti kuufamu biyyeedha. Wantoonni fuula lafaa irratti haramaa fi kuufama biyyeef sababa guddaa ta'an bishaan yaa'uu fi bubbeedha. Bishaan naannoo jiidhaa rooba guddaa qabu keessatti lolaa uumamuun biyyee fudhatee deema. Bubbeen naannoo gammoojjii roobni hin jirre keessatti biyyee hara. Naannoo lafa baddattis waqtii roobni hin jirre keessa biyyee haruu ni danda'a.

Wantoonni kattaan/dhagaan akka wal gadhisee sadarkaa bishaaniin yookiin bubbeen fudhatamu irra akka gahu taasisan jiru jettee yaaddaa?

Kattaan uumama biyyeef bu'uura. Humnoonni akka kattaan cacaccabee gara biyyeetti jijjiiramu taasisan humnoota **fiizikaalaa** fi **keemikaalaa** jedhamuun beekamu. Humna fiizikaalaa keessatti

wantoonni akka kattaan cacaccabu taasisan jijijjiirama tempireechaa, hidda biqilootaa fi bineeldota. Humna keemikaalaatiin immoo wayita albuudonni kattaa keessatti argaman kanneen akka soogiddaa bishaaniin bulbulaman kattaan ni caccabba.

(*a*) **Harama biyyee laggeeniin raawwatamu:** Laggeen naannoo lafa olka'aa keessaa muddu. Bakki madda laggeenii burqaa jedhama. Bakki gahuumsa laggeenii immoo gala lagaa (mouth of river) jedhama. Laggeen yeroo baay'ee gara garbawwan gurguddaatti yookiin galaanotaatti yaa'u. Fakkeenyaaf, Gannaalee fi Naayil. Kanneen hara keessatti galanii hafanis ni jiru. Fakkeenyaaf, Gibee fi Hawaas. Laggeen tokko tokko immoo cirracha gammoojjii hoo'aa keessatti hafu. Fakkeenyaaf, laga Waabii Shabalee fudhachuun ni danda'ama.

Karaan laggeen bakka ka'uumsa isaanii irraa eegalanii hanga bakka gahuumsa isaaniitti keessa darban yaa'a laggeenii (river courses) jedhamuun beekama. Yaa'a lagaa saffisaa fi raawwii bishaan laga keessa yaa'uu irratti bu'uuruun bakka sadiitti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Isaanis yaa'a olii, yaa'a jidduu fi yaa'a gadii jedhamuun beekamu.

(*i*) **Yaa'a olii:** Naannoo kanatti laggeen dhuldhula baay'ee dhaabbataa (steep slope) ta'e irra yaa'u. Haalli teessuma lafaa kun bishaan laggeen keessa yaa'an saffisa guddaa fi humna cimaa akka qabaatan taasiseera. Humna cimaa saffisaan yaa'uu laggeenii kana irraa maddee fi humna harkisa lafaa waan hunda gara lafa gad dhooqaatti harkisuun gargaaramuun dhagootiin gurguddaanillee osoo hin hafiin haranii deemu. Yaa'a olii keessatti laggeen wanta itti dhufan hunda humna cimaan itti bu'uun fonqolchanii fudhatanii deemuun bara baraan sulula yaa'a isaanii qotanii gad fageessaa deemu. Sululli laggeenii haala kanaan yaa'a olii keessatti uumamu boca qubee "V" qaba.

Yaa'a olii keessatti laggeen xixiqqoo hedduutu walitti makama. Lagni xiqqoon laga guddaatti yaatu laga **galtuu** jedhamti. Bakki laggeen lama walitti makaman **waldaya lagaa** jedhamuun beekama. Haala kanaan yaa'a olii keessatti laggeen walitti qocamanii fi humna olaanaa uummatan, lafa irra yaa'an irraa biyyee quncisanii fudhatanii deemu. Yaa'a isaanii keessattis fincaa'aa hedduu uumu. Fakkii 2.1 ilaali.



Fakkii 2.1. Yaa'a olii keessatti haala yaa'umsa lagaa fi harama biyyee

(*ii*) **Yaa'a jidduu:** Yaa'a kana keessatti baay'inni bishaan laga keessatti argamuu olaanadha. Garuu, akka yaa'a oliitti waan hin saffisneef raawwiin biyyee haruu gadaanaadha. Haa ta'u malee, sulula keessa yaa'u gara bitaa fi mirgaatti nyaachuun ni baldhifata. Bocni sulula lagaa yaa'a jiddu galeessaa qubee "U" fakkaata. Yaa'a kana keessatti hojiin bishaan lagaa inni guddaan wantoota u'ulfaatoo yaa'a olii keessaa gangalchee fide qarqara ededa lagaatti kuusuudha.

(*iii*) **Yaa'a gadii:** Yaa'a kana keessatti bishaan lafa ciisaa irra waan darbuuf saffisa baay'ee gadaanaa ta'een socho'a. Kanaafuu, wantoota yaa'a olii fi jidduu irraa baatee fide hunda biyyeen bulla'aan illee (silt) osoo hin hafiin bakka kanatti kuufama. Waqtii gannaa wayita lagni guutu bishaan qotaa keessa yaa'u irra darbee lafa diriiraa naannootti argamu hunda uwwisa. Bishaan lagaa kun bakkeewwan yeroo gannaa ciisu hunda irratti biyyee gabbataa yaa'a olii fi jiddutii haree fide kuusa. Qarqarri lagaa bishaan waqtii gannaa irra ciisee waqtii bonaa irraa gogu kun dirree galaanaa (flood plain) jedhamuun beekama. Naannoon haala kanaan biyyeen irratti kuufamu kun oomisha midhaanii, kuduraa fi muduraa gosa adda addaa sirritti biqilchuuf tajaajila.

(*b*) **Harama biyyee bubbeen raawwatamu:** Haramni biyyee bubbeen raawwatu cimaa kan ta'u naannoo gammoojjii hoo'aa keessatti. Qilleensi gogaan naannoo kanaa harma biyyee bubbeen raawwatuuf haala mijaa'aa uuma. Bubbeen hamma biyyee fi cirracha baatu of keessatti dabalaa deemu humni isaa cimaa dhufa. Humna cimaa kanaan wayita hededa lafa dhaabbataatti bu'u dhagaa jabaatina hin qabne ni caccabsa. Dhagaan cimina qabu osoo hin cabne dhaabatee hafa.

Bubbeen waan haree deemu naannoo lafa gad dhooqaa keessatti kuusa.



Fakkii 2.2. Baarkihaan

Walumaagalatti, naannoo biyyeen irraa haramu keessatti biyyeen gabbina isaa dhaba. Oomishinni qotiisaa hirdhachaa deema. Naannoo biyyeen gara biraatii haramee dhufe itti kuufamu keessatti gabbinni biyyee ni dabala. Oomishinni gosa biyyee haala kanaan kuufame irraa argamu baay'inaa fi qulqullina olaanaa qaba. Haala haramaa fi kuufama biyyee bishaan yaa'uun raawwatamuu fi kuufama biyyee bishaan yaa'uun raawwatamu yaa'a laga Hawaas akka fakkeenyaatti fudhannee haa xiinxallu.

Lagni Hawaas yaa'a olii isaa keessatti laggeen xixiqqoo baay'ee ta'aniin bishaan isaa gabbifata. Ka'uumsi laggeen xixiqqoo gara laga Hawaasitti yaa'an kunniin gaarreen aanaalee Dandii, Daawoo fi Ejeree keessatti argamaniidha. Gaarreen laggeen keessaa maddan baroota kurna lama hin caalle dura bosona uffatanii muldhatu ture. Yeroo ammaa bosonni naannoolee Gaarreen kanneen irraa ciramee haramne biyyee bara baraan itti cimaa dhufe kana keessatti oomishinni qotiisa irraa argamu baay'ee gad bu'aa dhufeera. Faayidaan duraan bosona irraa argamus bosonni ciramee baduu isaa irraa kan ka'e hafeera. Haala kanaan ummanni naannoo bosonni irraa manca'ee biyyeen bishaaniin dhiqamee irra fudhatame keessa jiraatu oomishinni qotiisa irraa argatu gad bu'aa dhufeera. Bakkeewwan tokko tokkottis lafti tajaajilaa ala ta'aa dhufeera.

Bishaan laga Hawaas biyyee Gaarreen guura (basin) isa olii keessaa haree fudhate kana fageessee fudhatee hin deemu. Lafa diriiraa adeemsa kiiloomeetira gabaaba booda argamu irratti gatuu eegala. Keessattuu, karaa konkolaataa Finfinnee irraa gara Walisootti deemu irra bakka Hawaas Baldhoo jedhamu irra waqtii gannaa lafa baldhaa uwwisee ciisa. Bishaan kun lafa irra ciisu kana irratti biyyee haree fide baay'inaan kuusa. Wayita waqtiin Gannaa daree bishaan lagaa hirdhachaa dhufu bishaan lafa diriiraa naannoo Hawaas Baldhoo irra ciisu gara qotaa keessa yaa'uutti deebi'aa deema. Qonnaan bultoonni

naannicha keessa jiraatan hanga bishaan jalaa siqaa deemu faana siqaa lafa waqtii gannaa bishaan irra ciisaa ture qotanii midhaan gosa adda addaa facaasu. Gosoonni midhaanii qotiisaan bultoonni naannichaa facaasan keessaa muraasni shumburaa, gaayyoo fi misira fa'a. Oomishinni jiraattonni naannoo kanaa yeroo gabaabaa keessatti argatan baay'inaanis ta'ee qulqullinaan baay'ee olaanaadha. Haala kanaan naannoo biyyeen irraa dhiqamu keessa hawaasni jiraatu oomishinni qotiisa irraa argatu jalaa gad bu'aa adeema. Naannoo maansi irratti kuufamu keessa hawaasni jiraatu oomishinni isaa bara baraan kan hirdhatuu miti. Sababni isaas biyyeen maansaa bara baraan haaromfamaa waan deemuufi.

GOCHA 2.1

Gocha mirkaneeffannaa

Raawwii armaan gaditti sii dhiyaate beekta yoo ta'e ofii keetii raawwadhu. Bakka wanti hin beekne si qunnamutti nama naannoo sana keessa yeroo dheeraa jiraate gaafadhuun gocha kee raawwadhu.

1. Gaara naannoo mana barnootaa keetti dhiyaatee argamu maqaa barreessi.
2. Haala bosonaa gaara sanaa bara durii turee fi yeroo ammaa jiru nama beeku gaafadhuu barreeffadhu.
3. Gaara kana irraa bosonni manca'eera yoo ta'e:
   (a) Gosa mukkeenii gaaricha irra turan
   (b) Gosoota bineensota bosonicha keessa turanii
   (c) Faayidaa ummanni naannicha keessa jiraatu irraa argachaa dhufe
   (d) Bosonni ciramee baduun rakkina ummata naannichaa irra gahe barreessi. Akka rakkinaatti irratti xiyyeeffattee kan barreessitu:
      - argannaa bishaanii
      - argannaa muka faayidaa adda addaatiif ooluu
      - gabbina biyyee fa'aa ta'uu qaba.
4. Sababa ciramuu mukkeen bosonaatiin haramuu fi geejjibamuun biyyee naannoo jiraattu keessatti muldhateera yoo ta'e haala itti furamuu danda'u barreessi.

2.2. HUMNOOTA KEESSA LAFAA FI DHIIBBAA JIREENYA NAMAA IRRATTI FIDAN

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Humnoota keessa lafaa irraa ka'uun fuula lafaa jijjiiran ni tarreessita.
- Humnoonni keessa lafaa irraa maddanii fuula lafaa jijjiiran dhiibbaa jireenya namaa irratti uuman ni ibsita.

Humnoonni lafa keessaa ka'anii fuula lafaa jijjiiran baay'eedha. Isaan keessaa volkaanoon, sochii (romi'a) lafaa, bababbaqaqiinsa lafaa fi daddacha'iinsi lafaa kitaaba kana keessatti sii dhiyaataniiru.

Volkaanoo

Volkaanoo jechuun maal akka ta'e himuu dandeessaa? Maagmaan irra lafaa dhoosee fuula lafaa irratti wantoota akka gaasii (aaraa), daaraa (aashii) fi laavaa (dafqaa) dhangalaasu volkaanoo jedhama.

Maagmaan baqqaana keessa lafaa (mantle) irraa ka'a. Baqqaanonni lafaa irra lafaa (crust), keessa lafaa (mantle) fi handhuura lafaa (core) jedhamuun beekama.

Maagmaan keessa lafaa irraa maddee irra lafaa dhoosee fuula lafaa irratti dhangala'u boolla tokkoon yookiin boolla baay'een bahuu danda'a. Boolla tokkichaan yoo volkaanoon keessaan dhohee bahu veentii (vent) jedhama. Volkaanoon boolla baay'een dhangala'u immoo fiishar (fissure) jedhamuun beekama. Volkaanoon boolla tokkoon humna cimaan darbatamee bahee sammuu gaara koonii kutee gatu **kaaldeeraa** uuma. Kaaldeeraan yoo bishaaniin guutame **hara kaaldeeraa** uuma.



Fakkii 2.3. Akkaataa dho'iinsa volkaanoo

Gosoota Volkaanoo sadan

1. **Volkaanoo socho'aa (active volcano):** Yeroo gaggabaabaa keessatti deddeebi'ee dhoha. Volkaanoon riphaa'nis yeroo muraasa booda deebi'ee dhohuun gara volkaanoo socho'aatti jijjiiramuu ni danda'a. Fakkeenyota gosa volkaanoo socho'aa armaan gaditti dhiyaatan ilaali.

   (*a*) *Gaara Veesuviwus:* Ardii Awurooppaa kibba biyya Xaaliyaatti argama. Ardii Awurooppaa keessatti volkaanoon socho'aan argamu isa kana qofa. Sochiin volkaanoo gaara kana irratti Dh. K.B. Bara 79 irraa kaasee gaggeeffamaa ture lubbuu namoota baay'ee galaafateera. Qabeenyas mancaasaa tureera. Kanas armaan gaditti ilaali.

   (*i*) Dh. K.B. Bara 79 dhohiinsa volkaanoo humna cimaan taasifameen wantoonni sammuu gaara Veensuviwus irraa darbatamaa turan Magaalota akka Herkulaneyum, Poonpe'ii fi Istaabi'yaa mancaaseera.

   (*ii*) Dh. K.B. Bara 1631 deebi'ee dhohuun magaalota shan barbadeesseera. Namoota 3000tti tilmaamamanis fixeera.

   (*iii*) Dh. K.B. Bara 1774 dhohiinsi irra deebiin gaara kana irratti gaggeeggames magaalaa Tooree deel Gireekoo jedhamtu mancaaseera.

   (*iv*) Dh. K.B. Bara 1906 kan dhohes lubbuu namoota 2,000 galaafateera. Sana asittis sochiin kun osoo hin dhaabatiin miidhaa hammana jedhamu fiduu baatuus baroota 1913,1926,1929 fi 1944 dhohiinsi muldhateera

(*b*) *Moontiserat:* Eddoola Galaana Kaaribiiyaanii keessatti argamtuudha. Eddoolli kun gaarreen olka'iinsi isaanii hanga 914 m ta'u kanneen dhohiinsa volkaanoon baroota dheeraaf riphee ture bara 1995 deebi'ee dhohuu eegale. Dhohiinsi kun suutuma suuta waggoota lamaaf itti fufuun Bara 1997 dhohiinsa taasifameen namoonni 19 du'aniiru. Garri kibba Eddoolichaa aara ibiddaan wal makeen, dhagoota dhangala'aa fi daaraan uwwifameera.

(*c*) *Ertaallee:* Biyyuma keenya keessatti Naannoo Bulchiinsa Mootummaa Affaar keessatti argama. Ertaalleen boolla marfamaa ta'e keessatti daangeffamee akkuma Ittoo (waxii) shiroo akka bilchaatuuf ibidda irra tursiifamee kan danfaa jiruudha. Naannoo volkaanoo socho'aa Ertaalleetti

ummanni dhiyaatee qubate hin jiru. Kana malees, dhohiinsi balaa guddaa geessisu dhiyeenyatti hin muldhanne. Kanaafuu, balaa geessisuu isaatiif wanti ifatti taa'e hin jiru.

(*a*) Laavaa dhangala'aa jiru

(*b*) Huurka wayita volkaanoon dhohu bahu

Fakkii 2.4. Volkaanoo Socho'aa

2. **Volkaanoo riphaa (dormant volkano):** Waggoota 1,000 booda deebi'ee dhohuu danda'a.
3. **Volkaanoo dhumataa (extinct volcano):** Gosa volkaanoo yoo xiqqaate osoo deebi'ee hin dhohiin waggoota 4,000 turuu danda'uudha.

Lafti pilaatoo fi gaarreen naannoo Baha Afrikaa laavaa dhohiinsa volkaanoon fuula lafaa irratti kuufamaniin kanneen uumamaniidha.

Fakkii 2.5. Gaara volkaanoo naannoo Baha Afrikaa (Kiiliimaanjaaroo)

Hoollannaa (Romi'a) Lafaa

Handhuura dhohiinsa volkaanoo yookiin bakka babbaqaqiinsi lafaa itti raawwatu irraa madda. Humni hoollannaa lafaa bakka ka'uumsa isaa irraa bifa geengoo qabatee gara kallattii hundaatti faca'a. Fageenyi hoollannaan lafaa deemu humna bakka ka'uumsa (epicenter) isaa irratti bu'uura. Meeshaan humna hoollannaa lafaa (earth quake) safaruuf tajaajilu **Sesimoogiraafii** jedhama. Chaartiin hammi hoollannaa lafaa irratti galmaa'u **Reektar Iskeel** jedhama.

Chaartiin Reektar Iskeelii lakkoofsota 1 irraa eegalee itti fayyadama. Humni hoollannaa lafaa itti aanee jiru humna lakkoofsa hoollannaa lafaa duraanii si'a kudhaniin caala. Fakkeenyaaf, humni hoollannaa lafaa Reektar Iskeelii 5 irratti muldhatu si'a kudhan isa Reektar Iskeelii 4 irratti muldhatu caala. Humni hoollannaa lafaa Reektar Iskeelii 7 fi isaa ol ta'e humna cimaadha.Hoollannaan lafa humna cimaa qabu gamoowwan diiguu fi qabeenyota biroo mancaasuun namoota bakka jireenyaa dhabsiisa. Humni hoollannaa lafaa tokko tokko bakka ka'uumsa isaa irraa hanga 175 km fagaatee balaa buusa.



Fakkii 2.6. Akkaataa tamsa'ina humna hoollannaa lafaa

Babbaqaqiinsa lafaa: Irri lafaa dhiibbaa humna keessa lafaatii maddee gara fuula lafaatti dhufuun ni babbaqaqa. Haalli babbaqaqiinsa kanaa yeroo tokko tokko lafa of jidduutti dhiisee fageenya muraasa irratti wal tarree raawwachuu danda.

Babbaqaqiinsi haala kanaa humna addaan harkisuun (tensional force) raawwata. Dhagaan lafa tarsa'aa lamaan jidduu jala jiru kan cacaccabu yoo ta'e, lafti jidduutti hafe sigiaatee gad lixa. Qaamni lafaa haala kanaan muramee gad lixe **sulula qiinxamaa** jedhama. Sulullan haala kanaan uumaman keessaa inni baay'ee guddaan sulula Qiinxamaa naannoo Baha Afrikaatti argamuudha. Sululli kun kibba dhiha ardii Eeshiyaa biyya Siiryaa keessaa ka'ee hanga Moozaabikitti kan deemu ta'uu isaa barnoota armaan duraa keessatti baratteerta. Biyyoota baha Afrikaa keessaa biyyi sululli kun hin tuqinne hin jiru. Biyyi Somaaliyaa illee gara qarqara Galoo Galaana Edanitti Sulula Qiinxamaa kana keessati argama.

Sululli Qiinxamaan guddaan Baha Afrikaa kun ta'ee yeroo tokkoon uumamee miti. Wal dhiibuu fi wal harkisuu baqqaanoota irra lafaa fi keessa lafaa jidduutti waggoota miliyoona baay'eef raawwatamaa tureen kan uumameedha. Irri lafaa qaama jabaataa litoosfeerii jedhamu qaba. Kunis yabbina gara 100 km ta'u qaba. Jala litoosfeeritti qaama astenoosfeerii jedhamutu jira.

Estenoosfeeriin yabbina 250 km ta'e qaba. Tempireechara guddaa keessa lafaa jiru irraa kan ka'e wantoonni astenoosfeerii keessatti argaman amala gara waan dhangala'aatti dhiyaatu qabatanii argamu. Sochiin astenoosfeerii keessatti uumamu humna cimaan dhufee litoosfeerii dhiiba. Qaamni litoosfeerii jabaataa waan ta'eef dadacha'uu hin danda'u. Kanaafuu, haaluma salphaan caccaba. Yeroo tokko tokko humni jalaa oldhiibu laafaa deemuun humna isaa gadlakkisuu danda'a. Naannoo haalli kun muudatutti lafti citee gara lafa keessatti gad lixa. Sululli guddaan Baha Afrikaas haaluma kanaan kan uumameedha.

Lafti naannoo sulula Qiinxamaa keessatti argamu yeroo ammaas yoo ta'e, sochii kana irraa bilisa ta'ee hin jiru. Darbee darbee sochiin lafaa ni muldhata. Wantoonni sulula qiinxamaa kanaan wal qabatanii qaama lafaa irratti uumaman baay'eetu jiru. Isaan keessaa muraasni hededa dhaabbataa bitaa fi mirga sululichaatti argaman, gaarreen tataa'oo, bishaan hoo'aa fi bifa dafqaatiin bahan, keessatti arganiidha.

Dadacha'iinsa lafaa

Dadacha'iinsi lafaa naannoo dhagaan kuus mansaa (sedimentary rock) jiru keessatti uumama. Qaamni kunis akkuma volkaanoo fi babbaqaqiinsa lafaa humna keessa lafaa irraa madduun kan uumamuudha. Garuu, naannoo kanatti wanti akka volkaanoo lafa keessaa bahee kuufamu hin jiru, yooliin lafti caccabee

babbaqaqus ta'ee citee gad lixu hin jiru. Naannoo kanatti lafti oldhiibamu gaarreen uuma. Hammi olka'iinsa yookiin oldheerina gaarreen bifa kanaan uumamanii humna waldhiibuu (comperhensional force) lafa keessaa irratti bu'uura. Bakka humni cimaan jirutti gaara guddatu uumama. Gaarri guddaan naannoo Baha Afrikaatti bifa kanaan uumame gaara Riwaanzoorii biyyoota Ugaandaa fi Koongoo jidduutti argamuudha.

Walumaagalatti, dhohiinsi volkaanoo, babbaqaqiinsii fi dadacha'iinsi lafaa humna lafa keessaa maddaniin kanneen raawwatamaniidha. Naannoolee ta'eewwan kunniin itti muldhatan hunda keessatti hoollannaan lafaa ni muldhata. Humnoonni keessa lafaa irraa maddanii qaama lafaa irratti jijjiirama guddaa fidan kunniin ummatas rakkoo irra ni buusu. Fakkeenyaaf, hoollannaa lafaatiin manneen jireenyaa fi gamoowwan ni diigamu. Naannoo volkaanoon dhohutti wantoota osoo hin beekiin tasa lafa keessaa bahanii fuula lafaa irratti tuulamaniin qabeenyii fi namoonni baay'een awwalamuu danda'u. Kaanis miidhamoo ta'u. Isaan osoo balaan hin gahin irra hafanis waan qaban gatanii lubbuu isaanii baraarsuuf keessaa baqatu. Kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u dhohiinsa volkaanoo bara 2002 Haayitii keessatti raawwate fudhachuun ni danda'ama.

GILGAALA 2.1

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Humnoota keessa lafaatii ka'anii fuula lafaa jijjiiran tarreessi.
2. Naannoo addunyaa dhohiinsi volkaanoo socho'aa irratti gaggeeffamaa jiru keessaa yoo xiqqaate lama barreessi.

2.3. FAGEENYAA FI BALDHINA LAFAA KAARTAA IRRAA SHALLAGUU

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana barattee erga xumurtee booda:

- Iskeeliin kaartaa maal akka ta'e ni himta.
- Maloota garaa garaa iskeeliin dheerinaa (linear scale) itti ibsamu ni tarreessita.
- Iskeelii kaartaa tokko irraa gara isa biraatti shallagdee jijjiiruun ni barreessita.
- Fageenyaa fi baldhina lafaa kaartaa irratti danaalee ji'oomeetiriin bakka bu'anii ni shallagda.

Iskeelii Kaartaa

Iskeeliin kaartaa maal akka ta'e himuu dandeessaa? Kaartaa irratti iskeeliin kaartaa eessatti ibsama?

Gara ibsa iskeelii kaartaatti osoo hin galiin dura kaartaan maal akka ta'e beekuu barbaachisa. Gabaabumatti kaartaan meeshaa qaama lafaa baay'ee baldhaa fi marfamaa ta'e waraqaa dhiphaa/xiqqaan fi diriira ta'e irratti gad xiqqeessee agarsiisuudha. Hariiroon qaamni lafaa baldhaan warqaa xiqqaa irratti ittiin kaafamu iskeelii kaartaa jedhama. Ibsa biraatiin iskeelii kaartaa jechuun reeshoo dheerinni kaartaa irraa fi fageenyi lafa irraa kaartaa irratti ittiin barreeffamu jechuudha. Fakkeenyaaf fageenyi lafa irratti 50 km ta'u waraqaa 10 cm dheeratu irratti kaafama yoo ta'e, iskeeliin kaartichaa 1 cm = 5 km ta'a. Kana shallaguuf foormulaa armaan gadii kanatti fayyadamta.

$$\text{Iskeelii kaartaa} = \frac{\text{dheerina kaartaa irraa}}{\text{fageenya lafa irraa}}$$

1 km = 100,000 cm

$$\text{Iskeelii kaartaa} = \frac{10\text{ cm}}{50\text{ km} \times 100{,}000\text{ cm}}$$

$$\text{Iskeeliin kaartaa} = \frac{1}{500{,}000} \quad \text{Yookiin 1:500,000}$$

Haala Iskeeliin Kaartaa Itti Ibsamu

Iskeeliin kaartaa iskeelii himaa, iskeelii firaakishinaa fi iskeelii giraafii jedhamee bifa yookiin mala sadiin barreeffamuu danda'a. Bifoota iskeelii kaartaa sadanii fi akkaataa bifoonni iskeelii kaartaa sadeen kunniin ittiin barreeffaman armaan gaditti ilaali.

(*a*) **Iskeelii Himaa (I.H):** Hariiroo dheerina kaartaa irraa fi fageenya lafa irraa jechaan ibsama. Fakkeenyaaf, iskeeliin armaan olitti 1cm = 5 km jedhu iskeelii himaati. Kana jechaan sararri waraqaa yookiin kaartaa irratti seentiimeetira tokko dheeratu lafa irratti fageenya kiiloomeetira shanii bakka bu'a jechuudha.

(*b*) **Iskeelii Firaakishinaa (I.F):** Hariiroo dheerina kaartaa irraa fi fageenya lafa irraa firaakishinaan ibsa. Fakkeenyaaf, iskeeliin himaan armaan olitti 1cm = 5 km jedhamee taa'e iskeelii firaakishinaatiin $\frac{1}{500{,}000}$ yookiin 1:500,000 jedhamee barreeffama.

(*c*) **Iskeelii Giraafii:** Hariiroo dheerina kaartaa irraa fi fageenya lafa irraa sararaan yookiin giraafiin agarsiisa. Fakkeenyaaf, iskeeliin himaan 1cm = 5 km yookiin firaakishinaan 1:500,000 jedhamee taa'e giraafiin haala armaan gadii kanaan taa'a.



Haala kanaan iskeelii kaartaa karaa sadiin barreessuu ni dandeessa. Karaa sadiin haa barreeffaman malee ergaan isaan dabarsan tokkoma. Rakkinni jiru iskeelin himaa fi giraafii sirna bikkituun walitti hidhamanii barreefamuu isaaniiti. Fakkeenyaaf, armaan olitti "cm, km" jedhamanii barreeffamaniiru. Haalli kun biyyoota sirna bikkituu inchii, maayilii (sirna bikkituu Impeeriyaalaa) tti fayyadamaniif hin gargaaru. Kanaafuu, mara laalummaa (universality) hin qabani.

Iskeeliin firaakishinaa gosa bikkituu kamiinuu walitti hin hidhamu. Kanaafuu, mara laalummaa qaba. Garuu, itti fayyadamuuf beekumsa herregaa barbaada.

Fageenyaa fi Baldhina lafaa kaartaa irraa Shallaguu

Wixnee kaartaa armaan gadii irraa akkaataa fageenyii fi baldhinni lafa irraa itti shallagamu fakkeenya kenname ilaaluun hubadhu.



Iskeelii kaartaa 1:50,000

(*a*) **Fageenya lafaa kaartaa irraa shallaguu:** Kana raawwachuuf iskeelii kaartaa fi fageenyi lafa irratti shallagamu kaartaa irratti hamma dheeratu beekuu barbachisa. Fakkeenyaaf, fageenya "A" fi "B" jidduu jiru shallaguuf tartiibni hordofamuu qabu.

(*i*) Dheerina kaartaa irraa sarartuun safaruun galmeeffachuu, kunis 6 cm ta'a haa jennu.

(*ii*) Dheerina kaartaa irraa safarree arganne fuggisoo iskeellii kaartaatiin baay'isuu,

$$\text{Kunis} = \frac{6\text{ cm} \times 50{,}000}{1} = \frac{6\text{ cm} \times 500{,}000}{1} = 300{,}000\text{ cm}$$

(*iii*) Bu'aa lakkoofsa "ii" irratti argame 100,000 cm hiruu,

$$\text{kunis} = \frac{300{,}000\text{ cm}}{100{,}000\text{ cm}} = 3\text{ km}$$

Akka fageenya shallaginee arganne kanaatti qabxiiwwan kaartaa kana irratti 6 cm wal irraa fagaatan lafa irratti bakkeewwan 3 km wal irraa fagaatan ta'u jechuudha.

(*b*) **Baldhina lafaa shallaguu:** Baldhina lafaa kaartaa irraa karaa lamaan shallaguun ni danda'a.

(*i*) Dheerinaa fi baldhina roga kaartichaa tokko tokkoon erga shallagnee booda deebisanii waliin baay'isuu. Fakkeenyaaf, baldhina reektaangilii xiqqaa shallaguuf:

- Dheerinni rogaa safaramee argame 8 cm ta'a haa jennu. Kana shallaguuf mala fageenya shallaguuf itti fayyadamne hordofna. Kanaafuu,

$$\frac{8\text{ cm} \times 50{,}000}{100{,}000\text{ cm}} = 4\text{ km}$$

- Baldhina rogaa safarree arganne 4 cm ta'a yoo jenne:

$$\frac{4\text{ cm} \times 50{,}000}{100{,}000} = 2\text{ km}$$

- Baldhina lafichaa $4\text{ km} \times 2\text{ km} = 8\text{ km}^2$

(*ii*) Baldhina kartaa irraa shallaguun gara baldhina lafa irraatti jijjiiruu.

- Baldhina kaartaa irraa dheerinaa fi baldhina roga kaartaa safarte waliin baay'isuun argatta. Kunis, $4\text{ cm} \times 8\text{ cm} = 32\text{ cm}^2$
- Baldhina lafa irraa iskeelii kaartaa waliin baay'isuun argatta. Kunis,

1. $\frac{1\text{ cm}}{0.5\text{ km}} \times \frac{1\text{ cm}}{0.5\text{ km}} = \frac{1\text{ cm}^2}{0.25\text{ km}^2}$
2. 1 cm^2 ..... 0.25 km^2
3. 32 cm^2 ..... ?

$$\frac{32\text{ cm}^2 \times 0.25\text{ km}^2}{1\text{ cm}^2} = 8\text{ km}^2$$

GOCHA 2.2

Wixnee kaartaa hojjachuuf isaan armaan gadii raawwadhu

1. Dheerina kutaa keessatti barattuu safarii galmeessi.
2. Baldhina kutaa keessatti barattuu safarii galmeessi.
3. Dheerinaa fi baldhina deeskii kutaa keessatti argamanii hunda safarii galmeessi.
4. Dheerina daree fi dheerina waraqaa irratti kaaftuu safariitii iskeelii kaartichaa murteessi.

5. Iskeelii kaartaa shallagdee argatte bifoota iskeelii sadanitti jijjiirii barreessi.
6. Iskeelii argatte kanaan yoo fayyadamte dheerinnii fi baldhinni lafaa hammam ta'a?
   (a) Sararaan kaartaa 10 cm ta'u lafa irratti hammam ta'a?
   (b) Reektaangiliin kaartaa irratti dheerina rogaa 15 cm ta'ee fi dalga 10 cm qabu lafa irratti baldhinni isaa hagam ta'a?

Cuunfaa

Lafti bara uumama ishii (biliyoona 4.6 dura) irraa eegalee jijjiiramni qaama ishii irratti taasifamu dhaabbatee hin beeku. Yeroo ammas kanas itti fufee jira. Humnoonni qaama/fuula lafaa jijjiiran kunniin humnoota irra lafaa fi keessa lafaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Humnoonni irra lafaa irraa maddanii fuula lafaa jijjiiran bishaan yaa'u fi bubbeedha. Kanneen lafa keessaa maddanii fuula lafaa jijjiiran immoo volkaanoo fi romi'a lafaati. Teessummni lafaa yeroo ammaa naannoo keenyatti arginus humnootuma irra lafaa fi keessa lafaa kanneen kan uumamaniidha.

GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 2

Kutaa I: Isaan armaangadii dhugaa yookiin soba jechuun deebiisi.

1. Humnoonni fiizikaalaa fi keemikaalaa biyyeen akka caccabee haramuuf saaxilamu taasisu.
2. Bishaan lagaa qotaa keessa yaa'u gara bitaa fi mirgaatti nyaatee boca qubee "U" kan uumu yaa'a gadii keessatti
3. Volkaanoon riphaan deebi'ee dhohuu hin danda'u.

Kutaa II: Filaannoowwan arfan kennaman keessaa kan sirrii ta'e filadhuutii deebisi.

1. Bishaan saffisa guddaan yaa'uun irra caalaatti biyyee fudhatee kan deemu yaa'a lagaa kan keessatti?
   A. Yaa'a olii B. Yaa'a gadii
   C. Yaa'a jidduu D. Hunda.
2. Qotiisaan bultoonni oomisha qotiisaa olaanaa argatan isaan sulula yaa'a laga kam keessa qubataniidha?
   A. Sulula yaa'a gadii B. Sulula yaa'a jidduu
   C. Sulula yaa'a olii D. Sulula yaa'a hundaa
3. Meeshaan humna hoollannaa lafaa safaruuf fayyadu:
   A. Reektar Iskeel B. Termoomeetir
   C. Sesimoogiraaf D. Baaroomeetir.
4. Volkaanoon yeroo baay'ee daddeebi'ee dhohuun magaalota baay'ee mancaasee fi lubbu namoota baay'ee galaafachuun beekame kan eessatti raawwateedha?
   A. Gaara Veesuviwus B. Eddoola Moonteserat
   C. Ertaallee D. Sulula qiinxamaa guuddaa keessatti.

5. Bifoota iskeeliin kaartaa ittiin barreeffamu keessaa kan mara laalummaa qabu:

   A. Iskeelii himaa
   B. Iskeelii firaakshinaa
   C. Iskeelii giraafii
   D. Hunda isaaniiti.

6. Reeshoon dheerina kaartaa irraa fi fageenya lafa irraa jidduu jiru maal jedhama?

   A. Iskeelii kaartaa
   B. Ibsa hundaara kaartaa
   C. Mallattoo kaartaa
   D. Mata duree kaartaa.

Kutaa III: Gaaleewwan garee 'B' jala jiran kanneen 'A' jala jiranitti firoomsi.

A	B
1. Bakka laggeen walqixa ta'an walitti dabalaman	A. Sulula qiinxamaa guddaa
2. Harama biyyee bubbeen raawwatu	B. Waldaya lagaa
3. Humna addaan harkifamuu fuula lafaa	C. Veentii
4. Boolla ballaa sammuu gaara volkaanoo irraa	D. Baarkihaan
	E. Kaaldeeraa

Kutaa IV: Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii kenni.

1. Garaagarummaa veentii fi fiisharii jidduu jiru barreessi.
2. Fakkii armaan gadii kana ilaaliitii gaaffii qubeewwan "a" fi "b" irratti sii dhiyaatan hojjadhu.



Iskeelii kaartaa
1:100,000

   (*a*) Dheerinni kaartaa irratti "A" fi "B" jidduu jiru 3 cm yoo ta'e faggeenyi lafa irraa sararaa kanaan bakka bu'e hammam ta'a?

   (*b*) Reegitaangiliin kaartaa armaan olii irratti muldhatu dheerina 6 cm fi dalga 7cm ta'e qaba. Baldhinni lafa kaarta kana irratti kaafamee hammam ta'a?

Boqonnaa 3

Dhiibbaa Dhalli Namaa Sirna Ikkoo Irraan Gahu

BU'AA BOQONNICHAA

Barnoota boqonnaa kanaa barattee yoo xumurte:

- Wantoota manca'iinsa qabeenya uumamaf sababa ta'anii fi rakkoowwan sababa manca'iinsa kanaan dhufan ni hubatta.
- Wantoota naannoo uumamaa faalanii fi haala kamiin ittifamuu akka danda'an addaan baafatta.
- Wantoota akka hoo'i addunyaa akka dabalu taasisanii fi rakkoo kanaan dhufu ni hubatta.

3.1. HARIIROO SOCHII DHALA NAMAA FI QABEENYA UUMAMAA

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barttee yoo xumurte:

- Rakkoo qabeenya uumamaa mancaasuun Sirna ikkoo irratti qabu ni tarreessita.
- Sochii naannoo keessatti qabeenya uumamaa kunuunsuuf qabdu ni tarreessita.
- Wantoota ciccimoo qabeenya bishaanii fi qilleensaa faaluun beekaman ni tarreessita.

Sirna ikkoo (Ecosystem) maal akka ta'e beektaa? Sirna inkkoo naannoo jireenya isaanii dabalatee biqiloota, bineeldotaa fi mikroobota of keessatti hammatee argama. Sirna ikkoo keessatti marsaan jireenya wantoota lubbu qabeeyyii addaan citiinsa tokko malee adeemsa uumamaan jiru hordofuun itti fufa. Gulantaan marsaa isaanis bakka sadiitti qoodhama. Isaanis oomishitoota, itti fayyadamtootaa fi bulleessitoota jedhamu.

Oomishitoota (producers) kanneen jedhaman biqiloota adeemsa footoosinteesisiitti fayyadamanii nyaata ofii qopheeffataniidha. Fayyadamtoota (consumers) kanneen jedhaman bineeldota biqiloota yookiin bineeldota biroo nyaachuun jiraataniidha. Dhalli namaa biqilootas ta'ee bineeldota ni nyaata. Sirna ikkoo keessatti gulantaa sadaffaa irratti kanneen argaman bulleessitoota (deconposers or recyclers) jedhamu. Adeemsa bulleessuu keessatti kanneen faayidaa olaanaa qaban fangaay (fungi) fi baakteeriyaadha. Qaamman lamaan kunniin wantoota du'an akka samanii yookiin tortoranii ciccituun bullaa'an taasisu. Qaamman ciccitanii bullaa'an kunniin biyyeetti makamuun gabbinni biyyee akka

sadarkaa isaa eeggatu taasisu. Biyyeen gabataan biqiloonni akka sirritti biqilan gochuun marsaan Sirna ikkoo akka itti fufu taasisa.

Marsaan Sirna ikkoo yeroo ammaa kana haala armaan olitti ibsameen itti fufaa jira jettee yaaddaa?

Dhalli namaa waan nyaatu argachuuf jecha lafa qotee biqiloota nyaataaf isa gargaaruu danda'an facaasa yookiin dhaaba. Biqiloota biroo nyaataaf isa hin gargaarre ciree lafa qotiisaa baasa. Biqiloota akka aramaatti midhaan facaase yookiin biqiloota dhaabe keessatti margan aramuun keessaa baasa. Sochiin namni biqiloota nyaata isaaf ta'an qofa babaldhisuu Sirna ikkoo uumamaan jiru addaan kuta. Sirna ikkoo aaraa gulantaa lamaatu uumama, Sirna ikkoo gulantaa lamaa kunniin oomishitootaa fi fayydadamotoota malee bulleessitoonni hin muldhatan.

Adeemsa Sirna ikkoo qotiisaa keessatti rakkoowwan muldhatan baay'eedha. Isaan keessaa muraasni:

1. Midhaan yookiin biqiltuun maasaa (oyiruu) tokko irra facaafamu gosa tokko qofa. Bakka tokko irratti sanyii gosa tokkoo qofa facaasanii aramaa keessaa buqqisanii baasuun akka gahee haamamu gochuun karaa qonnaatiin baay'inaa fi qulqullina midhaan oomishamuu dabaluuf gargaara. Karaa Sirna ikkootiin garuu rakkina ofii qaba. Sirna ikkoo uumamaa keessatti biqiloonni gosa tokkoo wal irraa faffagaatanii margu. Biqiloonni biroo baay'inaan jidduu galanii margu. Ilbiisonni biqiltuu nyaachuun yookiin abaaboo isaanii xuuxuun jiraatan biqiltuu gosa barbaadanii tokko irraa ka'anii isa biraatti haala salphaan darbuu hin danda'an. Kanaafuu, Sirna ikkoo uumamaa keessatti dhibeen biqiltuu tokko irraa isaa biraatti akka hin dabarre haala uumamaatiin to'atama. Sirna ikkoo namaan uumame keessatti biqiloonni gosa tokkoo qofti waan biqilaniif dhibeen biqiltuu sanaa kaanaan wanti uumamaan to'atu waan hin jirreef hatattamaan wal gahee mancaasa.
2. Rakkoon biraa Sirna ikkoo namaan uumame keessatti muldhatu gosti midhaanii nyaataaf filatame sun (qamdii yookiin ruuziin) yoo bade wanti nyaatamu dhabamuu isaati. Sirna ikkoo uumamaa keessatti garuu biqiltuun gosa tokkoo yoo bade filannoon biroo waan jiruuf rakkoon akkanaa hin muudatu.
3. Rakkoon inni sadaffaan Sirna ikkoo qonnaa wajjin walqabatee muldhatu xaa'oon biqilootaa fi bineeldota du'anii bosbosan irraa argamu dhabamuu isaati. Midhaan bakka itti oomishamu irraa geejjibamee bakka itti nyaatamutti geeffama. Namni isa nyaate mana fincaaniitti bobba'a. Innis bishaaniin walmakee gara lagaatti gadhifamuun bishaan lagaa faala. Kanaafuu, akka Sirna ikkoo uumamaa wanti achumatti margee, guddatee dulloomee kufuun bosbosee biyyeetti makamuun gabbina biyyee eegu hin jiru. Sirna ikkoo qonnaa keessatti gabbina biyyee eeguuf xaa'oo keemikaalaatti fayyadamu. Ilbiisota midhaan nyaatanii fi aramaa balleessuuf qoricha keemikaalatti fayyadamu. Isaan kunniinis lubbu qabeeyyii biraa fi bishaan faaluu irratti gahee olaanaa qabu. Biqiloota uumamaa lafa qonnaa baasuu fi sababoota birootiin ciranii mancaasuun kan rakkoo uumu gabbina biyyee qofaa irratti miti. Haalli qilleensaa jijjiiramuun roobni akka dhabamu taasisa. Roobni dhabamuun babaldhina ongee fida. Oonishinni naannicha irraa argamuus akka gad bu'aa deemu taasisa. Dhimma kana ilaalchisee fakkeenyota lama armaan gaditti dhiyaatan ilaali.
   (*a*) *Cirama Bosona Amaazoon*: Ardii Ameerikaa Kibbaa sulula laga Amaazoon qabatee keessatti argama. Lafti bosonni kun uwwisee argamu gara Iskuweer kiiloomeetira miliyoona 7 tti tilmaama. Baldhina kanaan bosona addunyaa irratti argaman keessaa sadarkaa tokkoffaa irratti argama. Biyyi bosonni kun keessatti argamu Biraazil. Akka tilmaama jiruutti bosona Amaazoon keessaa 10% kan ta'u manca'eera. Yeroo ammaas yoo ta'e ciramni bosona kanaa itti fufee jira. Sababni bosonni kun ciramuuf baay'eedha. Isaan muraasni garuu, karaa makiinaa baasuu fi qotiisa ciraa gaggeessuudha. Keessattuu, qotiisni ciraa (shifting cultivation) bara baraan bosona lafa baay'ee baldhaa ta'e irraa mancaasa.

Biyya Biraazil keessatti qonnaan bultoonni gara bosona Amaazoonitti godaanuun keessa qubatanii lafa qotiisaa baasuun bosona ciru. Mukkeen gurguddaa muruun itti ulfaatu quncee isaa muruun akka gogu taasisu. Isa gogetti ibidda qabsiisuun gubanii daaraan isaa akka biyyeetti makamu taasisu. Lafti haala kanaan bosonni irraa ciramee qotiisaaf oole bara lama caalaa oomisha argamsiisuu hin danda'u. Qonnaan bultoonni lafa oomisha baasuu dide dhiisanii gara biraatti socho'uun haaluma baraniin bosona ciruu fi lafa qotiisaa baasuu itti fufu. Haala kanaan qotiisaan bultoonni bara lama lamaan socho'anii bosona ciranii lafa qitiisaa aaraa baasuun saffisaan manca'aa deemuu bosona Amaazooniif sababa guddaa ta'eera.

Lafti haala kanaan bosonni irraa manca'ee biyyeen irraa dhiqame bara lama booda qotiisaaf tajaajiluu akka hin dandeenye hubatteerta. Laffi namoonni qotuu dhiisanii irraa deemanis lafti sun bosona duraan irra ture deebisee magarsuu hin danda'u. Gosti biyyee duraan tures deebi'ee argamuu bin danda'u. Haalli qilleensaas walumaan jijjiirama. Haala kana irraa qabeenya bosonaa mancaasuun qabeenyota uumamaa fi kanneen biroos mancaasuu ta'uu isaa hubanna.

(*b*) *Marga Horii Dheechisan Argachuuf Biqiloota Ciruu*: Haalli kun baldhinaan naannoo Baha Afrikaa horsiifattoonni baldhinaan irra qubatan keessatti gaggeeffama. Horsiifatoonni irra caalaatti naannoo rooba gahaa hin arganne keessa jiraatu. Biqiloonni naannoo hoo'aa ta'ee fi rooba gahaa hin qabna keessatti argaman kanneen qoraatti qabaniidha. Biqiloonni qoraatta'oon kunniin walitti heddummatanii faca'uun lafa waan uwwisaniif margi horiin dheedu akka qulqullina hin qabnee fi baay'inaan hin margine taasisu.

Horsiifattoonni lafa margaa haala kanaan biqiloonni qoraattii qaban itti baay'atan ciruun marga qulqulluu horii isaaniitii argamsiisu. Yeroo ammaa qaamman mootummaa fi miti mootummaa biqiloota qoraata'oo (miciree) ciranii marga qulqulluu argamsiisuu yookiin lafti sun akka qotiisaaf oolu gochuu irratti baldhinaan hirmaachaa jiru. Kanaaf sababa kan ta'e lakkoofsa namaa yeroo yeroon baay'ataa deemu wajjin wal qabate lakkoofsa loonii baay'ataa deemaniif lafa margaa dabalataan argamsiisudhaaf. Karaa biraatiin loon baay'een akka irratti horsiifaman taasisuun yaa'insa uumamaa jeequun biyyeen qullatti hafee haala salphaan akka fudhatamu taasisa. Naannoo biqiloonni ciramanii madaalliin uumamaa addaan cite keessatti roobni waqtii isaa eegee hirroobu. Tasumaa dhabamuun gammoojjummaan naannoo Baha Afrikaa keessattis ta'ee naannoolee Afrikaa biroo keesssatti saffisa guddaan babaldhachaa jira. Fakkeenyaaf, qorannoon Mootummoota Walta'anii bara 1992 maxxanfame akka ibsutti daangaan Gammoojjii Sahaaraa fi isaan walqabatanii (Gammoojjiiwwan Somaaliyaa fi Sudaan) waggoota digdamman darban keessatti 100 km dabaluu agarsiisa.

Fakkii 3.1. Haala jireenya lafa Gammoojjii Hoo'aa

GOCHA 3.1A

Gocha mirkaneeffannaa

1. Garee miseensota shan shan of keessaa qabutti wal qooduun tokko tokkoon garee namoota naannoo sana keessa yeroo dheeraa jiraatan bira deemuun:
   (a) Uwwisni bosonaa naannoo sana keessa waggoota 40 dura naannoo sana keessa eessa eessa fa'aa akka ture,
   (b) Qulqullinnii fi argamni bishaanii wayita naannoon bosonaan uwwifamee ture maal akka fakkaatu,
   (c) Gosoota bineensotaa yeroo durii naannicha keessa turan garuu yeroo ammaa kanneen hin jirre sababa baniinsa isaanii wajjin,
   (d) Baay'inaa fi qulqullina oomisha lafa qotiisaa walfakkaataa irraa waggoota 40 duraa fi yeroo ammaa argamu akka isinii ibsan gaafadhaa.
2. Yaada argattan tokkoo tokkoo garee keessatti sirnaan galmeeffadhaatii haala dareef dhiyeessuu dandeessaniin qindeeffadhaa.
3. Garee garee keessan keessatti argannoo argattan daree keessatti bakka barsiisan/tuun jiranitti walii dhiyeessuun qabxiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa.
   (a) Sababa uwwisni biqiloota/bosonaa naannicha keessatti xiqqaachaa dhufuu danda'eef
   (b) Badiinsa bosonaa wajjin walqabatee rakkoowwan naannicha keessatti qabeenya bishaanii, biyyee fi bineensota bosonaa irra gahe
   (c) Qabeenyota kanneen deebisanii argamsiisuuf sochiin:
      (i) ummata naannoon taasifamaa jiru maal akka fakkaatu?
      (ii) akka mana barnootaa keessaniitti taasifamaa jiru maal akka fakkaatu?

Faalama Qilleensaa

Wantoonni qilleensi akka faalamu taasisan maal? Qilleensi faalame kan jedhamu wantoonni fayyaa namaa fi bineeldota fuula lafaa irra jiraatanii irratti rakkoo fidan qilleensa naannawa lafaa keessati yoo makamaniidha. Qilleensi karaa lamaan faalamuu danda'a. Isaanis sochii karaa uumamaatiin raawwatamuu fi sochii namni raawwatuudha.

(A) **Wantoota uumaman qilleensa faalan:**

(*i*) *Dhohiinsa Volkaanoo*: Wayita volkaanoon dhohu aarri duumessa guddaa uumu, daaraanii fi dhukkeewwan baay'inaan gara qilleensa naannootti makamu.

(*ii*) *Ibidda Bosonaa*: Walrigiinsa mukkeen bosonaatiin yeroo tokko tokko ibiddi tasa bosona keessaa ni ka'a. Ibiddi haala kanaan ka'ee bosona naannoo lafa baldhaa irratti argamu ni gubba. Aarri bosona gubatu kana irraa ka'u qilleensatti makamuun ni faala.



(*a*) Aara Ibidda bosonaa

(*b*) Aara Volkaanoo

Fakkii 3.2. Aara volkaanoo dhahuu fi bosona gubatu irraa ka'u

(*iii*) *Abaaboo Biqilootaa*: Biqiloonni tokko tokko wayita daraaran foolii fayyaa namaa irratti rakkoo uumu gara qilleensa naannootti gad lakkisu.

(B) **Gochaalee namaa:** Namni jireenya isaa gaggeessuuf sochiilee garaagaraa taasisa. Sochiilee isaa kana keessatti wantoota qilleensa naannoo faaluu danda'an hedduu gara qilleessaatti gadhisa. Wanoota karaa namaatiin qilleensatti gadhiifamanii qilleensa faalan bakka lamatti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Isaanis wantoota bakka dhaabbataa irraa maddanii qilleensa faalanii fi sararaa irra socho'aniin qilleensa faalaniidha.

(*i*) Wantoonni bakka dhaabbataa irraa maddanii qilleensa faalan aaraa fi balfaawwan garaa garaa warshaalee fi naannoo jireenyaa keessaa bahaniidha.

(*ii*) Wantoonni sararaa irra socho'aniin qilleensa faalan konkolaattota gosa adda addaa, baaburaa fi xiyyaaraa. Isaan kunniin hundii naannoo irra socho'an hunda keessatti aara suumma'aa boba'aa gubaniin gadhiisaniin qilleensa naannoo ni faala.

Wantoota Baldhinaan Qilleensa Naannoo Lafaa Faalan

Wantoonni qilleensa faalan haala armaan olitti ibsuun yaalameen yoo ilaalaman baay'eedha. Garuu, isaan yoo qilleensa keessatti to'annoo malee gadhiifaman lubbu qabeeyyii fuula lafaa irratti dhiibbaa uuman armaan gaditti tarreeffamaniiru.

- **Kaarboon Monooksaayidii:** Konkolaataa yookiin industirii bobaba'a isaanii sirriitti hin gubne keessaa baha. Gaasiin kun baay'ee suumma'aadha. Qilleensa hafuurfatamu wajjin gaasiin kun gara qaama namaatti yoo seene dhiiga oksijiinii gara kutaalee qaamaa garaa garatti geejjibu irratti rakkoo uuma. Keessattuu, namoota dhukkuba onnee qaban, daa'imman sadarkaa ulfaa irra jiranii fi aaraa dhalatan irratti balaa guddaa uuma. Kanaafuu, gaasiin kun wayita hafuurfatamu gara sombaatti seenee hamma oksijiinii dhiigatti makamuu qabu gad xiqqeessuun balaa lubbuu namaa galaafachuu danda'u geessisa.
- **Aara summa'aa (smog):** Qilleensa faaltoota maddi isaanii garaa garaa ta'e qilleensa keessatti walitti makamanii gara kompaawondiitti jijjiiraman irraa uumama. Ismoogiin naannoo magaalaatti qilleensa baldhinaan faala. Qilleensi ismoogiin faalame ijji akka nama gubu, funyaanii fi qoonqoo keessa akka nama nyaatu taasisa. Kana malees, bowwoon mataa, wanti nyaatan ol nama aluu fi gogaa namaa irratti alaarjikii uumuu fa'a. Dhibee asimis namatti cimsa. Sababa ismoogiin

qilleensa keessatti baay'achuutiin bara 1952 biyya Ingilizii magaalaa London keessatti namoonni 4,000 guyyoota muraasa keessatti du'uu isaanii ragaan ni muldhisa.

- **Naayitroojiin Daayoksidi:** Warshaalee fi konkolaattota boba'aatti fayyadamanii motorri isaanii socho'u keessaa aara bahuun qilleensatti makama. Gaasiin kun qilleensa keessatti wantoota asiida'oo fi asiidii dhangala'aa naayitirik asiid jedhamu uuma. Asiidiin kun rooba wajjin gara lafaatti dhufuun lubbuu biqilootaa fi bineeldoota fuula lafaa irraatti rakkoo uumama. Gara harawwanii fi laggeenittis makamuun qurxummii fixa.

Isaan armaan olitti tarreeffaman kanneeniin alatti wantoonni jajjaboo fi gaasiin warshaalee, konkolaattota, wantoota gubamanii fi volkaanoo dhohu keessaa bahanii qilleensatti makaman hedduudha. Kana malees, adeemsa ijaarsa garaa garaa, qotiisaa fi albuuddan baasuu gaggeessuu irratti dhukkee fi wantoonni garaa garaa gara qilleensaatti makamuun qilleensa faalan hedduutu jiru.

Biyya keenya keessatti naannoon faalamni qilleensaa itti baay'atu eessa jettee yaadda. Magaalaa Finfinnee seentee beekta? Baay'inni konkolaataa magaalaa keessatti maal fakkaata? Karaa guddaa Finfinnee fi Jibuutii walqunnamsiisu irra konkolaattonni socho'an sadarkaan qilleecsa faaluu isaanii maal fakkaata?

GILGAALA 3.1

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Itoophiyaa keessatti wantoota faalama qilleensaaf sababa ta'uu danda'u jettu tarreessi
2. Naannoo kee keessatti wantoota bakka dhaabbataa irraa madduu fi sochii bakkaa bakkatti taasisaniin qilleensa faalan addaan baasii barreessi.
3. Itoophiyaa keessatti bakkeewwan/naannoowwan aara konkolaataa keessaa bahuu fi warshaalee keessaa bahuun faalamni qilleensaa irra caalaati ni muudata jettee yaaddu kaartaa Itoophiyaa irratti halluu dibuun agarsiis

Faalama Bishaanii

Lubbu qabeeyyiin kamiyyuu (nama, bineeldootaa fi biqiloota) bishaan malee jiraachuu bin danda'an, Haa ta'u malee, yeroo ammaa bishaan sochiilee namni taasisuun faalamee lubbu qabeeyyii bishaan keessa jiraatanii fi lafa irra jiraatan hunda irratti balaa geessisaa jira. Wantoonni bishaan faalan baay'eedha. Isaan keessaa ijoo kanneen ta'an armaan gaditti tarreeffamaniiru.

- **Bishaan xuraa'aa naannoo manneen jireenyaatii gadhiifamu (sewage):** Bishaan qulqullinaaf kan tajaajilu ta'uun isaa beekamaadha. Naannoo jireenyaa keessatti wantoota adda addaa qulqulleessuuf, mana fincaanii dabalatee, namni bishaanitti fayyadama. Bishaan haala kanaan xuraa'e kan bo'oo fi ujummoowwan garaa garaatiin naannoo jireenyaa keessaa akka bahu taasifama. Bishaan xuraa'aan haala kanaan naannoo jireenyaa keessaa bahu kun qaama bishaanii (laga, hara, garba guddaa) dhiyeenyatti argamutti makama. Biyya keenya keessaatti bifa bishaan lagaa magaalaa keessa qaxxamuruu ijuma qofaan ilaaluun hammam naannoo jireenyaa keessatti bishaan akka faalamu hubachuun ni dandeessa. Bishaan haala kanaan faalame wantoota dhibee namatti fidan hedduu of keessaa qaba. Keessattuu, biyyoota guddataa jiran keessatti bishaan haala kanaan faalame lubbuu namootaa fi bineeldota kumaatamaan lakkaa'aman guyyaa guyyaan galaafataa jira.

- **Keemikaalota Bulbulamoo:** Asiidonni, soogiddoonnii fi kompaawundoonni sibiilota summa'oo akka liidii fi meerkurii bishaanitti yoo makaman ni bulbulamu. Bishaan sibiilonni suumma'oon kunniin keessatti bulbulaman qurxummii bishaanicha keessa jiraatu ni fixa. Dhugaatii namaa fi bineeldotaaf tajaajiluu hin danda'u. Oomisha qotiisa irraa argamus akka gad bu'u taasisa.
- **Xaa'oo keemikaalaa, Qoricha Farra Aramaa fi Ilbiisotaa:** Yeroo ammaa namni oomishoota qotiisa irraa argaman dabaluuf keemikaalota akka xaa'oo, qoricha farra aramaa fi farra ilbiisota midhaan nyaataniitti fayyadamaa jira. Keemikaalonni kunniin bishaan roobaatiin dhiqamanii lolaa yaa'uun gara bishaan lagaatti geeffamanii makamuun faalu. Kana malees, bishaan lafti gad xuututti makamanii bishaan lafa keessaas ni faalu. Keemikaalonni bifa kanaan gara laggeenii, harawwanii fi garbawwaniitti makaman aalgee fi biqiloonni bishaanii kanneen biro akka bishaan keessatti baay'inaan wal horan taasisa. Biqiloonni bishaan keessatti wal horan kunniin baay'achaa amma deeman oksijiinii qurxummiin itti fayyadamu hirdhisaa deemu. Kunis jireenya qurxummii irratti dhiibbaa guddaa uumama.

Walumaagalatti, bishaan naannoo jireenya namaa, warshaalee fi lafa qotiisaa keemikaalonni akka xaa'oo fi farra aramaa hojii irra itti oole keessaa bahu faalamaadha. Bishaan faalame dhala namaa, bineeldotaa fi biqiloota irratti rakkoo uuma. Balaa faalama bishaamiitiin lubbu qabeeyyii lafa irra jiraatanii fi bishaan keessaa hirdhisuuf namni kamiyyuu bishaan faaluu irraa of eeguu qaba. Keemikaalota oomisha qotiisaa guddisuuf tajaajilan hamma barbaadamuu olitti fayyadamuun faayidaa isaa irra miidhaa isaatu caala. Kanaafuu keemikaalota kanneenitti osoo hin fayyadamiin dura ibsa ofeeggannoo gosa isaaniitiin kenname dubbisanii hubachuu barbaachisa. Keemikaalonni kunniin qaama namaa tuqaniiru taanaan sirriitti dhiqachuu barbaachisa. Biqiltuuttis baay'ateera yoo ta'e irraa dhiquu barbaachisa.

GOCHA 3.1B

Gocha mirkaneeffannaa

1. Wantoota naannoo kee keessatti faalama bishaaniif sababa ta'u jettu barreessi.
2. Bishaan lagaa dhiyeenyatti argamu dhaqii ilaaliitii rakkoo qulqullinaa qabu irratti barreefama gabaabduu qopheessi.
3. Bishaan naannoo keetti argamu akka qulqullina isaa hin dhabne gochuuf wantoota raawwatamuu qaban hiriyaa kee wajjin irratti mari'achuun gabaasa qopheessuun dhiyeessaa.

3.2. SABABBANII FI DHIIBBAAWWAN OO'IINSA LAFAA

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa barattee yoo xumurte:

- Wantoota hoo'a addunyaa dabalaa deemuuf sababa ta'e ni tarreessitta.
- Hoo'i addunyaa irratti dabalaa deemuun dhiibbaa ummata, biqiloota uumamaa fi bineensota bosonaa irraan gahu ni ibsita.

Maddi hoo'a lafti argattuu biiftuudha. Hoo'i biiftuu irraa maddu bifa carallaatiin gara lafaatti dhufa. Hamma hoo'aa biiftuu irraa maddu keessaa kan gara fuula lafaatti dhufee akka lafti hoo'a argattu taasisu 51% qofa. Dhibbantaan 49 hafe keessaa 26% duumsaan balankisiifamee gara samiitti kan ol deebi'u yoo ta'u, 19% qilleensa naannoo lafaa fi duumsaan liqinfamee hafa.



Fakkii 3.3. Hamma hoo'aa lafti biiftuu irraa argattu

Humni aduu/biiftuu/irraa maddee gara lafaatti dhufu kun faayidaalee adda addaatiif oola. Lafti akka hoo'a argattu taasisa. Biqiloota nyaata ofii qopheeffataniif akka ciicata tokkootti gargaara. Cabbiin akka baquu fi bishaan huurkaan akka fuula lafaa irraa olka'u ni taasisa.

Lafti hoo'a aduu irraa argatte gara samiitti akka balaqqisiifamu gochuun gad dhiifti. Garuu, qilleensi naannawa lafaa bifa madaalamaa ta'een hoo'a lafa irraa ka'u kana ittisuun akka lafti hoo'a ishii dhabdee hin diilalloofane to'ata. Adeemsi qilleensi naannawa lafaa carallaa biiftuu weevii gabaabaa (short wave) ittisa malee gara lafaatti gadhiisuu fi hoo'a lafa irraa ka'u ittisu **giriinhawus iffeekti** (Green house effect) jedhama. Carallaan hoo'a lafaa irraa maddee gara samiitti olka'u weevil dheeraa (long wave) qaba. Innis carallaa **infiraa reedii** (infrared) jedhama. Giriinhawus iffeektiin haala uumamaatiin gaasota muraasa qilleensa naannawa lafaa keessatti argamaniin hoo'a fuula lafaa bifa madaalamaa ta'een akka itti fufu to'ata ture.

Bara namni gara warraaqsa industiriitti scene irraa eegalee gaasonni garaa garaa dabalataan qilleensa naannawa lafaatti makamuu eegalan. Gaasonni sochii namni taasisuun manneen jireenyaa, warshaalee, bosona gubatuu fi konkolaattota keessaa bahuun gara qilleensa naannawa lafaatti makaman yeroo dhaa gara yerootti baay'ataa dhufan. Haala kanaan qilleensa giriinhawus iffeektiin haala malee guutamee hoo'a lafa irraa ka'u dabarsoo tokko malee ukkaamsee akka hambisu taasisa. Hoo'i aduu irraa ka'u madaallii uumamaa malee fuula lafaa irratti ittifamee kuufamuun hoo'i fuula lafaa akka dabalu taasiseera. Kunis **hoo'a addunyaawaa** (global warming) jedhama.

Gaasota Daballii Hoo'a Addunyaaf Sababa Ta'an

Qilleensa naannawa lafaa keessatti makamanii hoo'i addunyaa akka dabalamu wantoonni taasisan gaasota manneen jireenyaa, warshaalee fi bosona gubatu keessaa bahan akka ta'an armaan olitti hubatteerta. Maqaa fi hamma baay'ina gaasonni kunniin qilleensa naannawa lafaa keessatti qaban armaan gaditti ilaali.

Maqaa Gaasii	Iddo-Bu'ee	Jijjiirama
Kaarboon daayoksaayid (carbondioxide)	CO_2	55%
Miteen (Methane)	CH_2	15%
Naayitrawusoksaayid (nitrous oxide)	N_2O	5%
Kilorofloro kaarboon (chlorofluorocarbans)	CF_XCl_X	25%

Gabatee armaan olii kana irraa akka argitutti gaasiin gara giriinhawus iffeektiitti baay'inaan makamu kaarboondaayoksaayidiidha. Maddi gaasii kanaa bosbosa wantoota du'anii, aara bosona gubatu, volkaanoo fi boba'aa keessaa bahu, bosona ciranii balleessuu fi akkaataa itti fayyadama lafaa jijjiiruu fa'a. Maddi kilorofloroo kaarboon Rifrijireetara, Ayiroosol ispireeyii fi wantoota bulbuluun qulqulleessaniidha. Miteen bosbosa wantoota lubbu qabeeyyii fi albuuddan boba'aa baafaman irraa madda. Maddi Naayitrowusoksaayidii biqiloota, garba guddaa, biyyee qotamee fi xaa'oo fa'a.

Dhiibbaa Daballiinisa/lda'iinsa Oo'aa Addunyaa Irratti Fidu

Namni qilleensa baramaa naannoo keessa jiraatu irratti bu'uuree jireenya isaa gaggeessa. Hojii qonnaa waqtiilee waggaan naanna'anii dhufan irratti hundaa'e gaggeessa. Qonnaan bulaan naannoo jiraatu keessatti waqtii hoo'aa fi roobaa waqtii caamaa fi diilallaa'aa addaan baasee waan beekuuf waqtii kam keessa maal akka hojjatu ni beeka. Hoo'i addunyaa dabalaa dhufuun qilleensa baramaa namoonni naannoolee addunyaa garaa garaa keessatti itti of madaqsanii jiraatan jeeqa. Hoo'a addunyaa dabalaa deemu wajjin qilleensi baramaan jijjiiramuun rakkoo fidu armaan gaditti tarreeffamaniiru.

Haala Roobaa: Jijjiiramni qilleensa baramaa roobni hammaa fi waqtii isaa eegee akka hin roobne taasisa. Hoo'i haala malee olka'uun hurki baay'een akka qilleensa keessa galu taasisa. Hurki haala kanaan qilleensa keessa galuun roobni baay'ee ulfaataa ta'e akka roobu sababa ta'a. Roobni haala kanaan dhufu galaana guddaa qabeenyaa fi lubbuu namaa irratti balaa fidu uumuuf sababa ta'a. Hoo'a dabaluu fi galaana lafa irra diriiruun walqabatee ilbeesonni dhibee adda adda namatti fiduu danda'an baay'inaan wal horu.

Haala Hoo'aa fi geejjibaa: Hammi hoo'aa hanga dabalaa deemu namoonni fedhii qabbana argachuu horachaa dhufu. Diilallaa'inni waqtii qorraas gad bu'aa deema. Jijjiiramni bishaan lagaa sababa galaanaan guutamuu yookiin sababa gogiinsaan hirdhachuun geejjiba bishaan irraa jijjiiruu ni danda'a.

Biqiloota uumamaa: Jijjiiramni qilleensa baramaa marsa jiidhinsaa jijjiira. Kanaaf sababa guddaa kan ta'u kaarboon daayoksaayidii qilleensa keessatti baay'achuun hamma rooba jijjiirudha. Fakkeenyaaf, hammi roobaa kan biqiloonni guddina isaaniitiif barbaadanii gad ta'ee yoo argame, waqtii biqiloonni itti guddachuu danda'an gad gabaabsa. Walumaagalatti tempireecharri olka'uunii fi roobni xiqqaachuun biqiloonni uumamaa ibidda tasa ka'uu fi dhibeewwan adda addaaf akka saaxilaman taasisa.

Baquu cabbii: Akka saayintistoonni mala dhahanitti jijjiiramni qilleensa baramaa cabbin bantii kaabaa baqee bishaan qorraa baay'inaan garba guddaatti makuun dambalii bishaan garba guddaa Atilaantikii ni jijjiira. Haalli dambalii garba guddaa kanaa jijjiiramuun hoo'a uumamaan dambalich daddabarsaa ture jeeqa. Facaatiin hoo'aa garba guddaa Atilaantikiin daddarbu kun jeeqamuun jijjiirama qilleensa barmaa himsifeera kaabaa keessatti bara cabbii kuufamaa fida. Himisfeera kibbaa keessatti immoo gogiinsa hamaa fiduu danda'a jechuun saayintiistoonni mala dhahu.

Urachuu Baqqaana Oozonii: Baqqaana qilleensa naannawa lafaa istiraatoosfeerii jedhamu keessatti argama. Baqqaanni oozonii baqqaana qilleensa naannawa lafaa keessatti argamuun carallaa biiftuu Altiraavaayoleetii gara lafaattii dhufuu danda'u xuuxee hambisuuf fayyada. Baqqaanni oozonii hoo'a addunyaa dabalaa deemuun haphachaa (ozone layer depletion) jira. Haphachuun (urachuun) baqqaana oozonii carallaa Altiraavaayoleetii dambalii dheeraan gara lafaatti dhufu xuuxuu dadhabee akka of keessa dabarsu taasisa. Carallaan altiraavaayoleetii lafa irra gahuun gogaa namaa irratti dhibee kaansarii fida. Kana malees, ijji namaa moora akka uffattuu fi qaamni namaa dhibee adda addaa of irraa ittisuu akka dadhabu taasisa. Lubbu qabeeyyii bishaan keessa jiraatanii fi biqiloota miidhuun marsa nyaata addunyaa (world's food chain) jeeqa. Gaasii kilorofloro kaarboon (CFC) jedhamu gara qilleensaatti gad dhisuu irraa of qusachuun baqqaana oozonii haphachaa deemuu irraa baraarsuun ni danda'ama.

Rooba Asiidii: Gaasonni akka saalfar daayoksaayid (sulphur dioxide) fi oksaayidoonni naayitroojinii qilleensa naannawa lafaa keessatti argamuun uumama rooba asiidiif sababa ta'u. Gaasonni kunniin aara boba'aa warshaalee, konkolaattotaa fi manneen jireenyaa keessaa bahuun qilleensa keessa galu. Roobni asiidii roobuun biyyee keessaa nyaata biqiloonni guddinaaf itti fayyadaman dhiqa. Biyyees asiidawaa taasisa. Sanyii qurxummii tokko tokko fixuun baay'inni qurxummii akka xiqqaatu taasisa. Dhagoota marbilii fi booralee akka bulbulaman gochuun gamoolee irratti miidhaa ni fida.

GILGAALA 3.2

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Gaasota qilleensa naannawa lafaatti makamuun hoo'i addunyaa akka dabalu taasisan tarreessi.
2. Madda gaasota qilleensa keessa galanii hoo'i addunyaa akka dabalu taasisan ibsi.
3. Dabalamuu hoo'a addunyaa wajjin walqabatee jijjiiramoota addunyaa irratti dhufuu danda'an ibsi.
4. Rakkoolee rooba asiidiin dhufuu danda'an tarreessi.
5. Rakkoolee haphachuu yookiin urachuu baqqaana oozoniin dhufuu danda'an tarreessi.

Cuunfaa

Dhalli namaa jireenya ofii gaggeessuuf jecha sochiilee dinagdee garaa garaa irratti hirmaatu keessaa inni olaanaan hojii qonnaati. Namni nyaata isaa argachuuf jecha wayita lafa qotu yookiin lafa margaa horii horsiisuuf argachuuf jecha miciree ciru biqiltuu gosa hedduu uumamaan wal makee margu balleessee biqiltuu gosa tokkootti jijjiira. Kun yaa'insa Sirna ikkoo marsaa lubbu qabeeyyii oomishitoota, fayyadamtootaa fi bulleessitoota jedhamee osoo wal irraa hin cinne itti fufu addan kuta.

Biqiltuu uumamaan margu ciramee bannaan biyyeen akka waan walitti qabu dhabee haala salphaan bishaan yaa'uu fi bubbeen haramee bada. Bineensonni bosonaa bakka jireenyaa fi waan nyaatan dhabanii akka baqatanii fi dhuman ta'a. Karaa biraatiinsi oomisha biqiltuu gos-tokkee dabaluuf jecha qorich farra aramaa fi ilbiisotaa namni biqiltuu dhaabetti yookiin midhaan facaasetti biifu bishaanitti makamee gara lagaatti yaa'uun bishaan lagaa faaluun foolii badaa qabaachuun qilleensa naannoo ni faala. Kana malees lubbu qabeeyyi bishaanicha keessa jiraatanii fi itti fayyadaman irratti balaa geessisa.

Baay'ina lakkoofsa ummataa lafa irratti dabalaa deemuuf oomisha qonnaa dabalataan argachuuf jecha bosona gubamu keessaa aarri akka kaarboon daayoksaadii fi kilorofloro kaarboon (CFC) gara

qilleensa naannawa lafaatti makamuun faala. Gaasonni kunniin qilleensa keessatti baay'achaa deemuun hoo'a lafa irraa akka ol hin kaane ukkaamsanii qabuun hoo'i fuula lafaa akka dabalu taasisu. Hoo'i fuula lafaa akka dabalu taasisuun baqqaanni oozonii carallaa altiraavaayoleetii lubbu qabeeyyii fuula lafaa irra jiran irratti miidhaa fidu ittisu uratee carallaa kana akka of keessa dabarsu taasisa. Hoo'i addunyaa irratti dabalaa deemuun cabbiin bantiilee lafaa irratti kuufamee jiru baqee garbawwan gurguddootti makamuun olka'iinsi isaanii dabalee lafti qarqara galaanotaa jiru akka liqiffamu taasisa. Gammoojjummaanis fuula lafaa irratti akka babalchaa deemu taasisa.

GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 3

Kutaa I: Gaaffiiwwan armaan gadii "Soba" yookiin "Dhugaa" jechuun deebsi.

1. Namni nyaata isaa argachuuf wayita bosona ciruu fi qotiisa gaggeessu Sirna ikkoo uumamaa addaan kuta.
2. Giriinhawus iffeektiin carallaa biiftuu irraa dhufu akkama jiruun ofkeessa dabarsee kan lafa irraa olka'u ukkaamsee hambisa jedhu.
3. Carallaan altiraavaayoleetii ittisa malee gara lafaatti dhufuu kan danda'u yoo baqqaanni oozonii urateedha.

Kutaa II: Filannoo.

1. Biqiloonni gosa hedduu uumamaan walmakanii margan ciramanii gara gosa tokkootti jijjiiramuun Sirna ikkoo keessatti rakkoo akkamii qaba?
   A. Biqiloonni dhibee ofirraa ittisuuf dandeettii dhabu
   B. Gosti biqiltuu Sanaa yoo bade kan biraa argachuu nama dhabsiisa
   C. Xaa'oon uumammaa akka xiqqaachaa dhufu taasisa.
   D. Hundi deebii ta'u.
2. Naannoo lafa dakee rooba xiqqaa qabu keessatti manca'iinsa biqiloota uumamaaf sababa guddaa kan ta'u:
   A. Lafa qotiisaa baasuu
   B. Bosona ciranii magaalaa babaldhisuu
   C. Marga qulqulluu argachuuf miciree ciruu
   D. Bosona ciranii karaa konkolaataa baasuu.
3. Isaan armaan gadii keessaa kan karaa sochii uumamaatiin faalama qilleensaaf sababa ta'u:
   A. Gaasii kilorofloro kaarbon
   B. Aara volkaanoo
   C. Gaasii naayitroojiindaayoksaayid
   D. Hundi deebiidha.
4. Carallaa biiftuu irraa maddu keessaa kan fuula lafaa irra gahee lafaan xuuxamu:
   A. 26% B. 49%
   C. 51% D. 19%.

5. Gaasota suumma'oo gara qilleensaa naannawa lafaatti makaman keessaa kan baay'inaan qabiyyee giriinhawus iffeektii keessatti baay'inaan argamu:
   A. Naayitrausokaayid
   B. Miteen
   C. Kaarboon daayoksaayid
   D. Kilorofloro kaarbon.

Kutaa III: Walitti firoomsuu.

A	B
1. Naannoo yeroo ammaa addunyaa irratti qabeenya bosonaa guddaa qabu	(A) Kilooroo Filooroo Karboon(CFC)
2. Keemikaalota bulbulamoo	(B) Guura laga Amaazoon
3. Warraqsa Industirii wajjin walqabata	(C) Guura laga Koongoo
	(D) Faalama qilleensaa

Kutaa IV: Isaan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Marsa Sirna ikkoo uumamaa keessatti wantoota hammataman ibsi.
2. Rakkoo jijjiiramni qilleensa baramaa qabu ibsi.

Boqonnaa 4

Ajandaa Ummataa

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Barnoota boqonnaa kanaa erga barattee xumurtee booda:

- Gahee dargaggoonni HIV/Eedsii ittisuu, imaammata ummataa fi walqixxummaa saa-laa baballisuu keessatti taphatan ni dinqisiifatta.
- Karaalee ittiin gochawwan miidhaa geessisan maqisanni tarreessita.
- Kaayyoowwanii fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii fi Yaadrimee Giloobaalizeeshinii ni ibsita.

4.1. DHIMMOOTA UMMATAAN WALQABATAN

HIV/Eedsii ittiisuu keessatti gahee dargagootaa

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana erga barattee booda:

- Ogummaa jireenyaa, HIV/Eedsii ittisuuf si gargaaru ni horatta.
- Namoota warra dhukkubsattoota HIV/ Eedsii fi maatii isaaniif gargaarsaa fi kunuunsa taasisan fakkeenya godhachuun akkuma isaanii hojjachuu ni shaakalta.

Ogummaa jireenya Horachuu

Miidhaa HIV/Eedsiin ummata keenya irraan gahaa jiru sirriitti hubatteettaa?

Akka qorannoon yeroo dhiyoo ibsutti Itoophiyaa keessa namoonni lakkoofsi isaanii miliyoonni tokkoo ol ta'an dhiiga isaanii keessa vaayirasiin HIV ni jira. Akka waliigalaatti faca'iinsi vaayirasichaa dhibbantaa 2.2 (2.2%) ta'a jedhamee tilmaamama. Achi keessaas magaala keessatti dhibbantaa 7.7 (7.7%) yammuu ta'u baadiyyaatti immoo dhibbantaa 0.9 (0.9%) ta'a.

Akka barreeffamoonni adda addaa ibsanitti namoonni caalmaatti qabaman yookiin miidhamaa jiran kanneen umuriin isaanii waggaa 16–24 gidduu jiraniidha. Namoonni umuriin kana keessatti argaman immoo dargaggoota. Dargaggoonni humna oomishaa biyya yookiin hawaasa tokkoo waan ta'aniif

qaamni kun miidhamuun oomishtummaan biyyichaa yookiin hawaasichaa waan miidhamuuf guddinni hin argamu. Haalli kun biyyoota hedduu waan yaaddesseef gara kuteenyaan itti duulaa jiru.

Akkuma kutaalee kanaan duraa keessatti baratte dhibeen HIV/Eedsii qoricha hin qabu. Kan ittiin ofirraa ittisuun danda'amu karaa inni nama qabuu danda'u irraa of eeguu qofadha.

Isaanis:

1. **Irraa of Qabu:** Karaa ittiin HIV/Eedsiin nama qabuu danda'u inni guddaan saal-qunnamtii of eeggannoo hin qabneenidha. Dargaggoonni hedduun hubannoo kana osoo hin qabaatiin namoota adda addaa waliin saal-qunnamtii waan raawwataniif dhibee kanaaf saaxilamu. Kana waan ta'eef caalmaatti kan filatamu gaa'ela dura saal-qunnamtii raawwachuu dhiisuudha. Hiriyyoonni waljaallatan osoo saal-qunnamtii hin raawwatiin yaada waljijjiiruu, waa'ee barnoota isaanii fi jireenya isaanii gara fuulduraa mari'achuun waliin jiraachuu ni danda'u. Adeemsi kun bilchina sammuu waan agarsiisuuf osoo dargaggoonni hundi adeemsa kana filatanii dhibeen kun yeroo gabaabaatti dhabamsiifamuu danda'a.
2. **Dhiibbaa Hiriyyaa Irraa Of eeguu:** Dargaggoonni yeroo baayyee dhiibbaa hiriyyoota isaanii amaloota hin taane qabaniin dhiibamanii gocha miidhaa isaan irraan geessisu raawwatu. Fakkeenyaaf, caatii qama'uu, tamboo xuuxuu, shiisaa xuuxuu, hashiishii xuuxuu fi dhugaatii dhuguu fa'a. Gochawwan kunniin immoo sammuu isaanii waan hadoochuuf waan bor isaan irra gahu yaaduu hin danda'an. Wantoota araada nama qabsiisu kana fudhachuun osoo hin beekin saal-qunnamtii hin barbaachifne raawwachuun dhibee HIV/Eedsiif saaxilamu. Kana waan ta'eef dargaggoonni dhiibbaa hiriyyoota amala hin taane qaban kanarraa of eeguun murteessaa dha.
3. **Waa'ee Gara Fuulduraa Yaaduu:** Guddina biyya tokkoof murteessoon dargaggoota biyyattiin qabdudha. Itti gaafatamummaan biyyattii gara fulduraatti harka dargaggootaatti kufa. Namoonni umuriin dulloomaa yeroo deeman hojii isaanii hojjataa turan dargaggootatu itti darbee hojjata. Kana waan ta'eef dargaggoonni hireen biyya isaanii gara fuulduraa harka isaanii jiraachuu baranii dhibee kanarraa of eeguun dirqama ta'a. Dhaloonni fayyaan isaa eegame ofii isaaf lafa yaade ga'uu danda'a. Biyya isaas gara fuulduratti tarkaanfachiisuu danda'a.

Namoota HIV/Eedsiin Qabamaniif Kunuunsaa fi Deggarsa Gochuu

Namoota dhibee HIV/Eedsiin qabaman maaliif akka kunuunsuun barbaachisu beektaa?

Namoota HIV/Eedsiin qabaman loogii irratti adeemsisuun faca'iinsa dhibichaa hin dhaabu. Irra caalaatti akka isaan of dhoksanii dhibee kana facaasan isaan taasisuu danda'a. Vaayirasii kana of irraa ittisuun kan danda'amu namoota dhibee kanaan qabaman ofirraa fageessuun osoo hin taane:

1. Saal-qunnamtii of eeggannoo hin qabne raawwachuu dhiisuu,
2. Jaalallee qoratamee/ttee vaayirasicha irraa bilisa ta'e/te qabachuu,
3. Kondomii yeroo hundumaa haala sirrii ta'een fayyadamuu,
4. Waa'ee Eedsii maatii fi jaalallee ofii waliin mari'achuu dha.

Namoota HIV vaayirasiin dhiiga isaanii keessatti argamu quba itti qabuun suukanneessuu osoo hin ta'iin jajjabeessuun ifa of taasisanii ummanni biroon akka kanaaf hin saaxilamne akka barsiisan taasisuu dha. HIV/Eedsiin waliin jiraachuu, waliin haasa'uu, waliin nyaachuun hin darbu. Akkuma nama biroo osoo nama hin miidhin hojjatanii jiraachuu danda'u. Kanaafuu, kunuunsuu fi kabajuun barbaachisaa ta'a.

Namoota vaayirasiin HIV dhiiga isaanii keessatti argame yeroo vaayirasichi dhiiga isaanii keessatti argamee kaasee gargaarsi namootaa isaan barbaachisa. Dhukuba vaayirasichaan itti dhufuun alatti rakkoo hawaasummaaf saaxilamuu danda'u. Yeroo dhukkubni itti daddabalamaa deemu dadhabaa waan deemaniif gargaarsi isaan barbaachisa. Jireenya hawaasummaan deggarsa argachaa yeroo deeman ciminni itti dhagahamaa deema. Akka jiraachuu danda'anis ni amanu. Kana waan ta'eef namoonni vaayirasiin HIV dhiiga isaanii keessatti argame miirri gaariin akka itti dhagahamuuf kunuunsi armaan gadii godhamuufii qaba.

(A) Manneen amantii fi marii hawaasaa keessatti akka hirmaatan gochuu,

(B) Hawaasa keessatti namoota vaayirasiin HIV dhiiga isaanii keessatti argame maatiin isaanii akka kunuunsan gorsuu, namoota biroo immoo dadamaqisuun gargaarsa akka taasisaniif gochuu,

(C) Kanneen nyaata qopheeffachuu fi huccuu isaanii miicachuu hin dandeenye akkasumas, meeshaa mana keessaa isaan barbaachisu immoo sagantaa dhaabbataa ta'e qindeessuun bakka jiranitti gargaaruu,

Qabxiiwwan armaan olitti tuqaman namoota dhibee HIV/Eedsiin qabamaniif gargaarsaa fi kunuunsa gochuu keessatti isaan ijoodha. Haallan kana keessatti immoo dargaggoonni gahee guddaa taphachuu qabu. Yeroo fi humna qaban walitti qindeessuun karaa kilabii farra HIV/Eedsii fi karaa waldaa isaanii gurmaa'anii tajaajila fedha irratti hundaa'e lammii isaaniif kennuu ni danda'u. Kun immoo dirqama lammummaa ba'uu waan ta'eef gahee dargaggoonni ijaarsa biyya isaanii keessatti taphatan keessaa isa tokkodha.

GILGAALA 4.1A

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Karaalee vaayirasii HIV/Eedsii irraa of eeguun danda'amu maal fa'i?
2. Kunuunsi namoota dhibee HIV/Eedsiin qabaman taasifamuun irra jiru maal fa'i?
3. Dargaggoonni namoota dhibee HIV/Eedsiin qabamaniif kunuunsa kennuu keessatti gahee guddaa qabu yeroo jennu maal yaada keenya keessa galchineeti?

Tooftaa Saffisaan Daballiin Lakkoofsa Ummataa Itti Hirdhifamu

Barnoota mata duree kanaa barattee erga xumurtee booda:

- Haala lakkoofsi ummataa Itoophiyaa keessatti itti dabalaa deemu ni hubatta.
- Tooftaa saffisaan dabalii lakkoofsa ummataa hirdhisuuf wixineeffame addaan baafatta.
- Tooftaa Imaammata Dhimma Ummataa hojii irra oolchuu fi hiyyummaa hirdhisuu ni ibsita.

Saffisa daballii Lakkoofsa Ummata Itoophiyaa

Saffisaan dabaluuf hamma lakkoofsi ummata Itoophiyaa ittiin dabalaa jiru himuu dandeessaa?

Itoophiyaa keessatti saffisni daballii lakkoofsa ummataa waggoota dhibba dura baay'ee gadaanaa ture. Haala jireenyaa fi eegumsa fayyaa fooyya'aa deemu wajjin saffisni daballii lakkoofsa ummataa Itoophiyaa dabalaa dhufuun sadarkaa olaanaa irra gahuu danda'eera. Gabaltee 4.1 armaan gadii irraa saffisa daballii lakkoofsa ummataa bara 1900 irraa eegalee Itoophiyaa keessatti muldhate ilaali.

Gabatee 4.1: Saffisa daballii lakkoofsa ummata Itoophiyaa (1900-1998)

Bara	Lakkoofsa Ummataa (Miliyoonaan)	Saffisa daballii Ummataa (%)n	Waggoota dachaan dabaluuf itti fudhatu
1900	11.8	0.2	350
1930	14.4	1.2	58
1960	23.5	2.2	32
1976	40.0	3.0	23
1986	53.0	2.8	25
1998	74.0	2.6	27

Madda: CSA 2007

Gabatee 4.1 irraa akka muldhatutti saffisni daballii lakkoofsa ummata Itoophiyaa bara 1900 irraa eegalee hanga bara 1976tti dabalaa deemaa ture. Hanga saffisni daballii guddachaa dhufu yeroon lakkoofsi ummataa dachaan itti dabalu gabaabachaa dhufa. Fakkeenyaaf bara 1900 wayita saffisni daballii lakkoofsa ummata Itoophiyaa jiddugalaan 0.2% ture, dachaan dabaluuf waggoota 350 itti fudata ture. Garuu, saffisni daballii dhahata dhahataan dabalaa dhufee wayita 3% irra gahu, yeroon lakkoofsi ummataa dachaan itti dabalu gara waggoota 23tti gad bu'ee ture. Akka lakkoofsi namaa fi manaa bara 1998 agarsiisutti saffisni daballii ummataa baroota 1976-1986 jidduu ture gara 2.8% tti gad bu'uu agarsiisa. Kanaanis yeroon ummanni dachaan dabaluuf itti fudhatu gara waggoota 25tti dheerachuu agarsiisa.

Saffisaan daballii lakkoofsa ummataaf kan sababa ta'u maal jettee yaadda?

Lakkoofsi ummataa saffisa guddaan dabaluu kan danda'u hammi du'u gad xiqqaatee hangi dhalatee guddatu yoo baay'ataa dhufeedha. Baroota durii wayita eegumsi faayyaa hin babaldhatiinii fi haalli jireenyaa hin fooyya'iin hammi daa'imman dhalatanii fi namoota du'anii olaanaa ture. Hammi dhalatuu fi du'u walqixa olaanaa ta'uun lakkoofsi irraa hafee ummata jirutti dabalamu zeroo ta'uu isaa agarsiisa. Kunis lakkoofsi ummataa bakkuma jirutti akka dhaabatu taasisa. Booda irra wayita tajaajilli eegumsi fayyaa babaldhachaa dhufu hawaasni nama dhukkubsate yaalchisuun hamma du'aa gad xiqqeessaa dhufe. Hammi dhalatu garuu akkuma jiruun olaanaa ta'ee itti fufuu eegale.

Hammi du'aa to'atamee hammi dhalataa osoo hin to'atamiin akkuma jiruun olaanaa ta'ee itti fufuun lakkoofsi namoota haaraa hawaasa jirutti yeroo yeroon dabalamuu olaanaa ta'uu agarsiisa.

Biyya hammi dhalataa guddaa ta'ee hammi du'aa xiqqaa ta'e keessatti lakkoofsi daa'imman waggaa 15 gadii ni baay'ata. Haalli kun waggoota 50 darbaniif Itoophiyaa keessatti kan muldhataa dhufeedha. Akka lakkoofsi ummataa fi manaa baroota 1976, 1986 fi 1998 gaggeeffame agarsiisutti baay'inni daa'imman waggaa 15 gadii akka wal duraa duubaatti 49.8%, 45.4%, fi 45% hawaasa jiru keessatti kan uwwisu ta'uu agarsiisa.

Daa'imman waggaa 15 gadii kallattin oomishuu irratti kan hirmaatanii miti. Namoota kallattiin oomishuu irratti hirmaatan irratti hirkatanii jiraatu. Umuriin namoota kallattiin oomishuu irratti hirmaatanii kanneen waggaa 15-64 jidduutti argamaniidha. Namoonni umurii waggaa 64 ol qabanis gara garee hirkattootaatti ramadamu. Manguddoonni kunniin ummata Itoophiyaa keessa gara 3.2% uwwisanii argamu. Walumaa galatti waggoota soddomman darbaniif ummata Itoophiyaa keessaa gara 50%tti kan tilmaamamu daa'immanii fi manguddoota kallattiin oomishuu irratti hirmaachuu hin dandeenye turan. Kana jechuun namni kallattiin oomishuu irratti hirmaatu tokko (active producer) nama kallattiin oomishuu irratti hin hirmaanne tokko (dependent) qabatee deema jechuudha. Jecha

biraatiin namni hojjatu tokko waan hojjatee argate keessaa yoo xiqqaate walakkaa kan ta'u isa hojjachuu hin dandeenyeef hira jechuudha.

Gara sadarkaa maatiitti gad bu'amee yoo ilaalame, abbaa fi haati daa'imman 5-6 of jalaa qaban mataa mataan hirkattoota 2-3 qabatanii deemu jechuu. Kana malees, dargaggoonni barnoota irra jiranii fi hojdhabeeyyiin umuriin isaanii waggaa 15 fi isaa ol ta'ullee gara namoota kallattiin oomishuu irratti hin hirmaanneetti ramadamu.

Biyya lakkoofsi namoota kallattiin hojii keessa galanii hojjatan xiqqaa ta'ee inni hin hojjanne guddaa ta'e keessatti qusannan qabeenyaa hin jiru. Sababni isaas oomishoonnii fi tajaajiloonni argaman hundi namoota hojii irratti hin hirmaanneef qooduu isaati. Kana irraa kan ka'een waliin gahuuf tattaaffii gochu bira dardee maallaqni qusannaaf ta'u hin jiru. Sirummaayyuu, waliin gahuun dadhabamee hanqinni tajaajilootaa fi oomishootaa hawaasa keessatti babaldhachaa dhufeera. Tajaajiloota hawaasni argachuu qabu keessaa kanneen hanqinni irratti muldhachuu danda'u barnoota, eegumsa fayyaa, bishaan, mana jireenyaa fi geejjiba fa'a.

Lakkoofsi ummataa saffisa guddaan dabalaa deemuun lafti irra jiraannus akka dhiphachaa dhufu taasisa. Namni haaraan hamma ummata jirutti dabalaa deemu baadiyyaa keessatti fedhiin lafa mana itti ijaarratanii fi lafa qonnaaf itti fayyadaman argachuu guddachaa dhufa. Magaalota keessatti gaaffiin bakka jireenyaa (mana yookiin lafa) argachuuf dhiyaatu sadarkaa olaanaa keessummeessuun hin danda'amnetti olka'a. Fedhiin lafa argachuu haala kanaan babaldhataa deemu kun naannoowwan duraan namni irra hin jiraanne hundatti faca'anii jireenya isaanii akka hundeessan taasisa. Fakkeenyaaf, naannoo lafa bosonaan uwwifameetti, lafa jireenyaaf mijaa'aa hin taane kaanneen akka gubbaa fi labbaa gaarreenii fi tulluwwanii irra qubachuun jiraachuu eegaluu fida.

Namoonni haala kanaan lafa haaraa argachuuf faca'an kunniin waa'ee eegumsaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa irratti hubannoon qaban baay'ee gadaanaadha. Dursanii qubachuuf lafa walsaamuun ala waa'ee kunuunsaa ilaalchisee wanti yaadan hin jiru. Kana irraa kan ka'een biqiltuun uumaan margee argamu (bosonni) lafa qotiisaaf yookiin lafa margaa baasuuf, muka qoraanii fi ijaarsaa argachuuf saffisa guddaan ciramee manca'aa jira.

Naannoo tokko irraa bosonni ciramnaan biyyeen qullaatti hafa. Biyyeen qullaatti hafe haala salphaan bishaan yaa'uu fi bubbeen fudhatamee gabbina isaa dhaba. Biyyeen gabbina hin qabne midhaanis ta'ee marga biqilchuu hin danda'u. Rakkoon biqiloota uumamaa mancaasuun dhufu gabbina biyyee dhabuu qofa miti. Bineensonni bosonaa bakka jireenyaa fi waan nyaatan dhananii akka baqachuun badan yookiin dhuman taasisa. Haalli qilleensaa jijjiiramee roobni akka dhabamuu fi hoo'i akka dabalu taasisa. Bakka roobni hin jirre bishaan dhabamee hongeen babaldhata. Kun saffisaan babaldhachuu gammoojjummaa yeroo ammaa jiruuf sababa guddaa kan ta'eedha.

Biyya lakkoofsi ummataa saffisa guddaan dabalaa deemu keessatti namoonni oomisha irratti hirmaatan xiqqaadha. Qabeenyi uumamaas saffisa guddaan manca'aa deema. Kanas ibsa armaan olitti kenname irraa hubatteerta. Biyyi keenya Itoophiyaanis biyyoota rakkoon akkanaa muudate keessaa ishii tokko ta'uu ishii ibsa kenname kana naannoo keessa jiraattu wajjin wal bira qabdee madaaluun hubachuu dandeessa jedheen amana.

GOCHA 4.1

Gocha armaan gaditti dhiyaate kun yaada ollaa yookiin gooxii keessa jiraattu irraa funaantee qindeessuun dareef dhiyeessitee irratti mari'attaniidha. Daangaa qorannoo kee keessatti gaggeessitu murteeffadhu. Fakkeenyaaf, mana warra "A" hanga mana warra "B" jidduu maatiiwwan jiraatan jettee fudhachuu dandeessa. "A" fi "B" maqaa namoota ati bakka buuftu ta'uu hin dagatiin. Baay'inni maatii qorannoo

kee irratti gaggeessituu (maatii keessan dabalatee) 10 gad ta'uu hin qabu. Barattoonni magaalaa guddaa keessa jiraattan gara qarqara magaalichaatti bahuun qorannoo keessan gaggeessaa.

1. Gabatee armaan gadii kana guuti.

Lakk	Maqaa warra maatii	Baay'ina miseensota maatii	Miseensota maatii keessaa kan:		
			Waggaa 0-14	Waggaa 15-64	Waggaa 64 ol
1					
2					
3					
4					
5					
6					
7					
8					
9					
10					
Ida'ama					
Dhibbataa					

2. Gabatee armaan olii kana ilaaluun gaaffiiwwan armaan gadii deebsi.
   (a) Dhibbantaan namoota hirkattoota ta'anii hammam? Kana namoota waggaa 15 gadii qabanii fi namoota waggaa 64 ol ta'an walitti ida'uun argatta.
   (b) Ollaa qorannoo kee gaggeessite keessatti namni kallattiin hojii irratti hirmaatu tokko namoota kallattiin hojii irratti hirmaachuu hin dandeenye (hirkattoota) meeqa of jalaa qaba?
   (c) Maatiiwwan qorannoo kee irratti gaggeessite keessaa isaan waggaa 30 as hundeeffaman nama beeku gaafachuun addaan baafadhu.
3. Namoonni waggootii 30 as maatii hundeessan kunniin lafa mana irratti ijaaranii fi qotanii midhaan nyaatan facaasan akkamitti argachuu akka danda'an gaafadhuu barreeffadhu.
4. Namoonni haaraan yeroo yeroon ollaa sana keessatti dabalaa deemuun:
   (a) Rakkoo lafa qotiisaa argachuu fi
   (b) Rakkoo qabeenya bosonaa fi biyyee mancaasuu irratti geessise akka asi ibsan namoota beekan gaafadhuu hubadhu.
5. Odeeffannoowwan argatte kanneen walitti qindeessiitii rakkoo saffisaan baay'achuun ummataa humna hojjatu argachuu fi qabeenya uumamaa kunuunsuu irratti qabu irratti gabaasa qopheessii marii dareetiif dhiyeessi.

Tooftaa Saffisaan Dabaluu Ummataa Hirdhisuu

Saffisaan baay'achaa deemuun ummataa rakkoolee hedduu qabu armaan olitti ibsameera. Rakkoolee kanneen qabatanii deemuun haalli jireenya ummataa yeroo yeroon akka gadi bu'aa deemu fi qabeenyi uumamaa akka manca'u taasisa. Rakkoolee saffisaan baay'achuu ummataa kanaan wal qabatan hiikuun jiruu fi jireenyi hawaasa biyya keenyaa akka fooyya'u gochuun murteessaadha.

Akkaataa saffisni lakkoofsa ummataa guddina dinagdee wajjin wal simee itti deemuu danda'u Imaammata Dhimma Ummataa biyyi tokko baafattu keessatti sirnaan ibsama. Imaammanni Dhimma Ummataa Seeraa fi Qajeelfama mootummaan waa'ee daballii yookiin hirdhina lakkoofsaa, tamsa'inaa fi qubannaa ummataa ilaalchisee bahuudha. Imaammanni Dhimma Ummataa biyya keenya keessatti bara 1985 bahee hojii irra ooles dhimmoota kanneen irratti kan xiyyeeffatuudha. Dhimmoonni gurguddoon Imammanni kun irratti xiyyeeffatu:

- Garaagarynnaa saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummataa fi guddina dinagdee jidduu jiru walsimsiisuu,
- Guddina dinagdee fi hawaasummaa qindaa'aa fiduuf sagantaa misoomaa keessatti humna namaa kallattiin hirmaatu yeroo yeroon akka baay'ataa deemu taasisuu,
- Sochii ummataa haala mijaa'aa argachuuf jecha bakka jireenyaa isaa gad lakkisee gara biraatti deemu (keessattuu baadiyyaa irraa gara magaalaatti deemu) misooma gara kallatti biyyattii hudaatti akka babaldhatu gochuun hirdhisuu,
- Eegumsaa fi kunuunsa naannoo babaldhisuun qabeenyi bakkicha keessa jiru akka ummata bakkichaa jiraachisuu danda'u gochuu
- Hirmaannaan dubartootaa sochiilee dinagdee fi hawaasummaa keessatti akka cimu gochuu fi
- Gareewwan hawaasaa kanneen akka dubartootaa, dargaggootaa, daa'immanii fi manguddoota gaheen hawaasa keessatti qabanii fi haalli dinagdee isaanii akka cimu gochuu kanneen jedhaniidha.

Kaayyoowwan gurguddoo Imaammata Dhimma Ummataa kana galmaan gahuuf saffisa baay'ina daballii lakkoofsa ummataa irratti xiyyeeffachuu barbaachisa. Saffisa daballii lakkoofsa ummataa ilaalchisee Imaammanni biyyoota guddina dinagdeetiin sadarkaa olaanaa irratti argamanii fi biyyoota misooma dinagdeetiin duubatti hafoo ta'an keessatti hojii irra oolu wal fakkaatoo miti.

Biyyoota dinagdeen guddatan: Biyyoonni kunniin teekinooloojii ammayyaatti sadarkaa olaanaan warra fayyadamaniidha. Ummanni isaanii kan baratee fi sadarkaa jireenyaa olaanaa kan jiraatuudha. Garuu, daa'imman haaraa dhalatanii bara baraan hawaasa jirutti makaman baay'ee xiqqoodha. Kana jechuun baay'inni namoota dulloomanii du'anii baay'ina daa'imman haaraa dhalatanii hawaasatti dabalamanii ni caala jechuudha. Haalli kun lakkoofsi ummata isaanii yeroo yeroon akka hirdhataa deemu taasisa. Karaa biraatiin dinagdeen isaanii sadarkaa olaanaan guddatee jiru humna hojjataa baay'ee barbaada. Kanaafuu, biyyoota akkanaa keessatti Imaammanni Dhimma Ummataa bahu kan daa'imman baay'een akka dhalatan taasisuudha. Biyyoonni addunyaa guddina dinagdeettiin sadarkaa olaanaa irra gahan kanneen ardii Awurooppaa, Ameerikaa Kaabaa fi Baha Eeshiyaatti argamaniidha.

Biyyoota guddina dinagdeen duubatti hafan: Biyyoota akkanaa keessa ummanni jiraatu baay'een kan hin baranneedha. Dheerinni umurii jireenyaas baay'ee gabaabaadha. Dhibbantaan namoota kallattiin hojii irratti hirmaatanii biyyoota tokko tokko keessatti dhibbantaa isa kallattiin hojii irratti hirmaachuu hin dandeenyee gad ta'ee argama. Kana malees, hammi oomishaa nama tokkee (nama dhuunfaa) kallattiin hojii irratti hirmaatu tokko irraa argamu baay'ee gadaanaadha. Rakkina dinagdee jiru kana biratti bara baraan baay'inni daa'imman haaraa dha'atanii haawaasa jirutti makamanii namoota yeroo sana keessatti du'anii harka baay'een caala. Haala kanaan biyyoota saffisni guddinni dinagdee baay'ee gadaanaa ta'ee garuu, saffisni daballii lakkoofsa ummataa guddaa ta'e keessatti Imaammanni Dhimma Ummataa bahu kan baay'ina daa'imman dhalatanii gad xiqqeessee guddina dinagdee saffisiisuudha. Biyyoota Imaammata Dhimma Ummataa gosa kanaa baafatan keessaa Itoophiyaan ishii tokkoodha Biyyoonni Afrikaa hundi, Ameerikaa Kibbaa fi Eeshiyaa baay'een gosa Imaammata kana keessatti hammatamu.

Saffisa baay'ina daballii lakkoofsa ummataa gad xiqqeessuun akka saffisa guddina dinagdee wajjin wal simu gochuuf tooftaaleen gargaaran baay'eedha. Isaan keessaa muraasni karoora maatiitti fayyadamuu, dubartoonni akka baratan taasisuu fi umurii heerumuu ol guddisuudha.

(*a*) **Karoora maatii:** Baay'inni daa'imman maatii tokko keessatti dhatanii qabeenya maatiin sun daa'imman horatu guddisuuf qabu wajjin kan walsimate ta'uu qaba. Daa'ima guddisuu jechuun lubbuu qofaan akka jiraatan gochuu jechuu miti. Daa'imman dhalatan hundi nyaata gahaa, uffata gaarii, bakka bultii mijaa'aa, barnootaa fi tajaajila yaalaa gahaa argachuu qabu. Dubartiin tokko deessee waggaa sadii osoo hin guutiin deftee dahuun qaama ishii ni miidha. Daa'imman dhalatanis kunuunsa gahaa waan hin arganneef qaamaan dadhaboo ta'u. Kanaafuu, maatiin tokko daa'ima godhachuun dura qabeenyi qabu daa'ima godhachuuf fedhu sana sirnaan guddisuu danda'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.

(*b*) **Carraa barnootaa dubartoonni akka baldhinaan argatan taasisuu:** Biyya keenya keessattis ta'ee biyyoota biroo guddina dinagdeen sadarkaa gadaanaa irra jiran keessatti lakkoofsi ijoollee durbaa mana barnootaatti ergamanii baay'ee gadaanaadha. Ijoolleen durbaa dhiiraan walqixa baratanii hojiitti galuu baannaan humni misoomaa 50% ta'u misoomaan alatti hafuu agarsiisa. Kun immoo guddina dinagdee irratti miidhaa guddaa qaba. Kana malees, ijoolleen durbaa akka barnoota irra turan gochuun dafanii akka hin heerumne taasisa. Gaafa barnoota isaanii xumuranii heerumanis waa'ee karoora maatii waan beekaniif sirnaan itti fayyadamoo ta'u. Kana jechuun baay'ina daa'imman horuu barbaadanii qabeenya guddisuufii danda'u irratti bu'uuranii godhatu jechuudha. Bu'uura kanaan lakkoofsi daa'imman horatanii lama yookiin sadii caaluu hin danda'u. Adeemsa kanaan ijoollee dhiiraa caalaa ijoollee durbaa barsiisuun karoora maatii sirnaan gaggeessuu fi guddina dinagdee biyyaa saffisiisuuf faayidaa olaanaa qaba.

(*c*) **Umurii heerumaa dheeressuu:** Akka aadaa biyya keenya kana keessa tureetti ijoolleen dubaraa baay'een waggaa 15 gaditti heerumu ture. Haala kanaan osoo qaamaan hin jaabaatiin heerumuun fayyaa dubartootaa irratti rakkoo guddaa uuma. Kana malees, umurii xiqqaan heerumuun isaanii waggoota baay'eef fuudhaa fi heeruma keessa akka turan taasisa. Umurii xiqqaan heerumuun baay'inni daa'imman horatanii dabala. Haala kanaan to'annaa malee daa'imman baay'ee horachuun saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummataaf sababa olaanaa ta'a. Fakkeenyaaf, dubri waggaa 15tti heerumte tokko hanga waggaa 49 geessee dahumsa dhaabduutti jiddugaleessaan waggaa sadii keessatti mucaa tokko deessi yoo ta'e, umurii dahumsa irra turtu keessatti daa'imma 10 ol deessi jechuudha. Kanaafuu, umurii ijoolleen durbaa itti heerumtu akka ol guddatu gochuun fayyummaa haadhaatiifis ta'ee lakkoofsa daa'imman dahanii gad xiqqeessuuf faayidaa olaanaa qaba. Akka Imaammata Dhimma Ummataa keessatti heerametti biyya keenya keessatti umuriin ijoolleen durbaa yeroo ammaa itti heerumman yoo xiqqaate waggaa 18 ta'uu qaba.

Gahee Dargaggoonni Saffisaan Daballii Lakkoofsa Ummataa fi Hiyyummaa Xiqqeessuu Keessatti Qaban

Dargaggoonni humna abdatamaa misooma biyyaa keessatti gahee olaanaa qabaniidha. Humna abdatamaa kana kallattii gara misoomaatti ittiin galuu danda'an ijaaruuf tajaajila gorsaa sirna barnootaa keessatti hammachiisuun hojii irra oolchuu barbaachisa. Keessattuu, ijoolleen durbaa ulfa yeroo malee irraa (karooraan alaa) akka ofeegan tajaajila gorsaa itti fufaa argachuu isaan barbaachisa. Dargaggoonni tajaajila gorsaa sirnaan argatan, beekumsaa fi dandeettii rakkoo hiikuu gonfatan dandeettii murteessuu fi itti gaafatamummaa fudhachuu ni horatu. Kun immoo saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummataa gad xiqqeessuu irratti gahee olaanaa qaba. Eeggatummaa tokko malee hojii ofii uummatanii hojjachuun jireenya ofii gaggeessuu bira darbanii dinagdee biyyaa ijaaruu keessatti ni gumaachu.

GILGAALA 4.1B

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Akkaataa saffisa daballii lakkoofsa ummataa fi guddina dinagdee walsimsiisuun itti danda'amu barreessi.
2. Garaagarummaa Imaammata Dhimma Ummataa biyyoota dinagdeen guddatanii fi duubatti hafoo ta'an keessatti bahu jidduu jiru barreessi.
3. Tooftaalee saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummataa hirdhisuuf gargaaran tarreessi.

4.2. MIRGOOTA NAMUMMAA FI NAGEENYA

Gahumsa Barannichaa Isa Xiqqaa

Mata duree kana erga barattee booda:

- Koornayaa fi saala addaan ni baafatta.
- Ibsitoota walqixxummaa saalaa addaan ni baafta.
- Walqixxummaa saalaa baballisuu keessatti gahee dargaggoonni taphatan ni dinqisiifatta.
- Fakkeenyota jeequmsaa fi doorsisa dubartoota naannoo keessanii irra gahu gabbaasuun irratti mari'atta.
- Dubartii aangessuun hiyyummaa hirrisuuf waliin hojjachuun sirrii ta'uu isaa ni mirkaneeffatta.

Mirga namummaa jechuun maal jechuu dha?

Mirgoota namummaa kanneen jedhaman mirgoota namootaaf uumamaan kennaman, kanneen qarshiin hin bitamne, hin gurguramne, hin jijjiiramne, hin dhaalamne, nama biroofis dabarsamee hin kennamne kennaa nama hundaati. Isaanis mirga namni tokko lubbuun jiraachuu, nageenya qaamaa fi bilisummaa qabaachuu jechuudha.

Namoonni garaagarummaa kamiyyuu yoo qabaatan illee nama ta'uu isaaniitiin qofa walqixxummaan ilaalamuu qabu. Salaan, umuriin, bifaan, amantii fi ilaalchaan adda addummaan osoo irratti hin taasifamin bakka hundumaatti namoonni walqixxummaan kabajamuu qabu.

Dhaalli namaa hanga lubbuun jirutti mirgi namummaa isaa eenyuunuu mulqamuu yookiin sarbamuu hin danda'u. Namni dhuunfaanis ta'e mootummaan mirgoota namummaa cabsuu yookiin dhorkuun irra hin jiru.

Mirgoonni namummaa irraa hirrachuu fi garaagar ba'uu hin danda'an. Mirgi inni tokko cabuun isa biroo irratti dhiibbaa uuma. Mirga namummaa keessaa tokko hirrachuun namummaa dhala namaa guutuu hin taasisu.

Kanarraa ka'uun Mootummaan Itoophiyaa mirga namummaa heera biyyattii keessa galchuun hojii irra oolmaa isaaf hojjachaa jira.

Koorniyaa

Koornayaa jechuun maal jechuu akka ta'e beektaa? Beektoonni baayyeen Koornayaa wajjin kan walqabatan qabxiiwwan afur kaasu. Isaanis saala, gahee hojii saala irratti hundaa'e (reproductive roles),

oomisha saala irratti hundaa'ee (productive roles) fi hojii hawaasummaa (social roles) jedhamuun beekamu. Tokkoon tokkoon isaanii akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Saala

Namoonni uumamaan dhiira yookiin dhalaa ta'anii ni dhalatu. Kanaafuu, da'uu fi harma hoosisuun gahee uumamaan dubartootaaf kennamee dha. Adeemsa kana keessatti dhiirri firii sanyii kanneen kennaniidha jechuun ni danda'ama. Dhiirris ta'e dubartiin kenna uumamaan kennameef kana akka barbaadanitti jijjiiruu yookiin fooyyessuu hin danda'an. Dhugaan kun hawaasa kamiyyuu keessatti kan jiraatu dha.

Gahee Hojii Saala Irratti Hundaa'e (Reproductive Roles)

Aadaa Sabaa fi Sablamootaa irratti hundaa'ee gaheen hojii saala irratti hundaa'e jiraachuun isaa ifa dha. Sadarkaa maatiitti dhiiraa fi dhalaan hojii adda addaa hojjatu. Hirmaannaan gahee hojii kun aadaa fi barmaatilee irratti hundaa'ee biyyaa biyyattii fi hawaasaa hawaasatti adda addummaan muraasni ni muldhata. Haa ta'u malee gara caalu:

- Nyaata bilcheessuun, qulqullina manaa fi huccuu eeguun, bishaan waraabuun, qoraan funaanuun, dhiira bakka qonnaatti gargaaruunii fi kkf gahee hojii dubartootaa taasifamanii fudhatamu.
- Lafa qotuun midhaan oomishuun, dallaa ijaaruun, muka muruun yookiin immoo hojiiwwan manaa alatti hojjatamanii fi humna cimaa barbaadan gahee hojii dhiiraa taasifamanii fudhatamu. Hojii humnaa qofa osoo hin taane abbaa seerummaa fi bakka itti gaafatamummaa irra taa'uun hojii dhiiraa qofa ta'ee ilaalamaa turuun isaa seenaa yeroo dheeraa miti.

Gaheen hojii armaan olitti tuqame fudhatama qaba taanaan akka rakkootti ka'uu dhiisuu ni danda'a. Haa ta'u malee hojii dubartoonni hojjatan akka dirqama uumamaatti kan fudhataman yoo ta'ee fi dhiirri hojii isaan hojjetan hojjachuu hin danda'u jedhamee kan fudhatamu yoo ta'e fudhatama hin qabu. Kana waan ta'eef dubartoonni hojii hunduma keessatti akka dhiiraa hirmaachuu akka barbaadanii fi dhiirris haala walfakkaatuun akka irratti hirmaatu dhiibbaa irratti taasisaa jiru. Haalli kunis yeroodhaa gara yerootti fudhatamaa argachaa jira.

Oomisha Saala Irratti Hundaa'e (Productive Roles)

Hojiiwwan maallaqa argamsiisan gara caalu kan dhiiraa ta'anii argamu. Hojiiwwan biqiltuu naannoo mana jireenyaa gara caalu baasii mana keessaaf oolu. Raafuu, Qaaraa, Mosee, Geeshoo fi k.k.f. dubartoonni hojii mana keessaatti dabalanii kan isaan hojjatanidha. Oomishni isaan irraa argamus baasii mana keessaaf oola. Kan kana irraa hafu yoo jiraate abbaa manaatu irraa fudhata.

Karaa biroo dhiirri oomisha maallaqa guddaa argamsisu hojjata. Midhaan, Qullubbii, Caatii, bunaa fi k.k.f. akkuma jiranitti dhiiraan dhuunfatamu. Hojii isaanii irratti dubartoonni kan hirmaatan yoo ta'ellee maallaqni isaan irraa argamu to'annaa dhiiraa jala gala. Haalli kun biyya keenyaa fi biyyoota misoomaa jiran hedduu keessatti ballinaan muldhata.

Dubartoonni hojii galii argamsiisu irratti kan hirmaatan yoo ta'ellee maallaqa argatan dhimmoota maatii isaanii fayyadu irra oolchu. Karaa biroo dhiironni galii argatan aangoo isaaniin dhimmoota barbaadan qofaaf oolchu. Haalli kun immoo olaantummaa fi gadi aantummaa kan uumu ta'e argama. Kanaafuu, uumamuu garaagarummaa kanaaf sababa kan ta'e hirmaannaa gahee hojichaa waan ta'eef maqisamuun irra jira.

Hojii Gahee Hawaasummaa (Social Roles)

Naannoo adda addaatti hawaasni hojii adda addaa hojjata. Fakkeenyaaf, daandii, bishaan hidhuu, burqaa gabbisuu, biqiltuu dhaabuu fi kunuunsuu, bakka bookeen busaa itti hortu qulqulleessuu fa'a. Gara caalu hojii hawaasummaa kana irratti warra dhiiraatu hirmaata. Haa ta'u malee hojiin misoomaa dubartoota hin hirmaachifne galma hin ga'u. Hojiiwwan misoomaa addaan baasuu, karoorsuu fi hojii irra oolchuu keessatti dubartoonni akkuma dhiiraa gahee walqixa qabaachuu qabu.

Muuxannoo kanaan dura ture irraa kan hubannu hojiiwwan misoomaa dhiiraan kan karoorfamanii fi gaggeeffaman ta'uu isaanii ti. Dubartoonni itti hirmaatu yoo jedhamellee humna isaaniif jecha malee gaheen isaanii murteessaa fi dhiira waliin walqixxee barbaachisaa dha jedhamee miti. Haa ta'u malee dubartoonni hojii kamiyyuu irratti walqixxummaan hirmaachuun bu'aa guddaa buusaa kan jiran ta'uun isaanii yeroo ammaa ballinaan argamaa jira.

Dhaloonni yeroo ammaa dogoggora baroota darban keessa saala ilaalchisee ture hubachuun walqixxummaa saalaatti amanuu qaba. Dubartoota yeroo ammaa addunyaa keessatti dura bu'ummaan siyaasaa fi dinagdee biyyoota adda addaa gaggeessaa jiran akka fakkeenyaatti ilaaluun barbaachisaadha.

Biyya keenya Itoophiyaa keessattis walqixxummaan saalaa kabajamuun akka irra jiruu fi mirga dubartootaa ilaalchisee heera biyyattii keessa taa'eera. Kanaafuu, walqixxummaa saalaa kabajuun walqixxummaa dhala namaa kabajuu ta'uun isaa hubatanii dargaggoonni biyya keenyaa walqixxummaa saalaa hojii irra oolchuun irraa eegama.

Rakkoo Irraa Of-eeguu

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Erga mata duree kana barattee booda:

- Gochaawwan miidhaa geessisan addaan ni baafatta.
- Attamiin gocha miidhaa fidan dhorkuun akka danda'amu ni himta.
- Naannoo keessanitti gochawwan miidhaa geessisan ni barreessita.

Gocha Miidhaa Geessisu

Gocha miidhaa geessisan beektaa?

Gochawwan miidhaa karaa lama raawwatamuu danda'u. Isaanis osoo beekanii raawwachuu fi osoo hin beekin raawwachuudha. Gochaawwan miidhaa geessisan osoo beekanii raawwachuun balleessaa guddaa dha. Hawaasa birattis ta'e mootummaa biratti tarkaanfii dhiifama hin qabne namarratti fudhachiisa. Osoo hin beekin gocha miidhaa geessisan raawwachuun jiraachuu danda'a. Haa ta'u malee balleessaa ofii irraa barachuun dhiifama gaafachuun gara qajeelummaatti deebi'uun ammayyummaadha.

Namoonni tokko tokko osoo beekanii nageenya hawaasaa booressu. Dukkana dawoo taasifatanii namoota hojii isaanii hojjatanii mana isaaniitti galan saamuu yookiinis rukutanii qaamaa fi lubbuu namootaa irraan miidhaa guddaa geessisu. Namoota irratti lola kaasuun jeequmsi akka uumamu taasisu. Angafootaan yoo gorsamanis fudhachuu hin barbaadan. Namoonni akkasii kun badii guddaa dalaguu waan danda'aniif irraa of-eeguun barbaachisaadha.

Dargaggoonni hedduun gocha miidhaa geessisu irratti kan hirmaatan erga araada adda addaan qabamanii boodadha. Namni araadaan qabame waan araada isaa ittiin ba'uu danda'u qarshii isa

barbaachisa. Qarshii kana argachuuf immoo gocha hin barbaadamne hojjatu. Nama dagatee deemu irraa qarshii hatu, dubartoota irraa boorsaa isaanii butanii fiigu, mana namaa cabsanii seenuun qabeenya namaa saamuu fi k.k.f. raawwatu. Kana waan ta'eef dargaggoonni wantoota araada nama qabsiisu irraa fagaachuu qabu.

Dargaggooonni sona aadaa naannoo isaanii beekanii kabajuu qabu. Angafoota, abbaa fi haadha, maanguddoota kabajuun sonawwan dargaggoonni beekuu qabanidha. Kana malees nama dhukkubsate gaafachuun, nama rakkate gargaaruun sona ummata keenya keessatti kabajamaa ture waan ta'eef dargaggoonni kana beekanii hojii irra oolchuu qabu. Sona aadaa naannoo ofii dhiisanii aadaa biyya alaa hordofuun hawaasa keessatti fudhatama nama dhabsiisa. Kanaafuu, sona aadaa keenyaa dagachuu hin qabnu.

Gocha baayyee jibbisiisaan biyya keenya keessatti naannoo tokko tokko keessatti darbee darbee muldhatu keessaa inni tokko dubartoota dirqisiisanii gudeedu dha. Gochi kun aadaa biyya keenyaa kamiyyuu keessatti hin beekamu. Gochi akkasii gocha bineensummaati. Sababa kanaan kan ka'e ijoolleen dubaraa hedduun miidhaan qaamaa fi sammuu irra gaheera. Kanneen lubbuun isaanii darbes hedduudha. Bakka tokko tokkotti immoo daa'iimman umuriin isaanii sal-qunnamtiif hin geenye irratti waan raawwatamuuf miidhaa nama suukkanneessu geessisaa jiru. Gochi kun gocha mirga namummaa sarbu waan ta'eef lammiin kamiyyuu mormuu qaba.

Gochawwan miidha geessisan kanneen attamiin maqisuun danda'ama? Mee akkaataa miidhaa kanenen maqisuun danda'amu akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Dargaggoonni gochawwan miidhaa geessisan irratti kanneen hirmaatan hiriyyoota isaaniin dhiibamaniitu. 'Hiriyyaa kee natti himi, waan ati taaten sitti hima' jechi jedhu sirrii dha. Hiriyyaa amala hin taane qabu waliin ooluun gaarii miti. Dargaggoonni tokko tokko barumsa hin fedhan. Mana caatii keessa taa'anii caatii qaamuu fi shiishaa xuuxaa ooluu fedhu. Isaan akkasii yoo waan ittiin araada isaanii ba'an dhaban yakka hojjachuun isaanii beekamaadha. Kana waan ta'eef isaan irraa of eeguun dirqama ta'a.

Dargaggoonni amala gaarii horatanii guddachuu yoo barbaadan yeroo barumsaatti gara mana barumsaa deemuu, yeroo boqonnaa isaanitti immoo wiirtuu dargaggoo keessatti kitaaba dubbisuu fi bashannana kanneen akka ispoortiitti yeroo isaanii dabarsuu qabu. Kana malees gorsa maatii isaanii dhaggeeffachuu qabu.

GILGAALA 4.2

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Mirga namummaa jechuun maal jechuudha?
2. Qabxiiwwan arfan Koornayaa ilaalchisee jiran maal fa'i?
3. Mirgoota namummaa irraa hirrisuun yookiin keessaa tokko cabsuun ni danda'ama? Maaliif?
4. Gochawwan miidhaa geessisan maal fa'i?
5. Dargaggoonni attamiin gochawwan miidhaa geessisan irraa of eeguu danda'u?

4.3. SAGANTAAWWAN WALTA'IINSAA

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

- Kaayyoo fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii ni ibsu.
- Dhaabbilee gurguddoo Dhaabbata Mootummoota Walta'anii fi kaayyoo isaanii addaan ni baasu.

Kaayyoo fi qajeelfamoota Dhaabbata Mootummoota Walta'anii fi dameewwan isaa

Kaayyoon Hundeeffama Dhaabbata Mootummoota Walta'anii maali?

Yeroodhuma Waraanni Addunyaa Lammaffaa adeemsifamaa ture keessa gaggeessitoonni humnoota walta'iinsaa (Allied Powers) Dhaabbata Mootummoota Walta'anii hundeessuuf carraaqaa turan. Sababni isaas qaama xumura waraanichaa booda nageenya addunyaa eegsisuu dhaabuun barbaachisaa ta'ee waan argameef ture. Kanarraa ka'uun biyyoonni lakkoofsi isaanii shantama ta'an Ebla bara 1945tti Magaalaa Saanfiraansiikootti (USA) walga'uun hundeeffamuu dhaabbaticha mallatteessan. Akka Chaarterii dhaabbatichaatti biyyoonni waldhabdee isaan gidduutti uumamu gara dhaabbatichaatti fiduun nagaan hiikuun barbaachisaa dha. Kana malees rakkoolee kanneen akka dhukkubaa, beelaa fi doofummaa dhabamsiisuuf waliin hojjachuun akka barbaachisu miseensonni waliigalan. Teessoon Dhaabbata kanaa Niiwu Yoork (USA) keessatti argama.

Dhaabbata Mootummoota Walta'anii Liigii Mootummoota Addunyaa irraa adda kan isa taasisu bakka biyyoota gidduutti walitti bu'iinsi uumamutti loltoota erguun nagaa buusuu yaaluu isaati. Fakkeenyaaf, bara 1963 Qophiroos keessatti yeroo Turkootaa fi Giriikota Qophiroos gidduutti walitti bu'iinsi uumame nagaa eegdota erguun qabbaneesseera. Walitti bu'iinsa Koongoo keessatti bara 1960tti uumames nagaa eegdota erguun qabbaneessuuf yaaleera. Kana malees, Israa'eelii fi Paalastinoota gidduutti walitti bu'iinsi uumame haaluma walfakkaatuun qabbanneessuun waliigaltee akka mallatteessan taasiseera. Isa boodas biyyoota hedduu keessatti hojii walfakkaatu raawwateera.

Akka Chaartarii Dhaabbata Mootummoota Walta'anitti Dhaabbatichi dame jahaa qaba. Isaanis:

1. Yaa'ii Waliigalaa (General Assembly)
2. Mana Marii Nageenyaa (Security Council)
3. Waajjira Barreessaa (Secretariat)
4. Mana Marii Hawaasaa fi Dinagdee (Economic and Social Council)
5. Mana Murtii Addunyaa (International Court of Justice)
6. Mana Marii Bulchiinsa Yaboo (Trusteeship Council) fa'a.

Mee tokkoon tokkoon isaanii akka armaan gadiitti haa ilaallu.

1. **Yaa'ii Waliigalaa:** Bakka bu'oonni biyyoota miseensa ta'an hundi keessatti hirmaatu. Murtiin kan darbu waliigaltee harka sadii keessaa harka lamaatiin ta'a. Namni tokko sagalee tokko qaba. Yaa'iin kun rakkoo addunyaa gara isaa dhufe irratti mari'achuun murtii ni dabarsa.
2. **Mana Marii Nageenyaa:** Manni Marii kun miseensota kudha shan qaba yammuu ta'u isaan keessaa shan dhaabbatoodha. Isaan kudhaan hafan immoo waggoota lama lamaan filatamu. Miseensonni dhaabbatoon, US Ameerikaa, Raashaa, Ingilizii, Faransaayii fi Chaayinaadha. Hojiin Mana Marii kanaa nageenya addunyaa eeguudha. Miseensonni dhaabbatoon mirga sagaleen sagalee dhorkuu (Veto power) waan qabaniif murtii isaan didan raawwatamuu hin danda'u.

3. **Waajjira Barreessaa:** Wajjiirri kun muummicha barreessaan hogganama. Muummichi barreessaa Dhaabbata Mootummoota Walta'anii waggoota shan shaniin waliigaltee miseensota mana marii nageenyaan yaa'ii waliigalaatti dhiyaatee filatama. Dhimmoota nageenya addunyaaf ni sodaachisu jedhaman mana marii nageenyaatti dhiyeessuun ni mari'achiisa. Dhimmoota dhaabbatichaa adda addaa olaantummaan ni raawwata.
4. **Mana Marii Hawaasaa fi Dinagdee (Economic and Social Council):** Manni Marii kun miseensota digdamii torba qaba. Turtiin isaaniis waggaa sadii yammuu ta'u yaa'ii waliigalaan filatamu. Hojiin mana marii kanaa rakkoolee dinagdee, hawaasaa, aadaa, barnootaa fi fayyaa addunyaa keessatti muldhatan fooyyessuudha. Sagalee walakkaa ol ta'een murtiin darba.
5. **Mana Murtii Haqaa Addunyaa:** Miseensonni mana murtii kanaa kudha shan yammuu ta'an, dhimmoota dhiyaateef irratti harka caalmaan murteessu. Gaheen hojii isaaniis waldhabiinsa biyyoota gidduutti muldhataniif murtii kennuu, qaamman Dhaabbata Mootummoota Addunyaa adda addaaf ogummaa seeraa kennuu dha.
6. **Mana Marii Bulchiinsa Yaboo:** Miseensonni mana marii kanaa miseensota dhaabbatoo mana marii nageenyaa fi biyyoonni kolonii warra waraana Addunyaa Lammaffaatti mo'aman akka to'atan itti kennamanis ta'e isaaniin ala ta'an miseensa turan. Sagalee walakkaa ol ta'eenis murtiin ni darbaa.



Dameewwan Gurguddoo Dhaabbata Mootummoota Walta'anii

Qaamman Dhaabbata Mootummoota Walta'anii

1. **Dhaabbata Hojjatoota Addunyaa (International Labour Organization, ILO).** Liigii Mootummoota Addunyaan dhaabbattee hojjetaa ture. Haa ta'u malee kufaatii Liigichaa boodas

itti fufuun Dhaabbata Mootummoota Walta'anii jalattis hojjachaa jira. Dhaabbanni kunis hojii isaa baballisuun karoora dinagdee, guutummaan hojii argachuu fi wabii hojii uumuudhaaf tattaafata.

2. **Dhaabbata Maallaqa Addunyaa (International Monetary Fund, IMF).** Dhaabbanni kun bara 1946tti dhaabbate. Innis tasgabaa'ina maallaqaa eeguu fi bakka barbaachisaa ta'etti maallaqinni daldalaaf barbaachisu akka argamu gochuudha.
3. **Baankii Addunyaa (The International Bank for Reconstruction and Development, WB).** Dhaabbanni kun bara 1956tti hundeeffame yammuu ta'u, dinagdee addunyaa liqii kennuun jajjabeessa. Innis ijaarsa gurguddoo fi misooma pirojeektootaa kanneen akka humna ibsaa, daandii baaburaa fi daandiiwwan gurguddoo fa'a dha.
4. **Dhaabbata Nyaataa fi Qonnaa (Food and Agricultural Organization, FAO).** Dhaabbanni kun gargaarsa ogummaa kennuu, oomishaa fi faca'iinsa midhaan nyaataa fooyyessuuf hojjata. Teessoon isaas biyya Xaaliiyaanii Magaalaa Roomaatti argama.
5. **Dhaabbata Fayyaa Addunyaa (World Health Organization, WHO).** Dhukkuboota daddarbaa ittisuu fi fooyya'iinsa fayyaa ummata addunyaaf gargaarsa kenna.
6. **Dhaabbata Barnootaa, Saayinsii fi Aadaa Mootummoota Walta'anii (United Nations Educational, Scientific and Cultural Organization, UNESCO).** Barnoonni, wal jijjiirraa odeeffannoo, aadaa fi saayinsiin guutummaa addunyaatti akka baballatuuf hojjata. Dhaabbanni kun pirojeektota qopheessuun barnoonni akka guddatuu fi doofummaan akka badu gargaarsa kenna.
7. **Dhaabbata Gargaarsa Daa'iimmanii Mootummoota Walta'anii (United Nations Children Emergency Fund, UNICEF).** Dhaabbanni kun nyaataa fi qoricha/qorsa/ daa'iimman rakkina qabaniif gargaarsaan ni kenna. Barsisoota leenjisuun akka haadhotiin daa'iimman itti kunuunsan akka barsiisan taasisa. Dhaabbanni kun yaa'ii waliigalaan bara 1946tti dhaabbate.
8. **Dhaabbata Baballina Humna Atoomii To'atu (International Atomic Energy Agency).** Dhaabbanni kun kan hundeeffame bara 1957tti magaalaa Viyeenaa keessatti ture. Hojiin isaas humni atoomii tajaajila nagaaf akka oolu to'achuudha.

Giloobaalaayizeeshinii

Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana erga barattee booda:

- Yaadrimee giloobaalaayizeeshinii hubachuun ni ibsita.
- Carraa fi gufuu daldala, aadaa fi odeeffannoo ilaalchisee muldhatu addaan ni baafatta.

Giloobaalaayizeeshin jechuun maal jechuu akka ta'e beektaa?

Giloobaalaayizeeshiniin seenaa guddina dinagdeeti. Bu'aa kalaqa dhala namaa fi guddina teekinoolojiiti. Walitti dhufeenya dinagdee addunyaa karaa daldalaa fi sochii faayinaansii agarsiisa. Jechichi karaa biroo sochii humna namootaa fi beekumsaa (teekinoolojii) addunyaa keessatti taasifamu agarsiisa. Jechi kun namoota hundan faayyadamuu kan jalqabe bara 1980n keessa yeroo guddinni teekinoolojii garmalee baballachuun sochiin daldalaa fi faayinaansii salphaatti addunyaa waliin gahuu danda'e dha.

Giloobaalaayizeeshiniin gabaa daangaa biyya tokkoo keessatti murtaa'ee ture baballisuun daanga irra darbee addunyaa akka gahu taasise. Baballinni gabaa dorgommii fi gahee hojii hirmaachuu cimsuun gahumsa dabale. Gabaan addunyaa baballatee namoonni akka itti hirmaataniif carraa guddaa bane.

Addunyaan haala ammayyaan walitti daldaluu kan jalqabde waggaa dhibba dura. Haa ta'u malee yeroo ammaa daldalaa fi tajaajilli faayinaansii yeroo sana caalaa garmalee guddachuun walitti dhufeenya guddaa uumaniiru. Kana immoo caalmaatti kan agarsiisu walitti dhufeenyi gabaa faayinaansii addunyaa salphaatti qunnamtii meeshaalee elektirooniksiin hojii irra ooluu isaati.

Giloobaalaayizeeshinii jechuun gabaan daldalaa fi faayinaansii caalmaatti walqabachuu jechuudha. Haalli kun immoo dinagdee biyyoota guddatanii bira ga'uuf tattaaffii taasifamus ni agarsiisa. Haa ta'u malee hundumtuu milkaa'uu hin dandeenye. Biyyoonni Eeshiyaa tokko tokkoo karaa kanaa milkaa'ina agarsiisaniiru. Biyyoonni Afrikaa baayyeen amma iyyuu hin milkoofne.

Namoonni tokko tokko giloobaalaayizeeshiniin ni fayyadaa jedhu. Warri yaada kana tarkaanfachiisan giloobaalaayizeeshiniin misooma dinagdee addunyaa gara fuulduraaf ni barbaachisa, kan boodatti deebi'uu danda'u miti jechuun kaa'u. Kanneen biroon immoo faallaa kanaa kaa'u. Isaanis biyyoota gidduutti walcaalmaa uuma, hojii dhabdummaa, qaala'ina jireenyaa fi guddina hawaasaa qancarsuu fida jechuun ija sodaan ilaalu. Haallan kunniin carraa fi rakkoo sirni kun qabu waan ibsuuf biyyoonni carraa kana irraa fayyadamuuf tooftaawwan isaan hordofuun irraa jirus kan itti agarsiisu ta'a.

Giloobaalaayizeeshiniin guddina dinagdee addunyaaf carraa guddaa bane yoo ta'ellee haala walfakkaatuun bakka hundumaatti hin baballanne. Biyyoonni tokko tokko saffisaan dorgommii dinagdee addunyaa keessa galaniiru. Warri kana gochuu danda'an guddina dinagdee saffisaa ta'e argachuu waan danda'aniif hiyyummaa hir'isaniiru. Biyyoonni carraa kana argatan biyyoota Baha Eeshiyaa yammuu ta'an isaanis hiyyummaa waggaa afurtama dura keessa turan keessaa ba'uun guddina ajaa'ibsiisaa agarsiisan. Haala kana irraa baraachuun naannolee biroon kanneen akka Afrikaa fi Laatiin Ameerikaa dorgommii kana keessa galuun immaammata guddinaaf ta'u baafatanii fooyya'iinsa agarsiisaa jiru.

GILGAALA 4.3

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Giloobaalaayizeeshiniin maali?
2. Biyyoonni caalmaatti giloobaalaa-yizeeshiniin fayyadamoo ta'an isaan kami?

Cuunfaa

Dhibee HIV/Eedsii qoricha waan hin qabneef ummata addunyaa hedduu miidhaa jira. Itoophiyaa keessas namoonni miliyoonni tokko ol ta'an dhibee kanaan qabamaniiru. Dhibeen kun gara caalu humna oomishuu danda'u waan miidhuuf karaa inni itti daddarbuu qabu irraa of-eeguun barbaachisaadha. Namoota dhibee kanaan qabamanis kunuunsuu fi gargaaruun akka dhibichi hin baballanne gochuuf ni fayyada.

Mirga namummaa jechuun mirga namoonni uumamaan argatanidha. Isaanis mirga lubbuun jiraachuu, nageenya qaamaa fi billisummaa qabaachuu ti.

Qabxiiwwan arfan kornayaa waliin walqabatan saala, gahee hojii saalaa irratti hundaa'e, oomisha saala irratti hundaa'ee fi hojii hawaasummaati.

Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii(UNO) bara 1945tii magaalaa Saanfiraansiskoo keessatti hundeeffame. Kan hundeeffames Waraana Addunyaa Lammaffaa booda nageenya addunyaa eegsisuuf ture. Haa ta'u malee hundeeffama isaa booda nageenya eegsisuu qofa osoo hin taane misooma, fayyaa fi barnoota addunyaa fooyyessuufis hojjachaa jira.

Giloobaalaayizeeshiniin gabaa dangaa biyya tokko keessatti murtaa'ee ture baballisuun daangaa irra darbee addunyaa akka gahu kan taasiseedha. Giloobaalaayizeeshiniin jechuun gabaan daldalaa fi faayinaansii caalmaatti walqabachuu jechuu dha.

GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 4

Kutta I. Himoota sirrii ta'aniff "Dhugaa" Kanneen sirrii hin taaneef immoo "Soba" jechuun deebisi!

1. Namoonni dhibee HIV/AIDSiin qabaman garri caalu namoota umuriin isaanii jaatamaa ol ta'anidha.
2. Mirga namummaa Mootummaatu namaaf kenna.
3. Hojiin misoomaa dubartii hin hirmaachifne galma hin ga'u.
4. Balleessaa ofii beekuun dhiifama gaafachuun yaada qajeelaadha.
5. Hojiiwwan maallaqa guddaa argamsiisan hundi ga'ee dhiiraa qofa ta'uu qabu.

Kutta II. Kanneen Sirrii Ta'an Filadhuutii deebisi!

1. Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii:
   A. Jalqaba biyyoota 50 ta'aniin hundeeffame.
   B. Bara 1945tii hundeeffame.
   C. Magaalaa Saanfiraansiiskootti hundeeffame.
   D. Hunduma.
2. Miseensonni dhaabbatoon Mana Marii Nageenyaa:
   A. Ameerikaa, Raashaa, Ingilizii, Faransaayi, Chaayinaa
   B. Hindi, Braaziil, Jarmanii, Jaappaan, Meksikoo
   C. Kaanaadaa, Awustiraaliyaa, Afrikaa Kibbaa, Naayijeeriyaa, Misir
   D. Arjentiinaa, Paakistaan, Kooriyaa Kaabaa, Kooriyaa Kibbaa, IndoonEeshiyaa
3. Teessoon Dhaabbata Nyaataa fi Qonnaa(FAO) isa kami?
   A. Paariis B. Jenevaa
   C. Roomaa D. Beerliin
4. Hojiin Dhaabbata Baballina Humna Atoomii To'atu maali?
   A. Biyyoonni humna atoomii meeshaa waraanaaf akka oolchan jajjabeessuu.
   B. Humni atoomii tajaajila nageenyaaf akka oolu to'achuu.
   C. Biyyoonni humna atoomii dhimma kamiifuu akka hin tajaajilamne dhorkuu
   D. Deebii hin qabu.
5. Giloobaalaayizeeshinii ilaalchisee sirrii kan hin taane:
   A. Sochii humnaa fi beekumsa namoota addunyaa keessatti taasifamu.
   B. Gabaan daangaa biyya tokkoo irra darbee addunyaa akka gahu ta'uu.
   C. Gabaan daldalaa fi faayinaansii caalmaatti walqabachuu dha.
   D. Biyyoota addunyaa hunda walqixa fayyade.